

**INSTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI
QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA**



Hundeeffama Mana Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa

Qorattootni:

Azzanee Indaalammaa (ILQSO)

Abdii Tasfaa (ILQSO)

Askaalee Tarfaa (BATO, Daataa Sassaabuun kan hirmaatte)

Gulaaltonni:

Tasfaayee Booressaa

Abarraa Dagafaa (PhD)

Zalaalam Tasfaayee (Gargaaraa Prof.)

Sadaasa 2013

ILQSO, Adaamaa

INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI
QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

Hundeeffama Mana Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa

Qorattootni:

Azzanee Indaalammaa (ILQSO)

Abdii Tasfaa(ILQSO)

Askaalee Tarfaa (BATO, Daataa sassaabuun kan hirmaatte)

Gulaaltonni:

Tasfaayee Booressaa

Abarraa Dagafaa (PhD)

Zalaalam Tasfaayee (Gargaaraa Pro.)

Sadaasa, 2012

ILQSO, Adaamaa

Gabaajeewwanii fi Kottoonfachiisaa

RDFI- Rippabliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa

MNO- Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Ykn- Yookin

Kkf- Kan kana fakkaatan

Baafata

Boqonnaa Tokko.....	1
Gumee Qorannoo	1
1.1. Seensa.....	1
1.2. Hima Rakkoo.....	2
1.3. Gaaffilee Qorannoo	3
1.4. Kaayyoo Qorannoo	4
Kaayyoo Gooroo	4
Kaayyoo Gooree	4
1.5. Daangaa Qorannoo.....	4
1.6. Faayidaa Qorannoo	4
1.7. Mala Qorannoo.....	5
1.8. Hanqinaalee Qorannichaa	7
Boqonnaa Lama	9
Mana Murtii Aadaa fi Seera Aadaa Sirna Haqaa Itiyoophiyaa.....	9
Seensa	9
2.1. Cimina fi Hanqinaalee Mana Murtii Aadaa Keessatti Mul’atan	11
2.1.1. Cimina Mana Murtii Aadaa	11
2.1.1.1. Dhaqqabummaa	11
2.1.1.2. Adeemsa Salphaa fi Ariifataa Hordofuu.....	12
2.1.1.3. Duudhaa fi Aadaa Hawaasaan Tajaajiluu	13
2.1.1.4. Miira Abbummaa	13
2.1.1.5. Wal Falmitoota Gara Nageenya Duraanitti Deebisa.....	13
2.1.2. Hanqinaalee Mana Murtii Aadaa	14
2.1.2.1. Beekamtii Seeraa Ifa Ta’e Dhabuu / Ill-defined Legal Status/	14
2.1.2.2. Abukaatoon Bakka Bu’amuu Dhabuu	15
2.1.2.3. Beekumsaa Gahaa fi Sirna To’annaa Cimaa Dhabuu.....	15
2.1.2.4. Shakkamaa Yakkaa Akka Nama Qulqulluutti Tilmaamuu Dhabuu	15
2.1.2.5. Qaamolee Hawaasaa Tokko Tokko Irratti Qoodinsa uumuu.....	16

2.2. Seera Aadaa fi Sirna Haqaa Itiyoophiyaa	16
2.2.1. Maalummaa Seera Aadaa	16
2.2.2. Seera Aadaa fi Itiyoophiyaa.....	18
2.2.2.1. Seera Aadaa fi Mana Murtii Aadaa: Heera FDRI fi Heera Naannoo Oromiyaa	21
2.2.2.2. Seera Aadaa fi Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa.....	22
2.2.2.3. Seera Aadaa fi Seera Maatii.....	23
2.3. Seerota Idila Addunyaa fi Naannoo (Regional Law) Waa’ee Seera Aadaa Ilaallatan	24
2.4. Amaloota Seera Aadaa Fudhatama Qabanii / Validity Requirement for Custom/	25
2.3.1. Yeroo Dheeraa Hin Beekamneef Tajaajiluu	25
2.3.2. Wal fakkaataa fi Itti Fufaa Ta’uu.....	26
2.3.3. Ifaa fi Qabatamaa Ta’uu	26
2.3.4 Akka Mirgaatti Hubatamuu	27
2.3.5. Sababaawaa Ta’uu	27
2.3.6. Safuu fi Seera Ifaa Ta’e Wal-simuu.....	28
Boqonnaa Sadii	29
Sakatta’iinsa Muuxannoo Biyyoota Ambaa	29
Seensa	29
3.1. Muuxannoo Biyya Zimbaabuwee	30
3.2. Muuxannoo Afrikaa Kibbaa	33
3.3. Muuxannoo Biyya Maalaawwii.....	37
3.4. Muuxannoo Biyyaa Naayijeeriyaa.....	39
3.5. Muuxannoo Biyya Zaambiyaa.....	41
Boqonnaa Afur.....	43
Caasseeffama Mana Murtii Aadaa fi Itti Fayyadama Seera Aadaa: Xiinxala Daataa	43
Seensa	43
4.1. Hundeeffama Mana Murtii Seera Aadaa: Sodaa fi Carraa Jiran.....	44
4.1.1. Carraawwan Jiran.....	45
4.1.1.2. Mana Murtii Seera Aadaan Tajaajilamuuf Fedhiin Jiraachuu	47
4.1.1.3. Jaarsoliin Waldhabbii Hiikuuf Dandeettii fi Fudhatama Qaban Hawaasa Keessa Jiraachuu	49
4.1.1.4. Wal-dhabdee Namoota Furuuf Seerri Aadaa Sirnaan Jiraachuu	51

4.1.1.5.	Seerota Miidhaa Qaban Fooyyessuuf Haalli Mijataan Jiraachuu	52
4.1.1.6.	Duudhaan Murtii Jaarsolii ykn Abbootii Gadaa Kabajuun Raawwachuu Jiraachuu 53	
4.1.1.7.	Haqni Argamuu.....	55
4.1.2.	Hundeeffama Mana Murtii Aadaatin wal qabatee Sodaawwan Jiran.....	57
4.1.2.1.	Sadarkaan Itti Fayyadamaa fi Tamsa'inni Seera Aadaa Wal-fakkaaaa Tahuu Dhabuu	57
4.1.2.2.	Bakka Muraasatti Seera-aadaatiin Tajaajilamuuf Fedhiin Gad-aanaa Ta'uu	59
4.1.2.3.	Darbee Darbee Naamusni Jaarsolii/Abbootii Gadaa Gadi-aanaa Ta'uu.....	61
4.2.	Mana Murtii Aadaa fi Hawaasa Magaalaa	62
4.3.	Mana Murtii Aadaa fi Mirga Dubartootaa	64
4.4.	Caaseffamaa fi Gurmaa'iinsa Mana Murtii Aadaa: Xiinxala Muuxannoo Biyyoota Ambaa fi Yaada Ogeeyyota Rogeeyyii.....	66
i.	Filaannoo Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa	67
4.4.2.	Itti waamama Mana Murtii Aadaa.....	70
4.4.3.	Faayidaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa	72
4.4.4.	Bara Hojii Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa	73
4.4.5.	Bilisummaa fi Itti gaafatamummaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa	74
4.4.6.	Caaseffama Sirna Oliyyannoo Mana Murtii Aadaa	75
4.5.	Mirga Murtii Mana Murtii Aadaatiin Kenname Gara Mana Murtii Idileetti Dhiyeeffachuu.....	78
4.6.	Aangoo Mana Murtii Aadaa.....	81
	Boqonnaa Shan	90
	Yaada Guduunfaa fi Furmaataa	90
	Wabii	96
16.	MURADU ABDO AND GEBREYESUS ABEGAZ, Defining Customary Law and Legal System (Abyssinia Law), 23 March 2012,	97
	Miltoowwan	98

Boqonnaa Tokko

Gumee Qorannoo

1.1. Seensa

Hawaasni addunyaa gama hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaatiin gulantaa qaroominaa garagaraa keessa darbuun sadarkaa yeroo ammaa irratti argamu gahuu danda'eera. Sochii jijjiiramaa dhalootni addunyaa keessa darbee fi keessa darbaa jiru kana keessatti taateewwan dhabamsiisuun hin danda'amnee keessaa tokko walitti bu'iinsa namoota gidduutti uumamu dha. Taatee hawaasummaa qabatamaadhaan namoota gidduutti uumaman kanaaf furmaata kennuuf hojiileen gurguddaa sadarkaa garagaraatti hojjatamanii jiru. Hojiilee kunneen keessaa muraasni: seerota adda addaa tumuu, waliigalteewwan mallatteessuu fi dhaabbilee haqaa hundeessuu caqasuun ni danda'ama.

Bara saayinsii fi ammayyummaa kana keessatti hawaasni addunyaa raakkolee qixa hundaan mul'ataniif furmaata saayinsaawaa fi ammayyaawaa kennuuf tattaaffiin ni taassifama. Haa ta'u malee, rakkoolee hawaasummaa qabatamaadhaan hawaasa keessatti dhalataniif seerota mootummaadhaan tumamaniin qofa otuu hin taane aadaa fi duudhaalee hawaasa keessatti argaman gargaaramuun bu'a qabeessa ta'uun isaa ni amanama. Dhugaa kana hubachuudhaan hawaasni addunyaa waliigalteewwan sadarkaa garagaraatti mallatteeffamaniin mirga aadaa ofii gabbisuudhaaf beekamtii kennee jira.¹

Biyyootni Afrikaa baay'een "*hanga safuu hawaasaa fi tarsii moo uummataa /public policy/ faana walitti hin buuneetti*" ulaagaa jedhu kaa'uudhaan seera idilee isaanii keessatti hojiirra oolmaa seera aadaatiif beekamtii kennaniiru.² Seerri aadaa kunis akka hojiirra ooluuf Mana Murtii Aadaa hundeeffatanii jiru. Sirna seeraa biyya keenyaas yoo ilaalamu wal-dhabdee hawaasa keessatti uumaman mara seera ammayyaa fi manneen murtii idileetin gargaaramuu qofaan furmaata argachuu malu ijannoo jedhu kan qabu miti. Heerri Mootummaa RDFI kew. 34 jalatti dhimmoonni seera dhuunfaa fi seera maatiin /personal and family law/ ilaalaman seera aadaatiin furmaata argachuu akka danda'aan ni kaa'a. Dabalataanis, heerrumti kun kw. 78 jalatti Manni

¹ Waliigalteen Idila Addunyaa Mirga Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa (ICESCR) keewwanni 15, Chaartarii Mirga Namaa fi Uummata Afrikaa /African Charter On Human And Peoples' Rights/ kw. 22

² Customary Law: A Conceptual Framework, Page 73 available at: http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf

Maree Bakka Bu'oota Uummataa Mana Murtii Aadaa hundeessuuf ykn hundaa'ee kan jiruuf beekamtii kennuu akka danda'u aangeessee jira. Heerri Naannoo Oromiyaas bifuma heera mootummaa FDRI wal fakkaatuun Mana Murtii Aadaatiif beekamtii kennee jira.³

Sadarkaa haguuggii seeraatti beekamtiin hojii irra olmaa seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif kennamee jiraatus hanga ammaatti garuu kutaalee biyyatti kamittuu hojiitti hiikamee hin jiru. Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa keessatti haala hojiirra oolmaa seera aadaa fi hundeeffama Mana Murtii Aadaatiif kallattii kan agarsiise dha.

1.2. Hima Rakkoo

Mirgi haqa argachuu lammiilee mirga heeraa keenyaan beekkamtiin kennameefi jiru dha. Namni kamuu dhimmoota mana murtiin ilaalamuu danda'an mana murtii yookiin qaama aangoon abbaa seerummaan kennameefii jirutti dhiyeeffachuun murtii argachuu akka qaban kaa'a.⁴ Mirgi haqa argachuu lammiilee seera mootummaan tumamaniin qofaa osoo hin taane aadaa fi duudhaa hawaasaa irratti hundaa'uunis galma ga'uu danda'a. Sababa kanaaf Heerri RDFI fi Heerri MNO dhimmota seera maatii fi seera dhuunfaadhaan ilaalamuu danda'aan ilaalchisee abbootiin dhimmaa hanga fedhii qabanitti seera aadaatiin falmii isaanii ilaallachuu akka danda'aan kaa'a. Dabalataanis, Heerri lamaanuu qaamni seera tumu jechuunis: manni maree bakka bu'oota uummataa⁵ fi Caffeen⁶ Mana Murtii Aadaatiif beekamtii kennuu ykn hundeessu akka qaban ni ibsa. Gama biraatiin qorannoo InistiItityuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaatiin bara 2011 ALI taassifameen Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa sadarkaa gandaatti argamu tajaajila haqaa sadarkaa barbaachisutti kennee akka hin jirre mirkaneessuun manni murtii amala aadaa qabu akka hundeeffamu yaada furmaataa akeekee jira.

Haa ta'u malee, Heerri kunneen Manni Murtii Aadaa akka hundaa'an yookiin yoo hundeeffamanii jiraatan immoo beekkamtiin akka kennamuufii qabu yoo kaa'eyyuu tumaa heera kanaa hojiirra oolchuuf qabatamaan waan hojjetame hin jiru. Manni Murtii Aadaa bu'uura tumaa heeraan hundeeffamuu dhabuun isaa hawaasni aadaa fi duudhaa isaa irratti hundaa'uun

³ Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, kew. 62

⁴ Heera Mootummaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Itiyooophiyaa, kew.37

⁵ Kanuma kew.78

⁶ Akkuma Olitti lakk.3, kew. 62

waldhabbiif bifa idilaa'aa ta'een akka hin hiikkanneef gufuu ta'eera. Waldhabbiif hawaasa gidduutti uumame bu'uura seera mootummaan tumaamaniin alatti seeraa aadaatiin furmaata akka argataniif carraa dhorkateera. Kun immoo dhimmoonni mana murtii idileetti akka baayyataniif sababa guddaa ta'ee jira. Dabaataanis, walfalmitootni baasii hin malleef akka saaxilamanii fi murtii booda hariiroo gaariin akka isaan gidduutti hin uumamne gochuu danda'a.

Mana Murtii Aadaa seera aadaa irratti hundaa'ee tajaajila haqaa kennu labsiidhaan hundeessuuf yeroo ammaatti qabatamaadhaan sodaa fi carraan garagaraa jiraachuu mala. Haa ta'u malee, sodaa fi carraaleen kunneen adda bahanii sirnaan qoratamanii hin jiran. Akkasumas, Manni Murtii Aadaa dhimmoota Mana Murtii Aadaatiin ilaalamuu qaban maal fa'aa akka ta'aan adda bahee hin jiru. Hariiroon mana murtii idilee fi Mana Murtii Aadaa maal ta'uu akka qabu, aangoon fi caaseeffamni isaa maal ta'uu akka qabu waan ifaan taa'es hin jiru.

Qorannoon amma taasifamee jiru kunis akka waliigalaatti hanqinaalee armaan olitti ibsaman kunneen haala itti furmaata argachuu danda'an kallattii akeekuuf kan gaggeeffame dha.

1.3. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennee kan jiru dha.

1. Mana Murtii Aadaa hundeessuudhaaf qabatamaadhaan sodaa fi carraan jiru maal fa'ii dha?
2. Dhimmootni Mana Murtii Aadaatiin ilaalamuu danda'aan maal fa'a?
3. Manni Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa tajaajila haqaa kennuuf aangoo fi caaseeffama akkamii qabaachuu qaba?
4. Hariiroo Mana Murtii Aadaa fi Mana Murtii Idilee maal ta'uu qaba?

1.4. Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa naannoo Oromiyaa keessatti Mana Murtii Aadaa seera aadaa irratti hundaa'ee tajaajila abbaa seerummaa kennu haala itti hundaa'uu qabu agarsiisuu dha.

Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii qaba.

1. Hundeeffama Mana Murtii Aadaa seera aadaa irratti hundaa'ee tajaajila abbaa seerummaa kennuun wal qabatee sodaa fi carraa jiru adda baasuu.
2. Dhimmoota Mana Murtii Aadaa fi seera aadaatiin ilaalamuu danda'an adda baasuu.
3. Manni Murtii Aadaa tajaajila haqaa kennuuf aangoo dalgaa fi gurmaa'insa akkamii qabaachuu akka qabu agarsiisuu.
4. Hariiroon Mana Murtii Aadaa fi mana murtii idilee maal ta'uu akka qabu kallattii ni kaa'a.

1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun haala itti Manni Murtii Aadaa naannoo Oromiyaa aangoo abbaa seerummaa qabu yeroo hundeeffamu wantoota haammachuu qabu agarsiisuu fi dhimmoota akkamii keessummeessuu qaba kan jedhu irratti kan daanga'e dha.

1.6. Faayidaa Qorannoo

Qorannoo kana irraa faayidaawwan adda addaa ni argama. Jalqaba irratti qorannoon kun haala hundeeffama Mana Murtii Aadaa naannoo Oromiyaatiif kallattii waan akeekuuf seera aadaa uummata Oromoo guddisuu fi beeksisuu keessatti gahee guddaa qaba. Akkasumas, Manni Murtii Aadaa akka hundaa'uuf kallattii waan akeekuuf uummatni naannichaa aadaa fi dhuudhaa isaa irratti hundaa'uun tajaajila dhaqqabamaa akka argatu ni taasisa. Kunis qisaasama yeroo fi baasii hin malle irraa abbootii dhimmaa kan oolchuu dha.

Hundeeffamni Mana Murtii Aadaa falmiileen baay'een sadarkaa gandaatti akka xumuraman carraa banuudhaan dhiibbaa hojii Manneen Murtii Idilee irra jiru hir'isuu waan danda'uuf Manneen Murtii Idilee Mootummaa Naannoo Oromiyaa fayyadamaa qorannoo kanaa ta'uu malu.

Dhuma irratti, qorannoon kun qaamota qorannoo biroo fi kan kana fakkaatu gaggeessuu barbaadaniif akka maddaattii fi yaada ka'umsaatti kan gargaaru ta'a.

1.7. Mala Qorannoo

Qorannoon kun haala itti Manni Murtii Aadaa hundaa'u ykn caasseeffamuu danda'u irratti kallattii kan agarsiisuu dha. Kanaaf immoo gosa qorannoo seeraa (doctrinal) qofaa deebii kennuu hin danda'amu. Caasaa hawaasummaa fi aadaa sirnaan xiinxaluu fi akkamiin akka beekkamtiin kennamuuf addan baasuuf malli qorannoo seer-hawaasummaa (socio-legal/non-doctrinal) irraatti hundaa'uun barbaachisaa ta'a. Kanaaf, qorannoon gaggeeffame kun gosa qorannoo seer-hawaasummaa (socio-legal) kan qabaate yoo ta'u; muuxannoo biyyoota biraas waliin madaalchisuun (comparative approach) kan geggeeffame dha.

Gaaffiilee qorannoo kanaa deebisuuf daataan bifa adda addaatiin funaanameera. Caalaatti daataan mala akkamtaa (af-gaaffii, bar-gaaffii banaa (open ended questions) fi marii gareetiin kan funaaname dha. Malli kunis kan filatameef ogeessota, jaarsoolee fi abbootii Gadaa irraa yaada bal'aa waa'ee seera aadaa naannoo Oromiyaa, Mana Murtii Aadaa hundeessuuf sodaa fi carraa jiru adda baasuuf mala barbaachisaa waan ta'eefi dha.

Barreeffamoonnii fi seeronni adda addaa mata duree qorannoo kanaan hidhata qaban sakatta'amaniiiru. Kunis dhimmoonni seera dhuunfaa fi seera maatiin ilaalamani garuu seera aadaatiin xumuramuu danda'an maal faa akka ta'an, hariiroon mana murtii idilee fi Mana Murtii Aadaa maal akka ta'e, aangoo fi gurmaa'iinsi Mana Murtii Aadaa hundeeffamuuf jiruu maal ta'uu akka qabu kallatti agarsiisuuf waan gargaaraniifi.

Akkuma armaan olitti ibsame muuxannoowwan biyyoota adda addaas sakatta'amanii jiru. Muuxannoon biyyootaa sakatta'aman kun haala caaseffamaa fi aangoo Mana Murtii Aadaa naannoo keenyaatti hundeeffamuuf deemuu fi hariiroo Manni Murtii Aadaa fi idilee waliin qaban ilaalchisee biyyoota kana irraa barumsa fudhachuuf gargaaraniiru. Biyyoonni muuxannoon isaanii sakatta'amanis kanneen akka Naayijeeriyaa, Zaambiyaa, Afrikaa Kibbaa, Zimbaabwee fi Maalaawwii dha. Biyyoonni kun kan filatamaniif manneen murtii aadaa hundeessuun mana murtii idilee waliin walmaddiitti itti fayyadamuun milkaa'oo waan ta'aniifi. Dabalataan, biyyoonni kun heera isaanii keessatti Mana Murtii Aadaatiif beekkamtii erga kennanii yeroo dheeraa booda hojiirra oolmaa Mana Murtii Aadaa irratti waan hojjataniifi. Haalli kun immoo

kan naannoo keenya waliin waan walfakkeessuuf muuxannoon biyyoota kun sakatta'amu danda'ee jira. Biyyoota Afrikaa irratti xiyyeeffachuun keenyas biyyoota Ardii biroo caalatti seenaa guddiinaa wal fakkaataa keessa waan darbaniifi. Jechuunis akkuma aadaa naannoo Oromiyaa aadaa fi ilaalcha uummata birootiin dhiibbaan irra gahaa ture aadaan biyyoota Afrikaas aadaa fi sirna seeraa biyyoota lixaatiin dhiibbaan irra gahee jira.

Dhaabbileen barnoota olaano naannoo Oromiyaa keessa jiran seenaa fi Afaan Oromoo irratti bal'inaan hojjetan irraa daataan sassaabamee jira. Yunivarsiitii Amboo, Wallaggaa fi Jimmaa irraa daataan bifa afgaaffiitiin funaanameera. Dhaabbileen barnootaa kunneen aadaa fi Afaan Oromoo irratti kallattii garagaraatiin gumaacha kan taassisan waan ta'eef filatamaniiru. Ogeessotni kunis itti fayyadama seera aadaatin wal qabatani soda fi carraa jiran ilaalchisee yaada bal'aa kennuu waan danda'aniif adda baafaman. Dabalataan barreeffamootaa fi qorannoo adda addaa dhaabbilee kanaan gaggeeffaman kanneen mata duree kana waliin hidhata qaban manneen kitaabaa isaanii keessa, kuusaa qorannoo isaanii fi maxxansa yeroo garaa garaatti bahan sakatta'amaniiru.

Waajjiraaleen sadarkaa Aanaa hanga Naannootti jiran akkasumas namoota dhunfaa irraa daataan bifa afgaaffii, bargaaaffii fi marii gareetiin funaanameera. Waajjiraalee sadarkaa Naannoo Oromiyaatti jiran keessaa Mana Murtii Waliigalaa, Giddu gala Aadaa Oromoo, Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa, Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Waajjira Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa irraa daataan funaanameera. Sadarkaa Godinaatti immoo Manneen Murtii Olaanaa, Waajjira Aadaa fi Turizimii Godinaalee, Waajjira Gumii Abbootii Gadaa fi Sadarkaa Aanaatti Waajjira Aadaa fi Turizimii, Mana Murtii Aanaa, Abbootii Gadaa fi Jaarsolii naannoo irraa daataan funaanameera.

Haaluma kanaan, haala naannoo Oromiyaa hunda bakka bu'uu danda'uun Godinaaleen kudhanii fi Aanolee isaan jala jiran lama lama filatamanii jiru. Godinaaleenii fi Aanoleen isaan jala jiran kanneen filatamanis iddoo aadaan dhimmoota xumurachuu itti bal'inaan argamuu fi Abbootiin Gadaa baay'inaan keessatti ni argamu jedhu giddugaleessa godhachuuni dha. Haa ta'u malee Godinaalee filataman keessaa Godinaaleen torba qofti, isaaniis: Godina Sh/Lixaa (Tokkee Kuttaayee fi Ambo), Shawaa Bahaa (Ada'aa fi Fantaalee), Wallagga Bahaa (Guutoo Giddaa fi Diggaa), Boorana (Meeggaa fi Yaabelloo), Gujii Bahaa (Aanaa B/Horaa fi Fincaahaa), Jimmaa (Jimmaa fi Deedoo) fi Baale (Gobbaa fi Sinaanaa) qorannoo kanaan kan ilaalamani dha.

1.8. Hanqinaalee Qorannichaa

Gumeen qorannoo kanaa qophaa'ee erga hojiin daataa funaanuu eegaleen boodatti weerarri vaayirasii Koroona biyya keenyatti sadarkaa yaachisaa irra gahuu danda'eera. Haaluma kanaan labsii yeroo muddamaa labsamuun isaa ni beekama. Sababa kanaan hojiin daataa funaanuu Godina Arsii, Harargee fi Shawaa Kaabaa otuu hin gaggeeffamiin hafeera.

Bakka tokko tokkottis baay'ina hojii irraan kan ka'e abbootiin seeraa tokko tokko bargaaftii kennameef guutani deebisuu dhiisuunis mul'ateera. Akka waliigalaatti funaansa daataatin wal qabatee sadarkaa karoora fi raawwii gabateedhaan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Lakk .	Bakka deemamu	Mala Qorannoo	Qaama Daataan irraa funaanamu	It/gaafatamaa/ogeessa Quunamu	Baay'ina Daataa	
					karoora	raawwii
1.	Naannoo (Finfinnee)	Af-gaaffii	Wa/Caffee	Dursaa Koree Dhimma Hawaasummaa	8	8
			MMWO	Perezidantii, KTAS		
			B/A/T/O	Hoogganaa Biiroo, Ogeessa ykn qorataa Aadaa (2)		
			G/G/A/O	Ogeessa ykn qorataa Aadaa (2)		
		Marii garee	W/Gumii A/Gadaa	Abbootii Gadaa	1	1
Bargaaffii	MMWO	Abbootii Seeraa – 5	5	0		
2.	Godinaalee kudhan	Af-gaaffii	MMO	Perezidantii, KTAS =	20	14
			B/A/T/O	Hoogganaa Biiroo	10	14
		Bargaaffii	MMO	Abbootii Seeraa (5)	50	25
		Marii garee	BATO	Ogeessota aadaa, seenaa fi turizimii	10	7
3.	Aanaalee digdama	Af-Gaaffii	MMA	Perezantii, KTAS ykn A/A/Dh/Siiviilii	40	28

			W/A/T/O	Hoogganaa	20	28
		Bar-gaaffii	MMA	Abbootii Seeraa (5)	100	50
		Marii Garee	Abbootii Gadaa, Haadha Siinqee fi Jaarsolii Biyyaa (namoota 4-6)		20	14
			Ogeessoota aadaa, seenaa fi turizimii		20	14
4.	Yunivarsiitii saddeet ⁷	Afgaaffii	Qorattoota aadaa (anthropologist)		8	4
Daataa Waliigalaa		Af-gaaffii			97	67 (69%)
		Bargaaffii			155	80 (51.6%)
		Marii Garee			51	36 (70.5%)
		Waliigala			303	183 (60.3%)

⁷ Qorannoolee fi barreeffamootni garagaraa dabalataan ni sakatta'amu

Boqonnaa Lama

Mana Murtii Aadaa fi Seera Aadaa Sirna Haqaa Itiyoophiyaa

Seensa

Dhaabbilee tajaajila abbaa seerummaa kennaan amalaa fi kaayyoo adda addaa qaban kan jran yoo ta'u dhaabbilee kunneen keessaa tokko Mana Murtii Aadaa ti. Manni Murtii Aadaa tajaajila abbaa seerummaa jiraattoota ykn hawaasaaf kennuu keessatti, keessumaa ardii Afrikaa keessatti gahee olaanaa qaba.⁸ Tajaajilli abbaa seerummaa mana murtii kanaan kennamu seerota mootummaadhaan tumamanii jiran irratti hundaa'ee otuu hin taane aadaa fi duudhaalee hawaasa keessa jiran bu'uura godhachuunidha.

Tajaajila abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaatin kennamu ilaalchisee yaadota wal faalleessan lama gama hayyootaan yoo ka'an ni mul'ata. Inni tokko yeroo sochiin siyaasa diinagdee addunyaa ammayyaa'ee jiru kanatti Manni Murtii Aadaa tajaajila abbaa seerummaa kennuuf ga'umsa hin qabu kan jedhu yoo ta'u, inni biroo ammoo yeroo ammayyaa kana keessatti adeemsi salphaa wal dhabdee hiikuu danda'u kan akka Mana Murtii Aadaatu hawaasa qaromeef mala kan jedhanii dha.⁹

Sababoota garagaraa eeruun Manni Murtii Aadaa biyyoota Afrikaa keessatti jajjabaachuu akka qaban qaamoleen garagaraa ni ibsu. Sababni inni jalqabaa maanguddoota Afrikaa fi hayyoota barnootaatin/ academician/ kan ka'u yoo ta'u, isaanis Manni Murtii Aadaa qabeenya aadaa/ cultural heritage/ Afrikaan qabduu fi Afrikaanoonni harka caalmaan jiran qabatamaan kan itti gargaaraman waan ta'eef jajjabaachuu qaba kan jedhuu dha.¹⁰ Tajaajilli abbaa seerummaa Manni Murtii Aadaatin kennamu salphaa, baasii xiqqaa fi dhaqqabamaa (accessibility) ta'uu isaatiin akkasumas sirna haqaa salphaa / simple justice sytem/ ta'uu isaatiin jajjabeeffamuu qaba kan jedhuu dha.¹¹ Yaadni inni biro tajaajilli abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaatiin kennamu hanqinaalee kan qabu yoo ta'ees hanqinni kunneen kan sirrachuu hin dandeenye /beyond repair/

⁸ South African Law Commission Act, Traditional Courts and the Judicial Function of Traditional Leaders, 1999, fuula. 1, http://www.justice.gov.za/salrc/ipapers/ip12_prj108_1998.pdf gaafa 11/03/2012 kan ilaalame.

⁹ Kanuma

¹⁰ Kanuma

¹¹ Kanuma

waan hin taaneef akkasumas xinsammuu qabatamaa hawaasaa fi sanada mirga namoomaa waliin foyyeessuun waan danda'aamuuf cimsuu ni danda'ama kan jedhuu dha.¹²

Falmii biroo Mana Murtii Aadaatiin wal qabatee ka'u manni murtii aadaa akka mana murtii idileetti /courts of law/ ilaalamee kabajni fi eegumsii seeraa taassifamuufi qaba moo miti kan jedhuu dha.¹³ Gareen tokko, kaayyoon Mana Murtii Aadaa wal dhabdee wal falmiitootaa irratti murtii kennuun tajaajila abbaa seerummaa laachuu hanga ta'eettii fi murtiin Mana Murtii Aadaatin kenname oliyyannoodhaan mana murtii idileetti waan ilaalamuuf Manni Murtii Aadaa akka mana murtii seeraa ykn idileetti ilaalamuu qaba jechuudhaan dhiyeessu.¹⁴ Gareen kaanis, Manni Murtii Aadaa kun mana murtii seeraa ykn mana murtii idilee otuu hin taane jarmiyaa aadaa irratti hundaa'ee wal dhabbii hawaasa keessaatti uumamu bifa al-idilaa'aa ta'een /informal traditional dispute resolution tribunals/ kan hiikuu dha. Maanguddootni ykn jaarsoliin biyyaa Mana Murtii Aadaa keessatti murtii kennan hojiin isaanii tajaajila abbaa seerummaa qofa irratti kan daanga'e otuu hin taane hawaasa keessatti seera aadaa kan tumanii fi kan raawwachiisanii dha. Hojimaatni kun immoo qajeeltoo heeraa qoodinsa aangoo /separation of power/: seera hiiktuu, seera raawwachiiftuu fi seera tumsuu jedhu waliin kan wal faalleessu dha. Dabalataan Manni Murtii Aadaa tajaajila abbaa seerummaa kennuuf ragaa kurfeessuun kan qabatu miti. Tajaajilli haqaa kenname /justice is done/ kan jedhamuu adeemsii seeraa fi murtiin kenname galmaa'ee kurfaa'ee kan jiruu fi manni murtii oliyyannoo kana dhaga'u ragaa barruu ilaaluun kan dhaga'u yoo ta'ee dha. Mana Murtii Aadaa dhaan wal qabatee garuu manni murtii idilee oliyyannoo dhaga'u falmii wal falmitootaa guutummaadhaan irra deebi'ee dhaga'uu baatuus ijoo falmii adda baasee hubachuuf falmii Mana Murtii Aadaatti taassifame irra deebiin dhaga'a. Kun mana murtii idilee keessatti kan baratame waan hin taaneef Manni Murtii Aadaa mana murtii idileeti jechuun hin danda'amu jechuun kaasu.¹⁵ Yaadota hayyoota garee lamaan ka'u kana wal simsiisanii deemuun biyyootni Afrikaa baay'een Mana Murtii Aadaatiif Heera isaanii keessatti beekamtii kennuun yoo itti fayyadaman mul'ata.

¹² Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 2.

¹³ Kanuma fuula 11.

¹⁴ Kanuma fuula 11-12

¹⁵ Kanuma fuula 15

2.1. Cimina fi Hanqinaalee Mana Murtii Aadaa Keessatti Mul'atan

Mana Murtii Aadaa tajaajila abbaa seerummaa hawaasaaf kan kennu yoo ta'u ciminaa fi hanqinaalee garagaraa kan qaban ta'uun ni tilmaamama. Barrulleen qixa kanaan barraa'aniis ciminaa fi hanqina Mana Murtii Aadaa biratti mul'atan haala armaan gadiitin kaa'aniiru.

2.1.1. Cimina Mana Murtii Aadaa

2.1.1.1. Dhaqqabummaa

Dhaqqabummaan tajaajila abbaa seerummaa taatewwan garagaraan ibsamuu kan danda'u yoo ta'u baasii tajaajila barbaadame argachuuf gaafatamuu fi fageenyi ykn dhiyeenyi/geographic proximity/ giddu gala tajaajilaa kennamuu dhaqqabummaa tajaajilaa madaaluu xiyyeeffannaa keessaa ni galu. Tajaajilli dhaabbata kamiinuu kennamu baasiin isaa olaanaa, giddu galli isaa fageenya irratti kan argamuu yoo ta'e tajaajilli kennamu dhaqqabamaa dha jechuun hin danda'amu.

Dhaqqabummaa tajaajila abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaa kallattii baasii, dhiyeenyaa fi saffisa tajaajilaatiin madaaluun ni danda'ama. Mana murtii idileetti tajaajila haqaa argachuuf baasii garagaraa keessa galuun ni jiraata. Himannaa fi deebiin mana murtii idileetti dhiyaatu gulaallii qulqullina teknikaa fi seeraa bira darbuu qaba. Ulaagaa qulqullinaa kana guutuun himannaa ykn deebii barreessanii dhiyeessuuf hawaasni waliigalaa hubannoo ni qabaata jedhamee hin tilmaamamu. Rakkoon kun hawaasa namni barate xiqqaa ta'e keessatti ykn hawaasa baadiyaa biratti caalatti ni mul'ata. Gama biraatiin tajaajila abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaa argachuuf ulaagaan qulqullina himannaa ykn deebii cimaa ta'e jiraachuu dhiisuu mala. Himannaa fi deebiin barreeffamaan alattis afaaniin qofa dhiyeessuun illee waan danda'aamuuf tajaajilamtoonni baasii addaatiif saaxilamuu dhiisuu malu.

Yoo mana murtii idileetiin waliin madaalamu wantoota baasii Mana Murtii Aadaa xiqqeessan keessaa inni biraa Mana Murtii Aadaatti abukaatoo dhuunfaa dhaan bakka bu'amuu dhabuu dha. Falmiin Mana Murtii Aadaatti taassifamu irratti abukaatoodhaan falmuun hin jiru.¹⁶ Mana murtii idileetti abukaatoodhaan falmuun mirga yoo ta'e falmii wal falmitoota gidduutti gaggeeffamuuf

¹⁶ Reassessing Customary Law Systems As A Vehicle For Providing Equitable Access To Justice For The Poor, M. Kane et al., conference paper, Arusha Conference, "New Frontiers of Social Policy" – December 12-15, 2005 by World Bank, p.9, available at http://siteresources.worldbank.org/INTRANETSOCIALDEVELOPMENT/Resources_gaafa_11/03/12_ilaalame

qaamni tokko humna qabaatee abukaatoodhaan yoo falmu qaamni inni bira humna diinagdee illee yoo qabaachuu baate abukaatoodhaan falmuuf dandeettii fi beekumsa dhabuu isaatiin abukaatoo qacarachuuf ni dirqama. Kunis baasii hin malleef abbaa dhimmaa kan saaxiluu dha.

Baasiin biraa mana murtii idileetti beekamu kaffaltii abbaa seerummaati. Himataan mirga gaafatuuf mana murtii idileetti kaffaltiii abbaa seerummaa hanguma mirga gaafatamun garaagarummaa qabu akka kaffalu ni gaafatama. Mana Murtii Aadaatti garuu kaffaltiin wal fakkaataa ta'e fi tajaajilamtoota baasiif saaxilu kan hin jirree dha. Sababoota kanaa fi kan biroon tajaajila abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaatti kennamu baasiin isaa baay'ee xiqqaa ta'uu isaati.

Fageenya giddu gala tajaajilaatinis yoo ilaalamu manni murtii idilee magaalaa Aanaa ykn magaalaa Godinaatti kan argamuu malu yoo ta'u Manni Murtii Aadaa garuu gandoota/village/ keessatti kan argaman waan ta'eef tajaajilamtoonni fageenya dheeraa deemuun irraa hin eegamu.¹⁷ Giddu galli tajaajilaa hawaasuma keessatti kan argamu waan ta'eef baasii adda addaatiif hin saaxilaman. Kunis tajaajilicha dhaqabamaa akka ta'u taasisa.

2.1.1.2. Adeemsa Salphaa fi Ariifataa Hordofuu

Hayyootni tokko tokko akka kaasanitti tajaajilli Mana Murtii Aadaa adeemsa al-idilee aadaa fi dhuudhaa hawaasa Afrikaa irraa kan maddan waan ta'eef manneen murtii idilee biyyoota Awurooppaa irratti hundaa'uun tajaajila kennan irra adeemsa salphaa ta'e hordofu.¹⁸ Adeemsa seeraa hordofuuf abbootii dhimmaa deeddeebisuun manneen murtii idilee keessatti kan baratame yoo ta'ees Mana Murtii Aadaa keessatti garuu mul'achuu dhiisuu mala. Adeemsi hordofamu salphaa ta'uu isaatiin abbootiin dhimmaa haala salphaa ta'een kan hubatanii dha. Adeemsicha hubachuu dhiisuun kan hin burjaajofne ta'uu agarsiisa. Akkasumas, kuufamni galmee mana murtii idilee keessatti mul'atu manneen murtii aadaa keessatti hin jiru.¹⁹ Komii dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti haala itti fufiinsa qabuun kan xumuran waan ta'eef dhimmi Mana Murtii Aadaa keessatti hin kuufamu.

¹⁷ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 9.

¹⁸ Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 2

¹⁹ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 10.

2.1.1.3. Duudhaa fi Aadaa Hawaasaan Tajaajiluu

Manni Murtii Aadaa duudhaa fi aadaa naannoo irratti hundaa’uun tajaajila kan keennu dha. Seerota biyyoota hambaa irraa waraabamanii fi mannen murtii idilee keessatti hojiirra oolan caalatti hawaasni seeraa fi qajeelfamoota Mana Murtii Aadaa keessatti hojiirra oolan ni hubata.²⁰ Jechootaa seeraa teknikaal ta’aanii fi biyyoota Awurooppaatiin dhufanii mana murtii idilee keessatti itti fayyadamni isaanii idila’aan Mana Murtii Aadaa keessatti sababa hin jirreef tajaajila Mana Murtii Aadaa keessatti kennamu haala salphaa ta’een hawaasni kan hubatuu dha.²¹ Abbootiin dhimmaa duudhaa fi aadaa dursa beekamaniin irratti hundaa’uun dhimma isaanii kan xumuratan yoo ta’u abbootiin murtiis aadaa fi duudhaa dursa beekamaniin tajaajila kennu. Kunis tajaajila kennamu ifa kan taasisu dha.

2.1.1.4. Miira Abbummaa

Tajaajjilli abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaatiin kennamu namoota sadarkaa barumsaa fi qabeenyaatiin wal falmitoota ykn abbootii dhimmaa daran caalan otuu hin taane jaarsoliidhuma naannoo keessatti beekamanii fi fudhatama qabaniin waan ta’eef taateen abbootii dhimmaa sodaachisuu manneen murtii idilee duudhaa fi hojimaata biyyoota lixaa irratti hundaa’uun hojjatan keessatti mul’atu Mana Murtii Aadaa keessatti hin argamu.²² Adeemsi salphaa fi hirmaannaan hawaasaa Mana Murtii Aadaa keessatti calaqqisu jiraattootni gandaa mana murtii kana ilaalchisee miirri abbummaa /ownership/ akka itti dhaga’amu kan taasisu dha. Manni murtii kun kan isaan irratti fe’ame /imposed/ ta’e otuu hin taane kan ofii isaanii hundeeffatanii fi seera ofiif tumatan bu’uureffachuun kan isaan tajaajilu dha. Amantaa irratti qabaniis kanumarraa kan madduu dha.

2.1.1.5. Wal Falmitoota Gara Nageenya Duraanitti Deebisa

Manni Murtii Aadaa murtii qaama tokko mo’ataa taassisee kan mo’atamaa taasisu irra dhimma araaraan ykn waliigalteedhaan akka xumuramu taassisa.²³ Dhimma yakkaa illee kan ilaalan yoo ta’e adabbiin maallaqa himatamaa irratti murtaa’u mootummaaf galii ta’a otuu hin taane qaama miidhameef kan kennamuu dha. Kunis mana murtii idileen caalatti walitti dhufeenya hawaasa

²⁰ Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 2.

²¹ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 10.

²² Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 2

²³ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 11.

gidduu jiru kan ijaaroo dha.²⁴ Dhimmi wal falmitootaa mana murtii idileetti erga ilaalameen boodatti walitti dhufeenya wal falmitootaa gaarii ta'uu dhiisuu mala. Mana Murtii Aadaatii yoo ta'ee garuu carraan wal falmitootni dhimma isaanii araaraan xumurachuu qaban olaanaa waan ta'eef ykn murtiin kennamu waliigalteen irra ga'aame waan ta'uuf hariiroon wal falmitootaa gidduu falmiin booda hariiroon gaarii ta'a. Kunis akka waliigalaatti nageenyaa fi tasgabbi hawaasaa eeguuf gumaacha olaanaa taassisa.

2.1.2. Hanqinaalee Mana Murtii Aadaa

Manni Murtii Aadaa ciminoota armaan olitti kan qabatu yoo ta'ees hanqinoota armaan gadii qabaachuu isaanii qaamolee kaasan ni jiru.

2.1.2.1. Beekamtii Seeraa Ifa Ta'e Dhabuu / Ill-defined Legal Status/

Manni murtii idilee beekamtii fi eegumsa olaanaa gama heera mootummaa biyyoota maraatin kan argatuu dha. Kanarraan kan ka'e yoo xiqqaate sadarkaa heeraatti bilisummaa dhaabbataa kan qabuu dha. Haa ta'u malee, manneen murtii idileetti beekamtii fi eegumsi heeraa gahaa sababa hin taassifamneef Manni Murtii Aadaa salphaatti dhiibbaa qaamolee raawwachiiftuu jalatti yoo kufan ni argamu.²⁵ Fknf, Yugandaa keessatti Mana Murtii Aadaa caasaa qaama raawwachiiftuu jalatti kan argamuu yoo ta'u namootni qaama raawwachiiftuu keessa hojjatan dhimma ilaaluuf dhaddacha Mana Murtii Aadaatti yoo mooggafaman argama.²⁶ Rakkooleen kun iddoo biraattis kan argamanii dha. Seeraliyoon keessatti muudamni fi hojiirraa gaggeeffamuu abbootii seeraa Mana Murtii Aadaa kan gaggeeffamu qaama raawwachiiftuu dhaani.²⁷ Manni murtii idilee sadarkaa idila addunyaatti beekamtii fi eegumsa olaanaa kan taassifamuuf yoo ta'e caasseffama Mana Murtii Aadaa ilaalchisee garuu biyyaa biyyatti adda addaa dha. Beekumsii fi eegumsi ifa ta'e falaasama sadarkaa addunyaatti jiruun yoo taassifamuuf hin mul'atu. Manni Murtii Aadaa sadarkaa baadiyyaatti hawaasa keessatti sababa argamaniif qaamolee raawwachiiftuu fi qaamolee biraa sadarkaa gandaatti argamaniin dhiibbaan irra gahuu danda'a.

²⁴ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 11.

²⁵ Kanuma

²⁶ Kanuma

²⁷ Kanuma

2.1.2.2. Abukaatoon Bakka Bu'amuu Dhabuu

Falmii mana murtii idilee keessatti gaggeeffamuuf qaamoonni falmii keessa jiran abukaatoon falmuuf mirga qabu. Keessumaaa dhimma yakkaa ilaalchisee abukaatoon falmachuun qaama mirga namoomaa himatamaa ykn shakkamaati. Dhimma siiviilii keessattiis abbootiin dhimmaa ogeessa seeraa qacarachuun falmii gaggeessuun baay'inaan mul'ata. Haala kanaan falmii gaggeessuun kunis mirga dha. Haa ta'u malee, biyyoota baay'ee biratti falmii Mana Murtii Aadaa biratti gaggeeffamu ilaalchisee abukaatoon bakka bu'amuu kan dhorkame dha. Hojimaatni kun namootni filannoo isaaniitin abukaatoodhaan akka bakka hin bu'amne kan dhorku waan ta'eef hanqina Mana Murtii Aadaati jechuun falmu.²⁸ Kunis mirga heeraan kenname waliin kan walitti bu'u dha jechuun ka'a. Namootni osoo abukaatoodhaan falmachuuf fedhii qaban mirga kana daangeessuun hanqina Mana Murtii Aadaa akka ta'e ni kaa'a.

2.1.2.3. Beekumsaa Gahaa fi Sirna To'annaa Cimaa Dhabuu

Aangoon Mana Murtii Aadaatiif kenname biyyaa biyyatti garagara yoo ta'u biyyoota tokko tokko keessatti dhimma yakka illee ilaaluuf aangoo qabu. Aangoo manneen murtii kanaaf kenname irratti hundaa'uun muudamtoonni beekumsa seeraa idilee kan akka seera yakkaa fi biro otuu hin qabaatin dhimmoota akkanaa akka ilaalan aangeessuun abbootii dhimmaa kan miidhuufi sirna haqaa amanummaa akka hin horanne taassisa jechuu falmu.²⁹ Hanqinni kun aangoo mana murtiif aadaa kenname irratti hundaa'uun kan ka'uu dha. Dhimmoota beekumsaa fi hubannaa seerota idilee hin barbaanne qofa ilaalu yoo ta'e hanqinni kun sirna haqaa irrattis ta'e abbootii dhimmaa irratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa jedhamee hin yaadamu.

2.1.2.4. Shakkamaa Yakkaa Akka Nama Qulqulluutti Tilmaamuu Dhabuu

Aangoon Manni Murtii Aadaatiif kenname biyyoota gidduutti garaagarummaa kan qabuu dha. Manni Murtii Aadaa yakkoota sasalphoo ta'aan akka ilaalaniif biyyotni aangeessan ni jiru. Ogeessootni oggaa kaasanitti aangoo dhimma yakkaa ilaaluun wal qabatee hanqinni guddaan Mana Murtii Aadaa keessatti mul'atu shakkamaan himatamee mana murtitti dhiyaate jalqabuma dhaga'aa dhimmaatti akka nama yakka raawwateetti tilmaamamuu isaati. Kanarraan kan ka'e himatamaan yakka kan hin raawwanne ta'uu isaa mana murtii akka amansiisuu barbaadama.

²⁸ Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 3.

²⁹ Kanuma fuula 5.

Hojimaatni kunis qajeeltoo sirna haqa yakkaa kan ta'e "akka nama qulqulluutti tilmaamauu /presumption/ of innocense" jedhu waliin kan wal faalleessuu dha.³⁰ Kun akka hanqina Mana Murtii Aadaatti kaafama.

2.1.2.5. Qaamolee Hawaasaa Tokko Tokko Irratti Qoodinsa uumuu

Hanqinni ijoo Mana Murtii Aadaa keessatti idilaa'ee mul'atu caasseeffama fi tajaajila kennuu keessatti wal qixxummaan mirkanaa'uu dhabuu dha. Keessumaa dubartootni, namootni hiyyeessa ta'aanii fi hawaasni xiqqeenya lakkoofsaa qabu /minority/ hirmaachisuu dhabuu isaati. Hanqinni kunis qajeeltoowwan bu'uura sirna haqaa kan ta'aan: namni hundinuu seera duratti walqixa kan jedhu, haqummaa dhaga'aa dhimma /fair hearing/ fi adeemsa seeraa /due process of law/ waliin kan walitti bu'uu dha.³¹ Falmiin Mana Murtii Aadaatti gaggeeffamu dhiibbaa aadaa naannoo jalatti kan kufuu dha. Ilaalchi waliigalaa kutaa hawaasaa kan akka dubartootaa fi hawaasa murna xiqqaa/minority/ ilaalchisee jiru Mana Murtii Aadaa keessatti calaqqisuu danda'a kan jedhu hanqina Mana Murtii Aadaa irratti ka'uu dha. Hanqinni kun bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee akka waliigalaatti murna hawaasaa uummata keessatti lakkoofsaan xiqqaa ta'aanii fi dubartoota irratti wal qixxummaadhaan tajaajiluun wal qabatee sodan akka jiru dha.

2.2. Seera Aadaa fi Sirna Haqaa Itiyoophiyaa

2.2.1. Maalummaa Seera Aadaa

Seerri aadaa sababa waliin jireenyaa keessatti taateewwan uumaman ittiin qajeelchuun murtii kennuuf hawaasa nannichaan uumame dha.³² Seerri kunis haala baratama hawaasichaa irratti kan hundaa'uu fi haala qabatama jireenyaa waliin walsimachaa fi jijjiirraamaa kan deemuu dha.³³

Hiikkoon waltaawaa fi akka waliigalaatti fudhatama argate barrullee seeraatinis ta'e barrullee sona hawaasaa /anthropological literature/ gaalee 'seeraa aadaa' jedhuuf kenname hin jiru.³⁴ Dabalataanis, gaalee "seera aadaa" jedhuuf beektootni garagaraa maqaa ykn moggaasa

³⁰ Akkuma Olitti lakk. 8, fuula 4

³¹ Akkuma Olitti lakk. 16, fuula 13.

³² Hanns Seidel Foundation, Customary Law in Namibia, available at: https://www.lac.org.na/projects/grap/pdf/Law_5-cus.

³³ Muna Ndulo, African Customary Law, Customs, and Women's Rights, (2011), Cornell Law Faculty Publ., P. 187.

³⁴ Customary Law: A Conceptual Framework, Page 58
http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf

garagaraa fayyadamuun yeroo maqeessan mul'ata.³⁵ Akka waliigalaatti garuu, seera aadaatiif hiikoowwan barruulee garagaraatiin kennaman keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

Customary law is an established system of immemorial rules which had evolved from the way of life and natural wants of the people, the general context of which was a matter of common knowledge, coupled with precedents applying to special cases, which were retained in the memories of the chief and his counselors, their sons and their son's sons (sic), until forgotten, or until they became part of the immemorial rules'.³⁶

Customary law refers to the body of traditions, morals, and social conventions and rules that through long usage and widespread acceptance, directly govern traditional societies.³⁷

Customary law is generally understood to be that body of law, which is predominantly oral rather than written, and which derives its authority from sources other than the State. It has been loosely defined as non-legislated law in the context of a tribal society.³⁸

Seerri aadaa mirgaa fi dirqama hawaasaa qofaa kan ibsu osoo hin taane mala walddhabbiin ittiin furmaata argatus kan haguugu dha. Adeemsa walddhabbiin ittiin furmaata argatus adeemsa mataa isaa danda'e fi adeemsa dhaabbilee haqaa biro hordofan kan hin hordofne dha. Seerri aadaa seera hin barreeffamne ta'ee sammuu uummataa yookiin hawaasaa keessa kan jiru dha. Sababa kanaaf yeroo tokko tokko seerri aadaa kan hawaasaa akka ta'ee fi seerri mootummaan tumame immoo seera mootummaa jechuun uummanni yeroo ibsu mul'ata.³⁹

Seerri aadaa fi seerri mootummaan bahu walfakkeenya fi garaagarummaa qabu. Walfakkeenya isaan keessaa walddhabbiin hiikuu, raawwatiinsi isaanii garaagarummaa yoo qabaateyyuu murtii dirqisiisaa kennuu; fi jijjiirrama hawaasaa, diinagdee fi siyaasaa waliin walsimachaa deemuu

³⁵ Maqaalee seera aadaatiif afaan Ingiliiziin kennaman keessaa muraasni **Folk law, people's law, unofficial law, traditional law, indigenous law or primitive law**

³⁶ Bekker, J.C., Seymour's Customary Law in Southern Africa, 5th edn, Cape Town, Juta & Co. Ltd, 1989, p. 11.

³⁷ UNDP's Access to Justice and Rule of Law Project, Manual for traditional authority on customary law in South Sudan, December 2013, Page 21

³⁸ Akkuma Olitti lakk. 34

³⁹ Custom is to society, what law is to state. Each is the expression and realization, to the measure of men's insight and ability, of the principles of light and justice. The laws embodied those principles as they commend themselves to incorporate community in the exercise of sovereign power. Custom embodies them as acknowledged and approved, not by the power of the state, but by the public opinion of the society at large. As modern secular laws, customary laws are in most cases secular in nature and subject to violation. Many if not all such rules are secular in character and are just as liable to be breached or disregarded, as are modern laws.

caqasuun ni danda'ama. Garaagarummaan isaanii ilaalchisee seerri mootummaan bahu kan barreeffamee fi seerri aadaa kan hin barreeffamne, raawwatiinsa isaanii ilaalchisee seerri aadaa hawaasa aadichi ilaalatu irratti qofaa yoo ta'u seerri mootummaa garuu jiraattota hundumaa irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'a. Qaama seericha hojiirra oolchuu fi hiikuu ilaalchisees seerri mootummaan bahan dhaabbata of danda'e yoo qabaatu kan aadaa garuu dhaabbata haala kanaan of danda'e hundaa'e kan hin qabne dha.⁴⁰ Seerri aadaa hawaasatti itti dhiyeenyaan hidhata cimaa qabaachuun isaa seera mootummaan baase jiru irraa garaagarummaa guddaa akka qabaatu isa taasisa.⁴¹

Beektootni seeraa aadaatiif ilaalchi qaban garagaraa dha. Seerri aadaa kan hin barroofnee fi dhaloota irraa dhalootatti afaan qofaan darbaa kan jiruu fi iftoomina kan hin qabne waan ta'eef akka seeraatti beekamtiin kennamuufii hin qaban yoo jedhan hayyootni biro seerota idileen caalatti karaa itti quufinsa qabuun rakkoolee fi wal dhabbii guyyaa dhaa guyyaatti hawaasa keessatti mul'atan kan hiikuu dha jechuun guddina seera aadaatiif hojjatu.⁴² Garaagarummaan yaada kun jiraatus hayyootni baay'een seerri aadaa akka seeraatti ilaalamuu akka qabu waliigalu.⁴³

2.2.2. Seera Aadaa fi Itiyoophiyaa

Itiyoophiyaa keessatti seerotni ammayyaa idileeffamuun duras ta'ee booda wal dhabdee hawaasa keessatti uumamuuf furmaata kennuun wal qabatee sirna haqaa idilee /formal justice system/ caalatti aadaa fi duudhaa hawaasa keessatti argamu gumaacha olaanaa taassisaa jiraachuu barreessitootni baay'ee ni kaasu.⁴⁴ Keessummaa baadiyyaa keessatti sirni jaarsummaa aadaa sirna jalqabatti wal dhabbii hawaasaa furu ta'uu dhaan tajaajila.⁴⁵ Duudhaan wal dhabbii jaarsummaadhaan furuu kun nagaa fi tasgabbi mirkaneessuuf akkasumas hawaasa gidduu hariiroon kabaja qabu akka jiraatu kan taassisuu dha.

⁴⁰MURADU ABDO AND GEBREYESUS ABEGAZ, Defining Customary Law and Legal System (Abyssinia Law), 23 March 2012, p. 8

⁴¹Ahren, M., 'Comparative study on indigenous peoples' customs, culture, traditions and customary law – Analysis from a legal perspective

⁴²Akkuma Olitti lakk. 34, fuula 56.

⁴³Kanuma

⁴⁴Ayalewu Getachaw, Customary Law in Ethiopia: A need for better recognition, Danish Institute for Human right, 2012, page 9 available at https://menneskeret.dk/files/media/dokumenter/udgivelser/ayalew_report_ok.pdf.

⁴⁵World Bank: Legal vice presidency, Ethiopia Legal and judicial assessment, 2004, Page 16 available at <http://siteresources.worldbank.org/INTLAWJUSTINST/Resources/EthiopiaSA.pdf>.

Itiyoophiyaan biyya uummata aadaa fi afaan tokko dubbatuun kan ijaaramte otuu hin taane biyya mallattoon ishee sab-daneessummaa taatee dha. Saabootni Itiyoophiyaa ijaaran kunneen aadaa fi afaan mataa isaanii saboota biraa irraa adda isaan taassisu kan qabanii dha. Kanaaf, Itiyoophiyaa keessatti qorannoo fi qo'annoon seera aadaa irratti taassifamu kamiyyuu waa'ee seera aadaa saboota Itiyoophiyaati jechuu dha. Fkf: Oromoo, Amaara. Tigree, Guraagee, Silxee fi kkf. Saabootni kun aadaa fi afaan mataa isaanii kan qaban waan ta'eef waa'ee seera aadaa Itiyoophiyaa yoo qorannoo waa'ee seera aadaa saboota kunneeti jechuu dha. Aadaa fi duudhaan hawaasummaa uummatni Oromoo qabu kan uummatni Tigree ykn Guraagee qabu irraa aadda ta'uu mala.

Ijaarsa biyya Itiyoophiyaatin wal qabatee walitti dhufeenyi seera aadaa fi biyya ykn mootummaa Itiyoophiyaa gulantaa sadiitti hiramee ilaalamuu ni danda'ama jechuun hayyootni kaa'an ni jiru. Inni jalqabaa bara ammayyummaa dura /pre modern era/ kan jedhamu yoo ta'u, inni lamaffaa bara ammayyummaa (modern era) ykn bara sirni seeraa amayyaa / formal legal system/ diriirfamuu eegale ta'ee bara mootii Haayilasillaasee fi Dargii kan hammatu. Inni sadaffaan bara ammayyummaa booda kan jedhamu yoo ta'u yeroo sirni federaalizimii sab-daneessaa hojiirra ooluu jalqabeen booda yeroo jiru kan ilaallatu dha.⁴⁶

Bara ammayyummaan dura/ pre modern era/ sirni mootummaa amantaa giddu galeessa taassifate iddoo muraasa bulchaa yoo turees hawaasni ykn sabni baay'een garuu seera aadaatin jireenya hawaasummaa isaa gaggeessaa kan turee dha.⁴⁷ Yeroon kun yeroo mootiin Haayila Sillaasee Seerota garagaraa ka'uumsa isaanii biyyoota Lixaa taassifatan biyya kanatti beeksiisuu eegaleen dura yeroo jiru kan ilaallatu dha. Bara kanatti uummatnis aadaa mataa isaatiin kan gaggeeffamu yoo ta'u mootummaan giddu galeessaa sirna amantaa bu'uurateen hoogganamaa tureera. Dhibbaan sirni mootummaa giddu galeessaas naannoo muraasa qofatti kan daanga'e ta'uu isaatin wal dhabbiin hawaasa keessatti uumamu baay'een isaa seeraa fi duudhaa aadaa irratti hundaa'uun hawaasuma keessatti kan xumuramuu dha.

Gulantaan inni lamaffaa bara ammayyuummaa kan jedhamu yoo ta'u bara sirni seeraa idilee (formal legal system) sadarkaa guutummaa biyyatiitti mootummaa giddu galeessaan diriirfamuu

⁴⁶ Muradu Abdo & etals, Customary law : Teaching Material, 2009, Page 111

⁴⁷ Kanuma

jalqabee dha.⁴⁸ Itiyoophiyaan sirna seeraa ammayyatti of madaksuu kan eegalte heera biyyattii isa jalqabaa bara 1931 ALA raggaassisuun yoo ta'ees Heerri kunii fi Heera kana fooyyeessuun Heerri bara 1955 ALA bahe waa'ee aadaa sabootaa ilaalchisee callisuu dhaan bira darbeera.⁴⁹ Mootiin Haayilasillaasee sirna seeraa ammayyaa biyyattii keessatti diriirsuuf Heera biyyattii isa jalqabaa beeksisuu bira darbuun seerota dhimmota hariiroo hawaasaa, dhimmoota yakkaa fi dhimmoota daldalaa hoogganaan bifa koodiitiin baasuun hojiirra oolcheera. Seeronni bifa koodiitiin yeroo sana bahan adda durummaan amaloota seera biyyoota Dhihaa kan giddu galeessa taassifatani dha.

Sirna seeraa ammayyaa'aa diriirsuun wal qabatee seerota walakkeessa jaarraa 20^{ffaa} keessa tumaman keessaa Seerri Hariiroo Hawaasaa isa tokko. Bu'uura seera kanaatin seera aadaa irratti hundaa'uun walddhabbiin akka hiikamuuf iddoon kennameef xiqqaa ture. Yaadni kun jiraachuu isaa immoo Seera Hariiroo Hawaasaa keewwata 3347(1) irraa hubachuun ni danda'ama.

Unless otherwise expressly provided, all rules whether written or customary previously in force concerning matters provided for in this Code shall be replaced by this Code and are hereby repealed.

Akka tumaa keewwata kanaatti haala addaatiin seera kana keessatti yoo ibsameen ala seerotni aadaa kanneen barreeffamanii fi hin barreeffamne hojiirra jiran seera hariiroo hawaasaa kanaan akka bakka bu'aman ykn haqaman (replaced and repealed) ni ibsa.

Tumaan keewwata kanaa seera aadaa dura walddhabbi hiikuuf tajaajilaa turan Seera Hariiroo Hawaasaa waliin kan walfaallessanis ta'ee wal siman dhimmichi Seera Hariiroo Hawaasaatiin haguugameera taanaan dhimma ykn wal dhabbi sana ilaalchisee kan hojiirra oolu seera aadaa otuu hin taane seera hariiroo hawaasaa ta'uu kan akeekke dha.

Hariiroo seera aadaa fi mootummaa ilaalchisee gulantaan inni sadaffaa yeroo ammayyummaa booda jedhamuun kan ibsamuufi, diriirfamuu federaalizimii sab-daneessa booda yeroo jiruu dha.⁵⁰ Gulantaan kun raggaassifamuu Heera FDRI bara 1995 ALA kan jalqabuu yoo ta'u Heerri

⁴⁸ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 114

⁴⁹ The Place of Customary and Religious Laws and Practices in Ethiopia: A Critical Review of the Four Modern Constitutions, *Social Sciences Journal*, Vol. 4, No. 4, 2015, page 92

⁵⁰ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 116.

kunis seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif beekamtii kennuun kan eegalee dha.⁵¹ Beekamtii seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif gulantaa seenaa biyya kanaa keessatti bu’uura Heera 1995 ALA baheen kenname mata dureewwan armaan gadii keessatti kan ilaallu ta’a.

2.2.2.1. Seera Aadaa fi Mana Murtii Aadaa: Heera FDRI fi Heera Naannoo Oromiyaa

Heera FDRI keewwata 9(1) jalatti heerri kun seera olaanaa biyyitti akka ta’e kaa’a. Seerri, barmaatileen aadaa kamiyyuu, hojii yookiin murteen qaama mootummaa kaminiyyuu kennamu heera kanaan kan walfaallessu taanaan raawwatiinsa akka hin qabne kaa’a.

Heerri FDRI kutaa garagaraa keessatti dhimma seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif haguuggii kennee jira. Bu’uura keewwata 39/2/ tin sabootni hunduu afaan isaanii dubbachuu, barreessuu fi guddisuuf, akkasumas aadaa isaanii guddisuu fi beeksisuuf mirga akka qaban Heerri kun ifaan ni kaa’a. Heeri kun gaa’ila bu’uura aadaatiif raawwaramaniif keewwata 34 jalatti beekamtii kennuu dabalatee dhimmootni martii seera idileetiin qofaan ilaalamuu akka hin qabnee fi mana murtii aadaa fi mana murtii amantaa akka filannoo birootti kana akeeku dha. Waldhabbiwwan dhuunfaa fi maatii fedhii gareewwanii giddugaleessa godhachuun mana murtii aadaa yookiin mana murtii amantaatiin ilaalamuu akka danda’an heerri muutummaa keewwata 34(5) jalatti akka filannoo birootti kaa’ee jira.⁵²

Heera FDRI kw. 78/5/ jalatti Manni Maree Bakka Bu’oota Uummataa Federaalaas ta’e manni maree Mootummaa Naannolee Manneen Murtii Amantaa (Religious Court) fi Mana Murtii Aadaa (Customary Court) hundeessuu ykn beekamtii kennuu akka danda’an ni kaa’a. Bu’uura kw. 34/5/ tiin waldhabbiwwan dhuunfaa fi maatii bu’uura aadaatiin ykn bu’uura seera amantaatiin ilaalamuu akka danda’an kaa’ee jira.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaas yoo ilaalamu bifuma Heera FDRI tiin wal fakkaatuun seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif beekamtii kennee jira. Heerri MNO Keewwata 62 jalattis Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa Manneen Murtii Aadaa hundeessuu ykn beekamtii kennuufii akka danda’u kaa’eera. Heerri MNO kew. 34 jalatti gaa’ila bu’uura aadaatiin raawwatameef beekamtii kennuu dabalatee dhimmootni seera maataa fi seera dhuunfaadhaan

⁵¹ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 116.

⁵² Akkuma Olitti lakk 4, kew. 34(5)

ilaalaman bu'uura seera aadaatiin ilaalamuu akka danda'an ni addeessa. Kunis kan ta'u wal falmitootni dhimma isaanii gama seera aadaatiin xumurachuuf yoo walii galanii dha.

2.2.2.2. Seera Aadaa fi Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa

Sirna seeraa ammayyaa Itiyoophiyaa keessatti diriirsruun wal qabatee seerota ykn koodii bahan keessaa Seerri Hariiroo Hawaasa Itiyoophiyaa bara 1960 ALA bahe isa tokkoo dha. Hariiroo Seerri aadaa fi kuusaan Seera hariiroo Hawaasaa qabu kallattii lamaan ilaaluun ni danda'ama. Inni jalqabaa kuusaan or koodiin seera hariiroo hawaasaa hangam seerota aadaa kan saboota Itiyoophiyaa of keessatti hammatee bahe kan jedhu yoo ta'u kallattiin inni biraa kuusaa seera hariiroo hawaasaa raawwatiinsa seera aadaatiif hangam iddoo kenne kan jedhu dha. Qaphxii jalqabaa ilaalchisee mormii wal falleessan lamatu mul'ata. Inni jalqabaa Kuusaan ykn Koodii Seera hariiroo Hawaasaa seerota aadaa biyyattii keessa turanii hammachuudhaan kan tumame otuu hin taane aadaa fi dhuudaalee biyyoota lixaa biyyattii keessatti kan madaksuuf diriirfamee dha kan jedhanii dha. Qaamoleen yaada kana kaasa yeroo seerri hariiroo hawaasaa wixineeffamuus ta'e sana dura seerotni aadaa qoratamanii barraa'anii jiraachuu isaaniitin akkassumas kaayyoonumti seera haariiroo hawaasaa qopheessuu seera ammayyaa beeksisuu waan tureef seerri aadaa bakki keennameefii hin jiru jechuun mormu.⁵³ Yaadni inni biro wixenneessaa kuusaa seera hariiroo hawaasaa kan ta'an Piroofeesar Reenii Deeviidin kan lallaabbomsamuu dha. Wixineessaan kun kuusaan Seera Hariiroo Hawaasaa seerota aadaa hawaasa keessa jiran hammachuun /incorporate/ qophaa'e jechuun falmu.⁵⁴ Maalotaa fi adeemsa kan akka : seerota aadaa hammachuu (incorporation) gochuu, dhimmoota muraasa gara aadaatti qajeelchuu /explicit reference to custom/, dhimmoota seeraan hin haguugamne seerri aadaa akka haguuguuf dhiisuu /gab-filling/ fi mala kanneen birootin seera aadaatiif bakki kennamee jira jechuun kaasa.⁵⁵

Kallattiin inni lamaffaa fi qorannoo kanaaf rogummaa qabu kuusaan seera hariiroo hawaasaa raawwatiinsa seera aadaatiif hangam bakka kennee jira kan jedhuu dha. Akkuma armaan dura kaafameetti seeraa aadaa ilaalchisee Kuusaan Seera Haariiroo Hawaasaa kew. 3347/1/ jalatti dhimmoota kuusaa seeraa hariiroo hawaasaatiin haguuggii argatan ilaalchisee, haala ifa ta'een

⁵³ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 122

⁵⁴ Kanuma fuula 123

⁵⁵ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 123-124.

yoo kaa'ameen alatti, seerri kana dura barreeffamaniis ta'e seerri aadaa dhimma wal fakkaataa bulchaa turan Seera kanaan kan bakka bu'amanii fi kan haqamanii dha jechuun kaa'eera. Bu'uura tumaa seera kanaatin dhimmoota kuusaa seera hariiroo keessatti haguuggii argatan ilaalchisee seerri raawwatiinsa qabu seera hariiroo hawaasaa qofa ta'uu isaati. Dhimmoota kunneen ilaalchisee seerri aadaa jiru seera hariiroo hawaasaa kana waliin wal simuu fi wal falleessuun akka ulaagaatti otuu hin kaa'amiin dhimmoota haguuggiin kennameef ilaalchisee seerri hariiroo hawaasaa guutummaadhaan seera guutummaadhaan seera aadaa bakka bu'ee jira. Dhimmoota hariiroo hawaasaatin haguuggii hin arganneen wal qabatee yoo jiraateef ta'e hojiirra oolmaa seeraa aadaa kuusaa seera hariiroo hawaasaa dhorkee kan hin jirre ta'uu tumaa seeraa kana irraa kan hubatamee dha. Haa ta'u malee, tumaa seera kanaa qixa Heera FDRI tin yoo ilaalamu humni dirqisiisummaa isaa haqameera. Heerri FDRI kw. 34 jalatti dhimmoota seera dhuunfaa fi seera maatiin ilaalaman hanga wal falmitootni walii galii jiranitti bu'uura seera aadaatin ilaalamuu akka danda'u ni kaa'a. Kanaaf dhimma seera dhuunfaa fi seera maatiin ilaalamu ilaalchisee tumaa seera hariiroo hawaasaa armaan ol caqasame humna raawwatiinsaa hin qabu.

2.2.2.3. Seera Aadaa fi Seera Maatii

Seera aadaa ilaalchisee tumaawwan seera maatii RDFI fi seera maatii MNO keessatti ibsamani jiru. Tumaawwan kunneenis agarsiiftuuf akka mijataniif armaan gaditti ibsamuuf yaalamee jira.

Akka seera maatii RDFI tti fuudhaa fi heerumni bu'uura aadaa walfuutotaatiin raawwatamuu akka danda'u ni kaa'a.⁵⁶ Fuudhaaf heerumni sirna aadaa irratti hundaa'e raawwatame kan jedhamus dhiiraa fi dubartiin tokko akkaataa aadaa naannoo jiraataniitti yookiin akkaataa aadaa lamaan keessa tokkootti sirna fuudhaaf heeruma fudhatama qabu yoo raawwatani dha.⁵⁷ Haalli raawwatiinsa gaa'ila sirna aadaatiin raawwatamuus kan murtaa'u bu'uura aadaa naannoo sanaatiin ta'a jechuu dha.⁵⁸

Seerri maatii naannoo Oromiyaa haala raawwatiinsa fuudhaaf heerumaaf beekkamtii kenne keessaa tokko fuudhaaf heeruma aadaa walfuutotaa irratti hundaa'ee raawwatamu dha.⁵⁹

⁵⁶ Seera Maatii Dimookiraatawaa Rippabilika Federaalawaa Itiyooophiyaa, labsii lakk. 213/2000, kew. 1(2).

⁵⁷ Akkuma Olitti lakk. 57, kew. 4

⁵⁸ Kanuma kew. 27

⁵⁹ Seera Maatii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, labsii lakk. 83/1996, Kw. 19

Fuudhaaf heerumni sirna aadaa irratti hundaa'e raawwatame kan jedhamus dhiiraa fi dubartiin tokko akkaataa aadaa naannoo jiraataniitti yookiin akkaataa aadaa lamaan keessa tokkootti sirna fuudhaaf heeruma fudhatama qabu yoo raawwatani dha.⁶⁰ Haala raawwatiinsa sirna walkaadhimmachuus ilaalchisee akkaataa baratama iddichaatiin raawwatamuu akka danda'au seerri maatii naannoo Oromiyaa beekkamtii kennee jira.⁶¹

Tumaawwan kunnenii fi kanneen biroo kan agarsiisan seerri maatii Mootummaa FDRI fi Seerri Maatii Oromiyaa seera aadaatiif beekkamtii seeraa haala ifaa ta'een kennuu isaati.

2.3. Seerota Idila Addunyaa fi Naannoo (Regional Law) Waa'ee Seera Aadaa Ilaallatan

Bara 1950 keessaa sababa dhufaatiin mirga aadaaf (right to culture) beekamtiin kennamuufii eegaleen biyyoonni seera aadaa jajjabeessuuf dirqama akka qaban akka yaada dabalataatti tajaajilee jira. Konfiraansiwwan hedduun gama Mootummoota Gamtoomanii Diinagdee, Saayinsii fi dhaabbata aadaan (UNESCO) taasifamaanis mootummaan guddina aadaatiif xiyyeeffannoo guddaa kennuu akka qabu dha.⁶² Bara 1965 keessas hirmaattootni marii UNESCO irratti hirmaatan aadaa garee hawaasa tokko irratti daangaa kaa'uu akka hin qabne waliif galaniiru.⁶³ Yeroo kana irraa eegalee aadaaf beekkamtii seeraan kennuun xiyyeeffannoo argachaa dhufaa ture.

Dikilaareeshiniin Mirga Namoomaa Waliigalaa keewwata 27 jalatti namni kamuu bilisa ta'ee aadaa jireenya hawaasummaa isaatti hirmaachuu, itti fayyadamuu fi guddisuuf mirga akka qaban ibsa. Seerri aadaas kallattiin maddi isaa inni guddaan aadaa hawaasaa waan ta'eef tumaan waliigaltee kanaa seera aadaaf illee beekamtii kan kenneefii jiru jechuu ni dandeenya. Gama birootiin namni kamuu seera aadaa isaa gidduulixummaa tokko malee itti fayyadamuu fi irraa fayyadamuuf mirga qaba jechuu dha.

Waliigalteen Idila Addunyaa Mirga Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa (ICESCR) keewwanni 15 biyyoonni waliigaltee kana mallatteessan lammiilee isaaniif mirga aadaa isaanii irratti hirmaachuu fi irraa fayyadamoo ta'uu jiraattotaa goonfachiisu diriirsuu akka qaban tumamee jira. Seera aadaa hawaasaan uumamee jiru irraa fayyadamuu fi itti hirmaachuun mirga aadaatti

⁶⁰ Kanuma kew. 22

⁶¹ Kanuma kew. 11

⁶² S. Goonesekere A Right Based Approach to Realizing Gender Equality (2010) available at <http://www.un.org/women.watch/daw/news/index.html.PDF> (accessed on 31 October, 2019).

⁶³ Akkuma Olitti lakk.44, fuula 8.

fayyadamuu keessaa isa tokko waan ta'eef waliigaltee idila addunyaa kanaan seera aadaaf beekkamtiin kennameefii akka jiru agarsiisa.

Chaariteeriin Mootummoota Gamtoomanii fi Afrikaa namni kamuu bilisa ta'ee mirga aadaa hawaasummaa isaa keessatti hirmaachuuf mirga guutuu akka qabu dha. Mootummaan duudhaalee hawaasa keessatti fudhatama argatanii jiran eegumsa kennuu fi deeggaruuf dirqama akka qabu dha. Dabalataan Chaarterichi namni kamuu hawaasa waliin ta'uun duudhaalee aadaa kana kunuunsuu fi jajjabeessuuf dirqama akka qabanidha.⁶⁴ Chaariteeriin kunis seeraa aadaatiif beekkamtii kenneefii akka jiru hubachuun ni danda'ama.

2.4. Amaloota Seera Aadaa Fudhatama Qabanii / Validity Requirement for Custom/

Qor-qalbiin uummattoota addunyaa sadarkaa garagaraa keessa kan darbu yoo ta'u aadaa yeroo tokko fudhatama qabu yeroo biraatti fudhatama dhabuu danda'a. Hojimaatni aadaa bara tokko jajjabeeffamu bara kaan yakka ta'ee adabsiisuu danda'a. Kanaaf aadaan yeroo fi bara hundumaatti sadarkaa fudhatamummaa wal fakkaataa ta'e qabaachuu hin danda'u. Keessumaa warraaqsi fooyya'iinsa mirga namoomaa sadarkaa addunyaatti gaggeeffamaa jiruun aadaa fi duudhaaleen saboota addunyaa qixa mirga namoomaa fi haqummaatiin yeroo qeeqamuu fi jajjabeeffamu jira. Kunis kan agarsiisu aadaa qixa nageenyaa mirkaneessuu qofaan otuu hin taane qixa haqummaa fi mirga namoomaatiin yeroo itti madaalamuu dha. Fudhatamummaan seerota aadaas sakatta'iinsaa fi madaala wal fakkaataa keessa darbuuf ni dirqama. Aadaan tokko aadaa ta'e qofaaf humna raawwachiisummaa ni qabaata jedhamee hin tilmaamamu. Aadaan gabbatee humna raawwachiisummaa akka qabaatuu jechuun aadaan sun amaloota armaan gadii qoodachuu akka qabu hayyootni ni ibsu.

2.3.1. Yeroo Dheeraa Hin Beekamneef Tajaajiluu

Amaloota addaa seerri aadaa qabu keessaa tokko seerri aadaa akka seera idileetti qaama tokkoon yeroo tokko kan tumamu ykn kan haqamu ta'uu dhiisuu isaati. Seerri aada hojimaataa fi duudhaa hawaasa keessatti yeroo dheeraaf irra deddeebiin raawwatamaa kan dhufee fi dhaloota irraa dhalootatti afaaniin kan darbuu dha. Hayyuun hawaasummaa fi aadaa /anthropologist/ Salmond jedhamu aadaan humna seeraa /force of law/ qabaachuuf yeroo dheeraa fi hin beekamne irraa

⁶⁴ Article 17 Of The African Charter For People's And Human Right

/immemorial/ eegalee hojiirra oolaa kan ture ta'uu qaba jechuun kaa'a.⁶⁵ Kana jechuunis namni lubbuun dhaan jiru aadaan kun yeroo akkanaa fi akkasii jalqabe jedhee ragaa kennuuf kan hin beekne ykn hin dandeenye ta'uu qaba.⁶⁶

2.3.2. Wal fakkaataa fi Itti Fufaa Ta'uu

Aadaan walitti dhufeenya hawaasaa keessatti dhalatee sochii hawaasummaa uummataa hoogganuu dha. Duudhaa fi hojimaatni aadaa hunduumtu haala wal fakkaataa fi itti fufiinsa qabuun jiraachuu dhabuu danda'a. Jijjiirama ilaalchaa hawaasa keessatti dhalatuun aadaan muraasni fudhatamummaa dhabuu ykn baduu danda'a. Aadaan tokko hawaasa keessatti fudhatamummaa dhabaa akkuma dhufu wal fakkeenya dhabaa dhufa. Aadaan yeroo tokko hawaasa bal'aadhaan fudhatama argatee sochii hawaasummaa hoogganaa ture yeroo kaanitti hawaasa bal'aadhaan fudhatamummaa dhabuu danda'a. Aadaan tokko akka seera aadaatti ilalamuuf garuu yeroo dheeraa fi hin beekamne irraa eegalee haala wal fakkaataa fi itti fufiinsa qabuun kan raawwatamaa dhufe ta'uu qaba.⁶⁷ Aadaan tokko haala itti fufaa fi wal fakkaataa ta'een hin turre taanaan tilmaamni jiraatu duraanuu akka goonkumaa aadaan sun hin jirreettii dha.⁶⁸ Kunimmoo hawaasni akka itti amanee ittiin hin hoogganme taassisa.

2.3.3. Ifaa fi Qabatamaa Ta'uu

Akkuma armaan dura kaasne seerri aadaa dhaloota irraa dhalootatti afaaniin kan darbuu dha. Dhaloota irraa gara dhalootaatti yoo darbu garuu aadaa hundumti bifa wal fakkaataa ta'een gonkumaa otuu hin burkutaa'iin / distort/ ta'uu dhiisuu mala. Aadaan dhaloota irraa gara dhalootaatti darbu raawwatiinsa isaatiif iftoomina qabaachuu qaba. Aadaan sun hawaasa ykn dhaloota itti gargaaramu biratti ifatti kan beekamu ta'uu qaba. Aadaan sun ija shakkiitiin kan ilaalamu ta'uu hin qabu. Hawaasni beekke haala salphaa ta'een dhimma hawaasummaa isaa ittiin hooganuu qaba. Keessumaa jaarsoliin waa'ee aadaa sanaa ofii isaaniitii qulqulleessanii kan beekanii fi kan hubachiisan ta'uu qaba. Aadaan ifaa fi qabatamaa hin taane taanaa humna ykn hamilee dirqisiisuu hin horatu. Kanarraan kan ka'e hayyuun tokko barreessuu: 'aadaan tokko fudhatamaa ta'uuf ifaa fi qabatamaadhaan jiraachuu qaba. Kan jechuunis aadaan sun maal akka

⁶⁵ Customary Law In India: Jurisprudential And Legal Aspects, page 89
https://shodhganga.inflibnet.ac.in/bitstream/10603/74298/9/09_chapter%203.pdf gaafa 24/03/12 ilaalame

⁶⁶ Kanuma

⁶⁷ Kanuma fuula 90

⁶⁸ Kanuma fuula 91

ta'e naannoo kamitti akka jiruu fi namoota akkamii akka ilaallatu ifa ta'uu qaba.⁶⁹ Kanarraa kan hubatamu aadaa tokko ilaalchisee hawaasni aadaan kun jedhee ifatti kan ittiin bulu ta'uu qaba. Dhimma maalii akka ittiin hoogganu, haala kamiin hojiirra akka oolchu, eenyu akka ittiin hoogganamu ifatti kan beekamu ta'uu qaba.

2.3.4 Akka Mirgaatti Hubatamuu

Aadaan hunda galeessaa dha. Sochiin hawaasummaa fi diinagdee hawaasa addunyaa seerota ammayyaatin hoogganamuun dura aadaa fi duudhaa dhaloota irraa dhalootatti darbuun hoogganaa kan turee dha. Hariiroo kallattiii garagaraatin namoota gidduutti uumamaniif aadaan hariiroo kana hoogganu jiraachuu mala. Aadaan kun dirqamaa fi mirga hariiroo keessatti jiraachuu malan hammachuu mala. Aadaan walitti dhufeenya namoota gidduu jiru kan hoogganu yoo ifatti dirqamaa fi mirga namoota sanaa aaddeessee dha. Dirqamaa fi mirga of keessaatti hammatee hin jiru yoo ta'e walitti dhufeenya hawaasaa hoogganuu ni danda'a hin jechiisiisu. Kanarraa kan ka'e ogeessootni waa'ee seeraa aadaa qoratan yeroo ibsnitti aadaan tokko fudhatama qabaachuuf hawaasaa biratti dirqama raawwachiisummaa akka qabuu fi akka madda mirgaa fi dirqamaatti ilaalamuu qaba jedhu.⁷⁰

2.3.5. Sababaawaa Ta'uu

Nagaa fi tasgabbi hawaasaa itti fufiinsaan mirkaneessuuf hariiroon ykn walitti dhufeenyi hawaasa gidduu jiru haqa uumamaa giddu galeessa kan godhate ta'uu qaba. Gama biraatiin walitti dhufenyi ykn hariiroon kun aadaa hawaasaatin hoogganama taanaa aadaan sun sababaawaa ta'uu qaba. Aadaan sababawaa hin taane taanaan humna dirqisiisuu qabaachuu dhiisuu mala. Aadaan yeroo hundumaa sababaawaa dha jechuunis hin danda'aamu. Sababaawaa ykn sababawaa ta'uu kan dhabu ilaalcha hawaasaatiini. Kunis bakkaa fi yeroo irratti akka hundaa'u taassisa. Kanaaf sababawummaa fi sababawummaa ta'uu dhabuun aadaa ilaalcha ykn xin sammuu yeroo hawaasni qabu irratti kan hundaa'uu yoo ta'u aadaan tokko tokko yeroo hundumaa sababaawaa otuu hin ta'iin yeroo hafutu jira. Aadaan sababawaa hin taane garuu akka seeraatti fudhatamuun hojiirra ooluu hin qabu.⁷¹ Aadan hanguma sababawaa ta'uu dhiisuu fudhatamummaan isaa ykn hojiirra oolmaan isaa xiqqaachaa deema. Hojiirra oolmaan isa

⁶⁹ Akkuma Olitti lakk. 66, fuula 9

⁷⁰ Kanuma

⁷¹ Akkuma Olitti lakk.66, fuula 93

hir'ataa deema taanaanis carraan dhaloota irraa gara dhalootaatti darbuu isaa hafaa deema. Kunis aadaa sun akka badu ykn hafu taasisa jechuu dha. Aadaa fudhatamummaan isaa hir'ataa yoo dhufu humni dirqisiisummaa isaas hir'ataa dhufa.

2.3.6. Safuu fi Seera Ifaa Ta'e Wal-simuu

Aadaan tumaa hawaasaa yeroo dheeraa irraa eegalee dhaloota irraa dhalootatti darbuu dha. Hubannoo, beekumsii fi ilaalchi dhalootni tokko qabu kan dhaloota itti aanu irraa adda ta'uu mala. Taateewwanii fi duudhaan taateewwan hawaasa keessa jiran ittiin hoogganaman yeroo tokko yoo akka gaariitti leellifaman yeroo biraa immoo gaarii akka hin taaneetti laalamee balaalleffamuu malu. Beekumsii fi saayinsii yeroo dabalaa dhufeetti wantootni yeroo tokko akka yakkaatti hin ilaalamne qorannoo saayinsaa irratti hundaa'uun akka yakkaatti lakkaa'amanii seera idileetiin dhorkamuu danda'a. Dhugaa waliigalaa kana xiyyeffannaa keessa galchuun ogeessotni dhimmicha irratti qorannoo taassisan aadaan tokko akka seera aadaatti fudhatamaa ta'uuf qajeeltoo safuu ykn safuu tarsiimoo uummataa fi seera tumameen kan hin dhorkamne ta'uu qaba.⁷² Manni murtiis aadaa safuu waliin walitti bu'a yoo ta'e hojiirra oolchuu hin qaban.⁷³ Aadaan tokko seera idileetiin kan dhorkame yoo ta'e hojiirra ooluu hin danda'u. Qaamni hojiirra oolchuuf yaaluus itti gaafatamummaa jalaa miliquu hin danda'u. Aadaan ifatti hariiroo hawaasa gidduu jiru hoogganuuf tarsiisoo mootummaa fi seerota idilee waliin kan walitti hin buune ta'uu mala. Murtiin aadaa irratti hundaa'uun Mana Murtii Aadaatiin kenname raawwachiisuuf seeraa biyyattii fi tarsiimoo biyyaa waliin kan walitti hin buune qofa yoo ta'ee dha.

Kanaaf seerri aadaa fudhatamaa qabaachuuf, sadarkaa waliigalaatti seerota idilee hojiirra jiran waliin kan walitti hin buune ta'uu qabu. Gama biraatiin seerri aadaa jiru haqa uumamaa irraa kan maqe ta'uu hin qabaatu.

⁷² Kanuma fuula 95

⁷³ Kanuma

Boqonnaa Sadii

Sakatta'iinsa Muuxannoo Biyyoota Ambaa

Seensa

Qaroomina addunyaan keessa darbitee fi darbaa jirtu keessatti seerri aadaa fi Manni Murtii Aadaa sadarkaa fudhatamummaa garagaraa keessa darbuu danda'eera. Keessumaa biyyootni ardii Afrikaa yeroo sirna kolonii biyyoota lixaa jala galanii fi sana dura seenaan hawaasummaa qaban garaagari dha. Sadarkaa xinsammuu Afrikaanoonni qaban xiqqeessanii ilaaluudhaan akkasumas sirna bulchiinsa bittaaadhaaf mijatu diriirsuun wal qabatee yeroo koloniitti biyyootni lixaa seeraa fi ilaalcha mataa isaanii biyyoota koloneeffatan irratti fe'uuf yaalaniiru.⁷⁴ Sirni kolonii erga kufeen boodatti biyyootni Afrikaa baay'een sirna seeraa ammayyaa cinaatti hojiirra oolmaa seera aadaa fi hundeeffama Mana Murtii Aadaa irratti hojjataniiru. Akkuma biyyoota Afriikaa biyyootni Lixaa fi Eeshiyaa bara ammayyummaan dura /pre modern era/ aadaa gabbataa kan qaban yoo ta'u aadaan isaanii ammayyummaadhuma hawaasa isaanii keessa baheen liqinfamaa deemuu irraa baraaramuu hin dandeenye.

Itiyoophiyaan biyya kolonii biyyoota lixaa jalatti kufuu baattuus aadaan saboota dhiibbaa kamirrayyuu bilisa jechuun hin danda'aamu. Ijaarsa biyyaatiin wal qabatee mootonni adeemsa hordofaniin aadaa saba tokkoo kan saba kaan irratti dhiibbaa taassiseera. Keessumaa aadaa saboota Kaaba Itiyoophiyaatti argamanii saboota kutaalee biyyattii garagaraatti argaman irratti dhiibbaa taassiseera. Dabalataanis, sirna seeraa ammayyaa'aa diriirsuun wal qabatee xiyyeffannaan seera aadaa fi Mana Murtii Aadaaf kennamuu qabu otuu hin kennamiin hafeera.

Hawaasni Afrikaa akka waliigalaatti hawaasa amala fi ilaalcha waliinii /communal attitude/ kan qabu ta'u barruuleen baay'een ni kaa'u. Kanarraan kan ka'ees aadaa isaas dhiibbaa ammayyummaa addunyaa irraa hanga tokko tikfachuu danda'eera. Haaluma kanaan, Heera isaanii keessatti seera aadaa fi Mana Murtii Aadaatiif beekamtii kennuun hojiirra oolmaa isaatiif sirna diriirsanii jiru. Biyyoota kunneen keessaa muraasni qorannoo kanaaf galtee ta'an kanneen armaan gadiiti.

⁷⁴ Akkuma Olitti lakk. 46, fuula 63

3.1. Muuxannoo Biyya Zimbaabuwee

Zimbaabuween osoo biyya ambaatiin hin koloneeffamiin dura hawaasnii fi jiraattotni biyya sanaa dhaabbata hooggana aadaatiin (institution of traditional leadership) gaggeeffamaa turan. Caasaan seerummaa dhaabbata hooggana aadaa kanaas aadaa fi baratama hawaasaa irraa kan madde ture.⁷⁵ Erga koloneeffamtee booda garuu mootummaan biyya bulchaa ture dhaabbata kana kaan isaanii diigee kaan isaanii immoo caasaa mootummaa ammayyaatiin bakka buusee ture. Haalli kun erga kolonii jalaa bahuun of danda'anii boodas hanga bara 2013'tti kan itti fufee ture.

Zimbaabuween bara 2013 keessa heera haaraa raggaasifatte. Heerri haaraan bahe kun dhimmoota haammate keessaa tokko dhaabbata hooggana aadaa caasaa mootummaa ammayyaa waliin hojjechuu akka danda'uuf beekkamtii kennuu isaati.⁷⁶ Heerri haaraan raawwatiinsa hooggana aadaa haala ifaa ta'een kaa'eera. Seera aadaa jechuun aadaa fi duudhaalee gosoota Zimbaabuwee biratti fudhatamaa argachuun jaarraa hedduu kan itti fayyadamamaa ture jechuu dha. Aadaan seera ta'uudhaaf sirrii, sababa kan qabaachuu fi seera qabeessuummaan isaa seerri beekkamtii kennuu qaba.⁷⁷

Zimbaabuween sirna seeraa komaan loowu fi seeraa aadaa irraa madde qabdi. Kolonii dura seerri aadaa qofaa kan qabduu fi erga koloneeffamtee booda garuu seerota biyyoota Awurooppaa kan fudhatte dha. Seerri aadaa dhimmoota akka maatii yookiin dhuunfaa irratti raawwatiinsa kan qabuu fi seerri biyya Awurooppaa immoo dhimmoota uummataa fi yakka irratti raawwatiinsa qabaata.⁷⁸ Erga kolonii jalaa bahanii booda seera gosa lamaa hordofuu kan eegaltee fi seeronni kun walfaanaa fayyadamamaa kan jirani dha.

Heerri isaanii seera aadaatiif beekkamtii kennuu isaa tumaawwan adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama. Seensa heerichaa keessatti aadaa isaaniif bakka guddaa akka qaban agarsiisa. Heera isaanii boqonnaa 15 jalatti waa'ee hooggansaa aadaa fi hojii isaanii ibsee jira. Seerri aadaa kabajamuu akka qabus tumaan kun ni agarsiisa. Gulantaa manneen murtii kaa'ee keessatti Manni

⁷⁵ Chigwata, Decentralization in Africa and the resilience of traditional authorities: evaluating Zimbabwe's track record (2015) p. 445

⁷⁶ Tinashe Chigwata Post-doctoral fellow, Dullah Omar Institute for Constitutional Law, Governance and Human Rights, Faculty of Law, University of the Western Cape

⁷⁷ Centre for Conflict Management and Transformation, Cultures in Conflict Challenges of Marriage and Divorce under Zimbabwe's Dual Legal System

⁷⁸ Kanuma

Murtii Aadaas haammatameera. Manni Murtii Aadaa kun garuu gulantaa gadjallaa irratti argama. Kana jechuun hin barbaadamu jechuu osoo hin taane ummanni baay'een naannoo baadiyaa jiraachuu fi isaan kan gaggeessuus seera aadaa ta'uu agarsiisuufi. Waldhabbi isaanis seeraa aadaatti gargaaramuun hiikkachaa kan jirani dha. Tumaawwan kun Manni Murtii Aadaa heera isaanii keessatti haammatamuu kanneen agarsiisani dha.

Akkuma biyyoota sahaaraa gadjallaa Zimbaabuwee keessattis dhaabbanni hooggana aadaa hawaasa qajeelchuu irratti gahee guddaa qaba. Kanneen bifa aadaatiin hawaasa bulchan sirnaa fi caaseffama adda addaa kan qabantu biyyitti keessa jira.⁷⁹ Sababii gosootni adda addaa aadaa fi baratama garaa garaa qabaniif seera aadaa haala walfakkaataa ta'een hojiirra oolchuun hin danda'amu. Gahee hojii mootii (chief's) keessaa tokko seeraa aadaa adda addaa kana akka waardiyyaa aadaa fi baratama hawaasaatti fudhachuun akka hojiirra oolu hiikuu dha.⁸⁰

Akka waliigalaatti garuu hooggansi aadaa kun tartiiba gulantaa isaanii irratti hundaa'uun kanneen akka *chiefs, headmen* fi *village heads* irraa kan walitti dhufanidha.⁸¹ Hooggansi aadaa kun aangoo abbaa seerummaas qabu. Hooggantootni aadaa ummatatti sirriitti kan dhiyaatanii fi hawaasa baadiyaa waliin hariiroo cimaa kanneen qabani dha. Seerummaa fi aangoon hooggantoota aadaa seeraa aadaa fi baratama barreeffamee hin jirre irraa kan madde dha.

Heerri isaanii aangoo fi dirqama adda addaa hooggantoota aadaa irra haala ifaa ta'een tarreessee jira. Dirqamaa fi aangoo haala kanaan heeraan ifaan beekkamtii kennuun mirgaa fi dirqamni kun osoo heerri hin fooyya'iin salphaatti irraa mulquu akka hin danda'amneef wabii guddaa dha. Akka heera kanaatti hooggantootni aadaa aangoo naannoo isaaniif kennamee jiru keessatti: duudhaalee aadaa naannoo isaanii keessattuu yaada duudhaa maatiin deeggarsa qabu guddisuu fi eeguu; Aadaa, baratama, seenaa fi hambaalee hawaasaa olkaa'uu; Guddinaaf haala mijataa uumuu; Seera paarlaamaan baasu irratti hundaa'uun lafa waliinii bulchuu fi naannoo kunuunsuu; Waldhabbiwwan hawaasa gidduutti uumamee jiru seera aadaa irratti hundaa'uun furmaata kennuu fi Hojiiwwan biroo seera paarlaamaan baaseen isaaniif kenname hojjechuuf aangoo fi

⁷⁹Fakkeenyaaf, Ndebele, Shona, Kalanga, Tonga fi Venda saboonni kun haala bulchiinsa isaanii irratti walfakkeenyaaf yoo qabaatanuu garaagarummaas qabu

⁸⁰ Akkuma Olitti lakk. 77

⁸¹ Musekiwa N, The role of local authorities in democratic transition in Masunungure and Sumba *Democratic transition* (2012), p. 242

dirqama ni qabu.⁸² Seerri aadaa dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen akka gaa'ila, diiggaa gaa'ila, qabeenya kunuunsuu fi daa'imma guddisuuf dirqama kan qaban, qallaba, dhaalaa fi hoogganaa aadaa muuduu irratti raawwatiinsa qaba.⁸³

Hojiirraa gaggeeffamuu hooggantoota aadaa ilaalchisee bu'uura heeraa fi seeraan ibsameen qofaa gaggeeffamuu akka qabanidha.⁸⁴ Dhimma isaanitti dhiyaate yeroo ilaalan seera aadaa dhimmichaaf rogummaa qabu sirnaan sakatta'uu akka qabani dha. Kana raawwachuufis dirqama qabu. Yeroo hojii isaanii raawwatan garee hundumaa walqixaa fi haala sirnaawaa ta'een ilaaluu akka qaban heerri hooggantoota aadaa irra dirqama kaa'ee jira.⁸⁵ Moototni (chiefs) miseensa dhaaba siyaasaa kamuu ta'uu akka hin qabne seerri ibseera.⁸⁶ Hooggantootni aadaa yeroo dhimma isaanitti dhiyaate ilaalan wantoota akka sanyii, bakka dhufaatii, gosaa, saala, ilaalcha yookiin siyaasa giddu galeessa godhachuun garee adda baasuu hin qaban.⁸⁷ Kan heerrii fi seerri jedheen ala bahuun yoo argaman hojiirraa kan gaggeeffaman ta'u.

Adeemsa Manni Murtii Aadaa hordofu salphaa fi kan jijjiirramu danda'u dha. Himataan dhimma himannoof sababa ta'ee fi himatamaan gaaffii irratti dhiyaateef mana murtiif *chief's court* ibsa godhu. Ragooleen gama lachuu waamaman waan argan yookiin dhagahan qofaa dhiyaachuun yaada isaanii kennu. Itti aansuun himataa fi himatamaan jecha ragoolee irratti yaada akka kennaniif carraan ni kennamaaf. Sana booda carraan namoota mana murtii keessa jiraniif (dare⁸⁸) kennamuun dhimmicha ilaalchisee yaada isaanii akka kennan taasifama. Yaadni isaan kennan garuu dirqisiisaa miti. Yaada dhiyaate fi ragaa madaaluun manni murtii itti fakkaate dabarsa. Manni murtii *Chief's* Mana Murtii Aadaa gulantaa olii irratti argamu dha. Manni murtii kunis walddhabii uumamee jiruuf yeroo murtii kennu gorsitoota kanneen dubbii sirriitti beekuu,

⁸² Section 282(1) Constitution of Zimbabwe

⁸³ Akkuma Olitti lakk. 78

⁸⁴ Section 281(1)(b) Constitution of Zimbabwe.

⁸⁵ Kauma Section 281(1)(c)

⁸⁶ Kanuma Section 281(2)

⁸⁷ Section 46(1) Traditional Leaders Act 1998

⁸⁸ Dare is a local court in Zimbabwe, which comprises the village head and a council of advisors and community members. It is a conflict resolution institution found among the Shona people. Criminal and civil cases are tried in the presence of local community members and the village head, in consultation with the council advisors, gives a ruling. According to the Zimbabwe constitution, a dare can refer a case to the modern court if the case contents prove to be beyond its jurisdiction

qarummaa fi beekumsa aadaa irratti hundaa’uun filataman irraa kan fudhatu dha. Manni murtii kun hawaasa bal’aa hirmaachisuun fooyya’aa dha.⁸⁹

Murtiin Manni Murtii Aadaa kun kennu akka mana murtii rikoordiitti hin ilaalamu (customary law courts are not regarded as courts of record). Kanaaf, yeroo oliyyannoo gara mana murtii idilee olaanaatti fudhataman akka dhimma haaraatti ilaalama. Adeemsi isaan hordofan amala gaaffii gaafachuun dhugaa barbaaduu (inquisitorial) kan qabu dha. Dhugaa jiru irra gahuuf *Chief* yookiin *Headman* gareewwan gaaffiiwwan adda addaa gaafatu. Adeemsi hordofamu salphaa waan ta’eef ogeessa seeraa bakka buufamuu kan gaafatu miti. Murtii kennuuf sababa kan ta’e barreessuun hin barbaachisu. Gareen komii qabu oliyyannoo yeroo gara mana murtii olaanaatti fudhate dhimmichi akka haaraatti ilaalama.⁹⁰ Manni murtii seeraa aadaa mana murtii jalqabaa kan *headmen* hoogganamuu fi mana murtii hawaasummaa kan *chief’s* hoogganamu qaba. Adeemsi manni murtii seera aadaa hordofu salphaa ta’ee himannoon isaanii afaaniin ibsachuun eegalama. Falmiin isaanii gargaarsa *chief’s* barreeffama.

Heerri bara 2013 keessa bahe hooggantoota aadaatiif kaffaltiin akka kennamuufii qabu akeekeera. Heerichi kaffaltii fi faayidaan *chief’s* argachuu qabu ministeera dhimma aadaa fi ministeera dhimma kana kaffaluuf dirqama qabu waliin erga mari’atamee booda murtaa’uu akka qabu kaa’a.⁹¹ Manni Murtii Aadaa irra caalaa seerota aadaatti gargaaramuun murtii kennu. Garuu manneen murtii aadaa akkuma mana murtii idilee qajeeltoowwan seeraas ni fayyadamu. Murtii manneen murtii aadaa dabarsan dhiifama gaafachuu cimina dhimmichaa irratti hundaa’uun kaffaltiiwwan adda addaa kanneen akka maallaqaa, horii, ra’ee fi hoolaa ta’uu danda’a.

3.2. Muuxannoo Afrikaa Kibbaa

Sirni seera Afrikaa kibbaa seera bifa koodiitiin hin teenye kan biyyoota Aworoppaa irraa fudhatame koomaan loowu fi seerota biyya keessaa dhaalame (inherited indigenous laws) kan seera aadaa jedhamu qabdi. Seerri aadaa baroota hedduutiif duudhaa seera koomaan lawu waliin yoo walitti bu’e fudhatama dhabamsiifamaa ture. Bara 1994 keessa garuu seerri aadaa seera koomaan lawuu waliin walcinaa ilaalamuu eegale. Jijjiirrama kanaaf sababa guddaa kan ta’e

⁸⁹ HEAL ZIMBABWE TRUST (HZZ) & ZIMBABWE CIVIC EDUCATION TRUST (ZIMCET), Policy Brief on Transitional Justice and Peace Building Mechanism in Zimbabwe, 2016

⁹⁰ Akkuma Olitti lakk. 78

⁹¹ Section 284(1) Constitution of Zimbabwe. The remuneration of traditional leaders is paid out of the Consolidated Revenue Fund: see section 284(2) Constitution of Zimbabwe.

sirna appaartaayidii booda heerri isaanii seera aadaa fi koomaan lawuu sadarkaa walqixa ta'e kennamuu isaati.

Imaammanni haqaa Afrikaa Kibbaas jiraachuu sirna seerota dachaa (plurality of legal system) agarsiisa. Sirni haqaa biyyittii gama tokkoon duudhaa fi qajeeltoo warra dhihaa irratti bu'uureffame kanneen akka adeemsa haqaa (procedural justice), adabbii malu (retribution), hidhaa (incarceration) fi haaloo bahuu (revenge) kan haammatu yoo ta'u; Gama birootiin immoo sirna aadaa duudhaa fi qajeeltoo Afrikaa calaqqisiisu danda'an kanneen akka dhugaa barbaaduu, waltaasisuu (reconciliation), beenyaa (compensation) fi deebisanii ijaaruu (rehabilitation) bu'uureffate qabu.⁹² Duudhaalee sirna Afriikaa keessaa tokko namummaa (*Ubuntu*) dha.⁹³

Aangoon abbaa seerummaa Afrikaa Kibbaa kan manneen murtii tumaa seeraatiin hundaa'aniiti (creatures of statute). Akka heera isaani kutaa 16 kessatti ibsamee jirutti mana murtii heeraa, mana murtii waliigalaa oliyyannoo, mana murtii olaanaa, mana murtii aanaa (magistrates' courts) fi mana murtii seeraan dhabbate yookiin bekkamtiin kennmeefi akka ta'e dha. Dabalataan heerri isaanii manneen murtii aadaa osoo heerri kun hin bahiin turan itti fufuu akka qaban beekkamtii kenneefii jira.⁹⁴

Heerri Afrikaa Kibbaa itti fufiinsa qabaachuu sirna haqaa dacha kan mirkaneesse dha. Sirni dachaa (Plurality) kun caaseffama haadhoo (mainstream) fi Mana Murtii Aadaa gidduutti qofaa osoo hin taane caaseffama aadaa hawaasaa adda addaa keessa illee kan jiru dha. Manni Murtii Aadaa gosoota bebbeekkamoo kanneen akka Mana Murtii Aadaa seera qabeessa (official) fi Mana Murtii Aadaa al-idilee (informal/unofficial) qabaachuun isaanii sirna dacha hawaasa keessa jiru kan dhugoomsu dha. Warreen seera qabeessa jedhaman akka heera kutaa 16(e) fi paraagraafii 16(1) jalatti ibsamani jiraniitti kanneen seera tumamaniin hundeeffamani dha. Haala qabatama amma jiruun manneen murtii aadaa seera 'Black Administration Act'

⁹² Christa Rautenbach, LEGAL REFORM OF TRADITIONAL COURTS IN SOUTH AFRICA: EXPLORING THE LINKS BETWEEN *UBUNTU*, RESTORATIVE JUSTICE AND THERAPEUTIC JURISPRUDENCE, *Journal of International and Comparative Law*, 2015, p. 276

⁹³ An equity principle which has seeped into the legal landscape and continues to play a major role in the reasoning of the South African judiciary.

⁹⁴ Akkuma Olitti lakk. 93, fuula 277

jedhamuun hundeeffamani dha. Manneen murtii kun seera mootummaan baaseen kan hundeeffaman yoo ta'eyyuu hojii isaanii seera aadaa irratti hundaa'uun kan hojjetani dha.⁹⁵

Heerummaa fi haalli hojmaata Mana Murtii Aadaa sirna appaartaayidii boodaa haala ifaa ta'een kaa'amee jira.⁹⁶ Manni Murtii Aadaa seera qabeessi naannoo baadiyyaatti hundeeffamanii jiru. Manni Murtii Aadaa kunis hoggantoota aadaatiin too'atamu. Seerri 'Black Administration Act' jedhamu firii dubbii mana murtiitti dhiyaatu irratti hundaa'uun tumaawwan hariiroo hawaasaa yookiin yakkaa jechuun manneen murtii aadaa gosa lama hundeesseera. Addaan goodiinsi kun sirna koomaan lawuu giddu galeessa godhachuun kan taasifame waan ta'eef barreeffamoonni seeraa adda addaa qoqqoodiinsi kun dhugummaa qabiyyee seera aadaa hin ibsu jechuun qeequ. Qabatamaan garuu manneen murtii aadaa dhimmoota hariiroo hawaasaa yookiin yakkaa jechuun osoo adda hin baasiin dhimmoota isaanitti dhiyatu ilaalaa jiru.

Qabatamaan manneen murtii hariiroo hawaasaa yookiin yakkaa jechuun addaan baasanii hojjechaa yoo hin jiraanneyyuu addaan qoqqoodiinsi kun sirnaan seera Mana Murtii Aadaa keessatti ibsamee jira. Seera 'Black Administration Act' kutaa 12 jalatti aangoo hariiroo hawaasaa hooggantoota aadaa ibsee jira. Manni Murtii Aadaa hariiroo hawaasaa dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaaluu kan danda'u wantootni afur guutanii yoo argamani dha. Isaanis: gaaffiin dhiyaate seera aadaa irraa yoo madde, gareen hunduu lammii Afriikaa yoo ta'an, dhimmi himannoo hariiroo hawaasaaf sababa ta'e naannoodhuma mana murtii sanatti yoo raawwatee fi gaaffiin dhiyaate dhimmoota akka gatii dhabsiisuu (nullity) fi diiggaa gaa'ilaan kan hin ilaallanne too ta'e qofaa dha.

Adeemsa Manni Murtii Aadaa hordofuu qabu adeemsa seera aadaa ta'ee garuu heera yookiin seera aadaa ilaalchisee qaama mootummaatiin seera tumamee jiru faallessuu hin qabu. Adeemsi hordofamuu qabu adeemsa seera aadaa hawaasa sanaa ta'ee akka ulaaga dabalataatti adeemsa

⁹⁵ Akkuma Olitti lakk. 93, fuula 277

⁹⁶ Section 16(1) of the constitution states that: "Every court, **including courts of traditional leaders**, existing when the new Constitution took effect, continues to function and to exercise jurisdiction in terms of the legislation applicable to it, and anyone holding office as a judicial officer continues to hold office in terms of the legislation applicable to that office, subject to – (a) any amendment or repeal of that legislation and (b) consistency with the new Constitution

falmii qaama hundaa walqixaa ilaalu (fair trial procedures) qabaachuu isaati. Falmii taasifamu keessatti gareen ogeessa seeraan bakka buufamuun falmachuun hin eeyyamamu.⁹⁷

Murtii Mana Murtii Aadaatiin kenname kan raawwatamu bu'ura seera aadaatiin ta'a. Raawwiin qabeenyaa aangoo daangaa hoogganaa aadaan alaa ta'e irratti kan raawwatamu yoo ta'e abbaan mirgaa manni murtii aanaa akka raawwachiisuuf gaafachuu ni danda'a. Gareen murtii kenname irraa komii qabu oliyyannoon gara mana murtii aanaatti fudhachuu ni danda'a. Akka 'Black Administration Act'tti Manni Murtii Aadaa dhimmoota hariiroo hawaasaa qofaa osoo hin taane aangoo yakkoota muraasa ilaaluu akka qabu kaa'a.

Aangoo dhimma yakkaa irratti Manni Murtii Aadaa qabaachuu kan danda'u yakkicha kan raawwate nama Afrikaa gurraachaa yoo ta'ee fi iddoon yakkichi itti raawwatame aangoo Mana Murtii Aadaa sana jala yoo ta'e dha. Ragaa fi adeemsi hordofamuu qabu bu'uuruma seera aadaa naannoo sanaatiin ta'a. Aangoo dhimma yakkaa ilaaluu isaanii garuu daanga'aa dha. Dhimmoota akka ajjeechaa, miidhaa qaama cimaa yookiin hidhaa yookiin adabbii maallaqaa R100 ol yookiin horii gurguddaa lama yookiin xixinnaa kudhan ol (two head of large stock or ten head of small stock) yookiin murtii du'aa murteessuu hin danda'an.

Adabbii kenname irratti qaamni komii qabu oliyyannoo gara mana murtii aanaa, mana murtii aanaa gara mana murtii olaanaattii fi dhuma irratti gara mana murtii waliigalaa oliyyannootti yookiin firiin dubbii dhimmicha gaaffii heeraa kan kaasuu yoo ta'e gara mana murtii heeraatti fudhachuu ni danda'a.

Manni murtii idilee fi Manni Murtii Aadaa yakkoota tokko tokko irratti aangoo walfaanaa yoo qabaatanuu yakkamaan dhimma tokko irratti yeroo lamaa himatamuu hin danda'u. Yakkamaan manneen murtii kana keessaa isa tokkotti dursee yakkamaa (previously convicted) yookiin bilisa (previously acquitted) yoo jedhameera ta'ee dhimmuma kana ilaalchisee mana murtii birootti yoo himatame yaada murtii kana kaasuun irraa fayyadamamaa ta'uu ni danda'a.⁹⁸

Manni Murtii Aadaa naannoo baadiyyaatti kan hundeeffamanii jiranii fi mootota (chiefs or headmen) kanneen jedhamaniin kan too'atamani dha. Qaamni murtii manneen murtii aadaan kennamee jiru irraa komii qabu oliyyannoo isaanii gara mana murtii aanaa, mana murtii olaanaa

⁹⁷ Akkuma Olitti lakk. 93, fuula 284

⁹⁸ Kanuma fuula 286

fi mana murtii waliigalaa oliyyannootti haaluma tartiiba isaatiin fudhachuu danda'a. Moototni yeroo Mana Murtii Aadaa hoogganan mana mare (councilors) isaaniitiin gargaaramu.⁹⁹

3.3. Muuxannoo Biyya Maalaawwii

Manni murtii Maalaawwii sababa kolonii irraa kan ka'e sirna mana murtii Biritaniyaa kan dhaale dha. Caaseffamni isaanii mana murtii waiigalaa Oliyyannoo, mana murtii olaanaa fi aanaa qaba. Manni murtii waliigalaa oliyyannoo mana murtii fiixee biyyittiiti. Aangoon isaas oliyyannoo manneen murtii fi qaamolee bulchiinsaa irraa dhufan dhaga'uun murtii kennuu dha.¹⁰⁰ Manni murtii olaanaa dhimmoota hariiroo hawaasaa fi yakkaa ilaaluuf aangoo qaba. Aangoo isaas kan daanga'e miti. Dhimmoota oliyyannootiin mana murtii aanaa irraa dhufanis ni ilaala. Seerota bahanii fi murtiiwwan adda addaa mootummaan darban heera waliin walsimachuu isaas ilaaluuf aangoo ni qaba. Manni murtii aanaa mana murtii gadjallaati. Teessoon isaas aanaa fi maagaalota hunda keessatti argama.¹⁰¹ Aangoo dhimmoota yakkaa fi hariiroo hawaasaa akka ilaaluuf kennameefii jira. Manni murtii kun gulantaawwan adda addaa qaba.¹⁰²

Maalaawwiin mana murtii idileen ala sirna Mana Murtii Aadaa ni qabu ture. Garuu Manni Murtii Aadaa kun Prezidaantii Maalaawwii Bakili Muluzi'n bara 1994 keessa hafee ture. Manneen murtii gosa adda addaa yoo qabaatanuu kanneen sadarkaa baadiyyaatti hojjetan hin qaban ture. Manni Murtii Aadaa heera isaanii bara 1994 keessattis beekkamtiin kennameefii jira.¹⁰³ Heera kana keessatti gulantaa manneen murtii ibsamee jiru irratti kan Mana Murtii Aadaas kaa'ameera. Gulantaan isaa yoo ilaalamu mana murtii olaanaa fi waliigalaa gaditti argama. Goodayyootni heera kanaa manneen murtii lama aangoo qixa qaban walmaddii akka hin jiraannee godhuufi. Kanuma mirkaneessuuf heericha kutaa 103(3) jalatti manni murtii aangoo olaanaa yookiin walfaanaa mana murtii olaanaa fi waliigalaa waliin qabu akka hin jiraanne ibsee jira. Heerri beekkamtii yoo kenneyyuu hojiirra oolmaa isaa irratti yeroo fudhateera.¹⁰⁴

⁹⁹ Akkuma Olitti lakk. 93, fuula 16

¹⁰⁰ Megan Crouch, *Improving Legal Access for Rural Malawi Villagers*, <http://jurist.org/deline/2011/08/megan-crouch-local-courts-malawi.php>.

¹⁰¹ Rule of Law in Malawi: The Road to Recovery, Report of the International Bar Association's Human Rights Institute (IBAHRI) Funded by the Open Society Initiative for Southern Africa (OSISA), August 2012, 24

¹⁰² They are divided into sections: the courts of Resident Magistrates; followed by First, Second and Third Grade courts

¹⁰³ Redson Edward Kapindu, **Malawi: Legal System and Research Resources, 2009**,

¹⁰⁴ Akkuma Olitti lakk. 102, fuula 25

Sadarkaa baadiyyaatti qaamni haqa argamsiisu dhabamuun mirga haqa argachuu lammiilee kan midhe ta'uu koomishiniin seera Maalaawwii gabaasa isaa bara 2007 keessa taasiseen paarlaamaa hubachiisee ture. Bara 2010 keessa paarlaamaan Maalaawwii sababa gabaasa kanaatiin rakkoo jiruuf xiyyeeffannaa kennuun sirna haqaa al-idilee fi idilee walitti hidhuun barbaachisaa akka ta'e irratti waliif galan.

Haaluma kanaan paarlaamaan sirna al idilee waldhabbiin ittiin hiikamuu danda'u waltajjii seeraan beekkamtii qabu kanneen seerummaan isaa aadaa, baratamaa fi duudhaa irraa madde dhimmoota waliigalaa hariiroo hawaasaa fi yakkoota xixiqqaa ilaaluu danda'u hundeessuun akka qabamu kallattiin kaa'ame.¹⁰⁵ Walitti hidhamiinsa kanaan mirgi dhala namaa fi haqummaan uumamaa akka hin miidhamneef haala ittiin mana murtii idileen irra deebi'amee ilaalamus taasifameera.¹⁰⁶ Bu'uuruma kanaan bara 2011 ji'a Eblaa keessa paarlaamaan biyyittii seeran Mana Murtii Aadaa gulataan isaa mana murtii aanaa gadi ta'e hundeessanii jiru.

Seera haaraa baheen manneen murtii aadaa hanga sadarkaa baadiyyaatti kan diriirfame dha. Akkasumas, seerri kun Mana Murtii Aadaa oliyyannoo dhaga'u hundeessesse jira. Manneen murtii aadaa kana kan hoogganu dura taa'aa (chairperson) ta'ee muudamuuf yoo xiqqaate umriin isaa waggaa 35 yookiin isaa ol, waraqaa ragaa barnootaa mana barnootaa Maalaawwii kan qabu, beekumsa aadaa bakka manni murtii itti hundaa'ee jiru kan qabuu fi afaan naannoo sanaa sirnaan kan beekuu ta'uu qaba. Manni Murtii Aadaa dhimma hariiroo hawaasaa irratti akka gorsaatti kan isaan gargaaru paanaalii qabu. Garuu gorsa gargaartotni (assessors) kennan dirqisiisaa miti. Ulaagaan gargaartotni kun (assessor) guutuu qaban kanuma dura taa'aa ta'ee garuu gargaartotni yoo xiqqaate waggaa 50 fi ragaa barnootaa mana barumsaa Maalaawwii hin gaafatu.¹⁰⁷ Gorsitootni kun hojii Mana Murtii Aadaa itti dhiyeenyaan too'atu.¹⁰⁸ Manni Murtii Aadaa aangoo dhimma yakkaa fi hariiroo hawaasaa yoo qabaateyyuu dhimmoota akka abbaa qabeenyummaa lafaa, dhaala, iddoo eegumsa daa'immanii (custody of children), dhimma falfalaa (witchcraft) yookiin dhimma hoogganaa gosaa (chieftaincy) ilaaluu hin danda'u.

¹⁰⁵ Section 110(3) of the Constitution provides

¹⁰⁶ Desmond Mudala Kaunda, Human Rights, Expanding Access to Justice for the Poor Malawi's Search for Solution, A Comparative Analysis with Others Selected Informal Justice Systems (The Danish Institute for Human Rights), 2011, available at: www.humanrights.dk

¹⁰⁷ Akkuma Olitti lakk. 101

¹⁰⁸ Akkuma Olitti lakk. 102, fuula 31

3.4. Muuxannoo Biyyaa Naayijeeriyaa¹⁰⁹

Heerri Mootummaa Naayijeeriyaa bara 1999 bahe kutaa 6^{ffaa} keessatti aangoo abbaa seerummaa Mootummaa Federaalaa Mana Murtii Federaalaatiif yoo kennu aangoo abbaa seerummaa naannolee immoo Manneen Murtii Heera Naannoleetiin hundaa'aniif kenna. Heerri mootummaa Naayijeeriyaa Naannoleen gama Mana Maree Bakka Bu'oota (Assembly) isaaniitin sadarkaa gadiitti (grassroot) Mana Murtii Gandaa (Area Court) Ykn Mana Murtii Aadaa akka hundeessaniif aangoo kennee jira. Manneen murtii kunneen mana murtii jalaa (grassroot court) jedhamu. Sababni isaas hawaasa sadarkaa gadiitti argamaniif adeemsa walxaxaa hin taaneen tajaajila waan kennaniifii dha.¹¹⁰

Moggaafamni manneen murtii kanaa Kaaba Naayijeriyaatti Mana Murtii Gandaa (Area Court) yoo jedhaman Kibba Naayijeeriyaatti Mana Murtii Aadaa ykn Mana Murtii Naannoo / (Customary or District Court) jedhamu. Dhimma Yakkaa fi Siviilii ilaaluuf aangoo kan qaban yoo ta'u manneen murtii kunneen seeraa ykn aadaa hawaasa keessa jiran irratti hundaa'uun murtii kennu. Yakka ilaalchisee murtiin isaan kennan kan haqaa fi seera biyyattiin walitti bu'u ta'uu hin qabu. Adeemsa hordofan ilaalchisee manneen murtii Kibba Naayijeriyaatti argaman Seera Deemsa falmii (criminal procedure Act) kan gargaaraman yoo ta'u kanneen Kaaba Naayijeriyaatti argaman Koodii Deemsa Falmii Yakkaa gargaaramu. Deemsa siivilii ilaalchisee seera mana murtii gandaa fi seera daangaa aangoo isaaniitti bahe gargaaramu. Adeemsa falmii salphaa kan gargaaramii fi hawaasa biratti dhiyeenyatti kan argaman waan ta'eef namootni baay'een manneen murtii kanatti ni gargaaramu.¹¹¹

Naayijeeriyaa keessa naannoo lama: Leegoosii (Lagos) fi Akuwaaa Ibom (Akwa Ibom) fudhachuun hojimaata biyyattii ilaaluun ni danda'ama. Akuwaa Ibom keessatti manni murtiichaa Mana Murtii Aadaa ykn gandaa (customary or district court) jedhamuun beekama. Abbootiin seeraa mana murtii kanaa dhiyeessa hogganaa mana murtiidhaan (chief justice) Komishinnii Tajaajila Abbaa Seerummadhaan kan muudamanii dha. Abbootiin seeraa kun baay'inaan sadii yoo ta'aan walitti qabaa ogeessa seeraa muuxannoo waggaa shanii kan qabaatu yoo ta'e isaan

¹⁰⁹ Muuxannoon Naayijeriya qorannoo bara 2011 ALI ILQSO'n mata duree: Bu'a qabeessummaa Mana murtii Hawaasummaa gandaa : Obbo Azzanee Indaalammaa fi Abdii Tasfaan hojjatame. Qorannoo amma kanaaf rogummaa qabaachuu isaatiin akkuma jirutti fuula 34-36 fudhatamee jira.

¹¹⁰ Global Journal of Politics and Law Research, THE JUDICIARY AND THE ROLE OF CUSTOMARY COURTS IN NIGERIA, Udosen Jacob Idem (Ph.D)Vol.5, No.6, November 2017, page 34

¹¹¹ Kanuma fuula 35

hafan garuu miseensa hawaasaa ta'aanii namoota barumsa hin qabne ta'uu danda'u. Walitti qabaan dhaabbataadhaan kan qaxaramu yoo ta'u kanneen lamaan hafa marsaa tokkoof yeroo waggaa sadii qofaaf qaxaramu. Falmiin hanga danda'aametti abbootiin seeraa sadi bakka jiranitti gaggeeffama, yoo tokko hin jirre ta'e garuu walitti qabaan sagalee lama kan qabaatu ta'a. Aangoo yakkaa ilaalchisee manneen murtii kunneen yakkoota adabbiin isaanii niiraa kuma tokko ykn adabbii hidhaa ji'a sadii hin caalle ilaaluu ni danda'u. Himannaa yakkaa kana hanga danda'aameetti araaraan (reconciliation) xumuruun beenyaa kaffalchiisuuf ni yaalu.

Dhimma siiviilii ilaalchisee abbummaa qabeenyaa (ownership), abbummaa qabiyyee (possession), lafa namaa qabachuu /occupation/ ilaalchisee beenyaan gaafatamu hanga niira 1000/kuma tokko/ hin dabarreetti, gatiin isaa niiraa kuma tokko kan hin caalle ta'ee dhimma qabeenyaa dhaalaa fi qabeenya nama du'ee bulchuu ilaaluuf, falmii gaa'ilaa bu'uura aadaatin hundeeffamee, guddisa daa'immanii bu'uura seera aadaatin ni ilaala. Oliyyannoon murtii mana murtii aanaa naannoo kanaa gara mana murtii Maajjistireetii dha.¹¹²

Naannoo Leegoos keessatti Manni Murtii Aadaa Komishinii Tajaajila Abbaa seerummaatiin kan hundeeffamu yoo ta'e abbootii seeraa sadii hanga shanii qabaata. Seerri Mana Murtii Aadaa leegoos namni perezidantii ykn abbaa seeraa Mana Murtii Aadaa ta'een kan muudamu¹¹³

1. Nama amala gaarii qabuu fi hawaasa biratti fudhatama qabu
2. Nama galii gahaa qabu
3. Yoo xiqqaatee sadarkaa barnootaa sartifikeetii qabu
4. Nama umuriin isaa 50 fi isaa ol

Yeroon turtii abbootii seeraa mana murtii leegoos waggaa shaniif yoo ta'u waggaa shan booda illee irra deebiin muudamuu ni danda'a. Kan hojjiirraa gaggeeffamu tajaajila abbaa seerummaa kennuuf sammuudhaan yoo dadhaban, dandeettii gadi aanaa yoo agarsiisan, yakkaan balleessaa yoo jedhaman, naamusa badii yoo agarsiisanii dha.¹¹⁴ Abbootiin seeraa Mana Murtii Aadaa dirqama isaa bahuu keessatti hojii hojjateef ykn akka hojjatamu ajajeef aangoodhaan alattis miira

¹¹²Udosen Jacob Idem (Ph.D),THE JUDICIARY AND THE ROLE OF CUSTOMARY COURTS IN NIGERIA, Global Journal of Politics and Law Research Vol.5, No.6, 2017 Fuula 46

¹¹³ Section. 6 of The Lagos State Customary Courts Law 2011

¹¹⁴ Kanuma Section 7

fayyaalummaatiin /in good faith/ aangoon qaba jechuun raawwateef ykn akka raawwatu ajajeef itti hin gaafatamu.¹¹⁵

Aangoo yakka ilaalchisee manni murtii kun yakki ilaalan yakkoota adabbiin isaanii niira dhibba lama hin dabarre ykn adabbii hidhaa ji'a tokko hin dabarre ilaalu. Kanaan ala yakkoota kan akka ajjeechaa, yakka amantaa hir'isuu biyya irratti raawwatamu /treason/, yakka uummatni mootummaa irratti hookkara akka kaasuu gochuu (sedition), yakka dirqisiisanii gudeeduu, yakka icitii hojii mootummaan wal qabatu fi yakkoota gurgurdoo biroo ilaaluuf aangoo hin qabu.¹¹⁶ Aangoo dhimma siiviilii ilaalchisee gatiin isaa niiraa kuma tokko kan hin caalle ta'ee dhimma qabeenyaa dhaalaa fi qabeenya nama du'ee bulchuu ilaaluuf, falmii gaa'ilaa bu'uura aadaatin hundeeffamee, guddisa daa'immanii bu'uura seera aadaatin ni ilaala.¹¹⁷

3.5. Muuxannoo Biyya Zaambiyaa¹¹⁸

Zambiyaa keessatti hawaasa sadarkaa jalaatti argamuuf dhaqqabamummaa haqaa mirkaneessuuf Mana Murtii Dhimmoota Xixiqqaa (Small Claim Court) jechuu dhaan labsiidhaan hundeeffamee jira. Manneen murtii kunneen kan dhaabbatan hoggansa Mana Murtii Waliigalaaa (Chief Justice) yoo ta'u dhimmoota hanga qarshii biyyattii kumaa afur tilmaamamutti ilaaluuf aangoo qabu.¹¹⁹ Dhimmi kanas jaarsummaa (arbitration) dhaan ilaalama.¹²⁰ Manni murtii kun abbaa murtii (arbitrator) tokko kan qabu yoo ta'u abbaa murtii ta'ee muudamuuf yoo xiqqaate muuxannoo hojii seeraa (legal practitioner) waggaa shan qabaachuu qaba.¹²¹ Abbaan seeraa kun kan muudamu Komishinii Tajaajila Abbaa Seerummaa (Judicial Service Commission) heera biyyattiitin hundaa'eeni. Abbaan murtii kun miindeeffamaa dhaabbataan otuu hin taane hanga hojjateen (allowance) kaffalameefii kan hojjatu dha.¹²² Manneen murtii kun ofiisara seera Koomishinii Tajaajila Abbaa Seerummaatin ramadamaniif kan qabuu dha.¹²³

¹¹⁵ Section 17 Of The Lagos State Customary Courts Law 2011

¹¹⁶ Akkuma Olitti lakk., Fuula 38

¹¹⁷ Chigozie Nwagbara, The Nature, Types And Jurisdiction Of Customary Courts In Thenigeria Legal System, Journal Of Law, Policy And Globalization , Vol.25, 2104, Fuula 6

¹¹⁸ Akkuma Olitti lakk 110, fuula 36-37

¹¹⁹ Republic Of Zambia The Small Claims Courts Act, Art.5

¹²⁰ Kanuma kew. 5

¹²¹ Kanuma kew. 4 & 7

¹²² Kanuma kew.8

¹²³ Kanuma kew, 10

Falmeen mana murtii kanatti taasifamu dhadacha banaa, adeemsa salphaa fi al-idilee ta'eenii dha.¹²⁴ Wal falmitootni ogeessaa seeraa bakka buufachuun falmii gageessuu hin danda'aan. Kaayyoon jalqabaa mana murtii kanaa hanga danda'aameetti dhimma wal falmitootaaf haqa mirkaneessuun araaraan (reconciliation) xumuruu ta'uu qaba.¹²⁵ Falmii wal falmitootaa xumuruuf manni murtii seera ragaatiin otuu hin daanga'iin seeraa fi safuu ykn hamilee (equity) gargaaramuu danda'u.¹²⁶

Himanni erga dhiyaateen booda mana murtii baasii himataatiin waraqaa waamichaa himatamaa akka qaqqabu ni taasisa. Yeroon beellamaas bifa himatamaan itti qophaa'ee dhufuu danda'uun yeroon gahaa ni kennamaaf.¹²⁷ Waraqaan waamichaa himatamaa qaqqabee himatamaan kan hafe yoo ta'e kabaja mana murtii tuquun jedhamee hidhamee akka dhiyaatu ni taassifama.¹²⁸ Manni murtii falmii erga dhaga'een booda murtiilee: iyyata haquu, murtii qarshii (award) dhala waliin ykn dhala malee, meeshaan akka deebi'u (order for the restitution of any property), raawwii waliigaltee kan tajaajila humnaa hin dabalannee (specific performance of a contract, other than a contract of personal service), fi kan biroo haqni barbaade ajajuu danda'a.¹²⁹ Murtiileen kun mana murtii olaanaattis garagaalchaan galii ta'u. Murtii mana murtii dhimma xixiqqaatin kenname ijoo seeraan alatti oliyyannoon irratti hin fudhatamu.¹³⁰ Murtiilee murteessan raawwachiisuuf aangoo kan qaban yoo ta'u nama murtii hin raawwanne irratti qabeenya dhuunfaa abbaa idaa irratti ajaja ni kennu. Ajajni kun garuu uffata dhuunfaa fi uffa siree, meeshaalee daldalaaf oolan, nyaata manaa fi abbaa idaa barbaachisan hin dabalatu.¹³¹

Namni kamiyyuu ajaja mana murtii yoo fudhachuu baate, mana murtii kan doorsisi ykn arrabse, hojii mana murtichaa kan gufachiise, sanada barbaachisu mana murtiif yoo kennuu dide, gaaffii mana murtii deebisu yoo dide, hariiroo mana murtii kana waliin odeeffannoo abbaa murtii dogoggorsu kan kenne, otuu murtii raawwachuu danda'u yoo raawwachuu dide fi hojii Kanaan balleessa yoo jedhame qarshii dhibba afur ykn hidhaa ji'a ja'a hin dabarre adabuu ni danda'a.¹³²

¹²⁴ Kanuma kew.12(1) &(2)

¹²⁵ Kanuma kew. 14

¹²⁶ Kanuma kew.16

¹²⁷ Kanuma kew.18

¹²⁸ Kanuma kew.18

¹²⁹ Kanuma kew.20

¹³⁰ Kanuma kew.22

¹³¹ Kanuma kew. 24

¹³² Kanuma kew. 25

Boqonnaa Afur

Caasseeffama Mana Murtii Aadaa fi Itti Fayyadama Seera Aadaa: Xiinxala Daataa

Seensa

Manni murtii aadaa mana murtii idilee waliin yoo madaalamu haala salphaa dhaan dhaqqabamaa kan ta'e, adeemsa salphaa fi filatamaa kan hordofu, duudhaa fi aadaa hawaasni beekuun tajaajila haqaa kan kennu, wal falmitoota nagaadhaan gara haariiroo isaanii duraatti kan deebisuu fi hawaasa biratti miira abbumaadhaan kan ilaalamuu dha. Kanumarraan kan ka'e biyyoota baay'ee keessatti sadarkaa Heeraatti beekamtii argachuudhaan mana murtii idilee biratti tajaajila haqaa idilaa'aa ta'e kennaa kan jiruu dha.

Bu'uura tumaa Heera DFRI fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatin fedhii wal falmitootaa hanga ta'eetti falmii seera maatii fi seera dhuunfaadhaan ilaalamuu danda'aan seera aadaatiin xumurachuu danda'u.¹³³ Dabalataanis, Heerronni lamaanuu qaamni seera baastu sadarkaa mootummaa Federaalaattii fi sadarkaa naannootti argaman mana murtii aadaatiif beekamtii kennuu ykn hundeesu akka danda'aan ni ibsu.¹³⁴ Kunis kan agarsiisu wal dhabdee hawaasa keessatti namoota gidduutti uumamuu malu mana murtii idilee fi seera mootummaadhaan tumamu qofaan furuuf itti deemuu irra mana murtii aadaa fi seera aadaa akka filannoo dabalataatti kaa'ame dha.

Heerronni lameen armaan olitti caqasaman kunneen beekamtii ifa ta'e mana murtii aadaa fi seera aadaatiif kan kennan yoo ta'ees sadarkaa naannoo Oromiyaatti hundeeffama mana murtii aadaa fi itti fayyadama seeraa aadaa dhugoomsuuf hojiin hojjatame hanga ammaatti hin jiru. Kana jechuun garuu wal dhabdee hawaasa keessatti namoota dhuunfaas ta'e garee gidduuttii uumamu marti gama mana murtii idileetiin furmaata argachaa jira jechuu miti. Aadaan jaarsummaa fi sirni gadaa hawaasa keessatti argamu wal dhabdee namoota gidduu jiru furuun hariiroo namootaa fi gareewwan gidduu jiru tasgabaa'aa gochuu fi tajaajila haqaa kennuu keessatti shoora olaanaa taphataa akka jiru hubachuun ni danda'aama.

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa keessatti hundeeffama mana murtii aadaa fi itti fayyadama seera aadaatiif kallatti kan kaa'u yoo ta'u sodaawwanii fi carraawwan jiran adda kan baasu,

¹³³ Heera DFRI kw. 34(5) fi Heera naannoo Oromiyaa kw.34(5)

¹³⁴ Heera DFRI kw. 78(5) fi Heera naannoo Oromiyaa kw.62(1)

caasseeffamnii fi gurmaa'iinsi mana murtii aadaa maal fakkaachuu akka qabu akkasumas manni murtii aadaa dhimmoota akkamii ilaaluu akka qabu akeekuu irratti kan xiyyeeffatee dha. Dabalataanis, dhimmi hawaasa sab-daneessa (metro politan society) magaalaa keessatti argamuu haala kamiin keessummaa'uu akka qabu, fi sirna aadaa irratti hundaa'uun tajaajila abbaa seerummaa kennamu keessatti dhimma hirmaannaa fi wal qixxummaan dubartootaa qorannoon kun sakatta'uuf yaaleera.

Haaluma kanaan, gaaffilee qorannoo boqonnaa tokko jalatti kaa'aman deebisuuf mala qorannoo : af-gaaffii, marii garee fi bargaaffii hojiirra ooleera. Marii garee gargaaramuudhaan Abbootii Gadaa, Jaarsolii biyyaa fi Ogeessotaa fi Qorattoota aadaa kanneen Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarkaa Aanaatii hanga Naannootti argamanii fi kanneen Giddu Gala Aadaa Oromoo jiran kan quunnamne yoo ta'u mala Af-gaaffii fayyadamuun hooggansa Mana Murtii fi kan Biiroo aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarkaa mara irra jiranii fi barsiisota dhaabbilee barnootaa olaanoo irraa odeeffannoo sassaabameera. Abbootii seeraa Mana Murtii sadarkaa Aanaa hanga Waliigalaa jiran irraa bifa bargaaffiitin odeeffannoo irraa sassaabuuf quunnamneerra.

Qaamoleen daataan irraa funaaname Godina torbaa fi Aanaa kudha afur keessatti argamu.¹³⁵ Daataawwan funaanaman kunneenii fi muuxannoon biyyootaa garagaraa haala gaaffii qorannoo boqonnaa tokko keessatti kaa'aman deebisuu danda'utti mata duree adda addaa jalatti akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

4.1. Hundeeffama Mana Murtii Seera Aadaa: Sodaa fi Carraa Jiran

Hundeeffama mana murtii seera aadaatiin wal qabatee carraawwanii fi sodaawwan jiran adda baasanii beekuun tarkaanfilee itti aanan fudhatamuuf baay'ee murteessaa dha. Haaluma kanaan carraa fi sodaa maaliitu jira kan jedhu adda baasuuf marii garee, af-gaaffii fi bar-gaaffii gargaaramuun odeeffannoo qaamolee adda addaa irraa funaaname bifa armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

¹³⁵ Godina Gujii Lixaa(Aanaa Libanii fi Aanaa Shaakkisoo), Godina Booranaa(Aanaa Yaabeelloo fi Aanaa Areeroo), Godina Baalee (Aanaa Gobbaa fi Aanaa Diinshoo), Godina Shawaa Bahaa(Aanaa Fantaallee fi Aanaa Ada'aa), Godina Shawaa Lixaa(Aanaa Tokkee Kuttaayyee fi Aanaa Amboo), Godina Wallaga Bahaa(Aanaa Guutuu Giddaa fi Aanaa Diiggaa) fi Godina Jimma (Aanaa Jimmaa fi Aanaa Deedoo)

4.1.1. Carraawwan Jiran

4.1.1.1. Sirnii fi Aadaan Waldhabbii Hiikuu Hawaasa Keessa Jiraachuu

Akkuma boqonnaa lamaffaa keessatti kaafamuuf yaalameetti biyyi keenya Itiyoophiyaan sirna seeraa mootummaa giddu galeessaatiin qophaa'een hoogganamu kan jalqabde caalatti walakkaa jaarraa 20^{ffaa} booda dha. Mootummaan giddu galeessaa yeroo kanaa eegalee seerota biyyoota hambaa baay'inaan madaksuudhaan (transplant) sochii hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa biyyattii hoogganuuf itti deemameera. Keenninsi tajaajila sirna haqaas seerota mootummaan giddu galeessaa baaseen hoogganamuun itti fufeera. Haaluma kanaan, seerri giddu galeessummaadhaan hariiroo hawaasummaa namoota gidduu jiru akka hoogganuuf tumame, Seerri Hariiroo Hawaasaa, kwt. 3347 jalatti, seerotni aadaa kanneen barreeffamaan jiranis ta'e kanneen hin barroofne ta'aanii hojiirra jiran Seera Hariiroo Hawaasaa kanaan akka bakka bu'aman ykn haqaman (replaced and repealed) ni ibsa. Tarsiimoo mootummaa giddu galeessaa galmaan ga'uudhaan wal qabatee tumaan seeraa kunii fi kanneen biroo itti fayyadama seerota aadaa laaffisuu keessatti shoora olaanoo akka taphatan kaasuun ni danda'ama.

Diriirfamuu sirna federaalizimiitin wal qabatee heerri DFRI aangoo birmadummaa fi hiree ofii ofiin murteessuu sabaaf sablammii biyyattiitiif kennuun wal qabatee itti fayyadama fi guddina aadaa fi afaanii keessatti jijjiiramni hanga tokko mul'achuu eegaluun isaa kan haalamu miti. Jijjiiramni qixa siyaasaatin mul'ate guddina aadaatiif carraa kan uume yoo ta'ees sirna haqaa biyya kanaa garuu seeraa fi sirna biyyoota hambaatiin ijaaruun irraa kan oolche miti.

Duulli sirna seera biyya Itiyoophiyaa sirna seera biyyoota hambaatin ijaaruuf taassifamaa turee fi taassifamaa jiruun hawaasa keessatti itti fayyadamni seera aadaa xiqqaachaa dhufe sodaan jedhu akka uumamuuf ka'uumsa ta'eera. Sodaan kunis hangam qabatamaadha kan jedhu qorannoo gaggeeffameen ilaalamuuf yaalameera. Kanaafis, Godinoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa Godina torba fi Aanaalee 14 keessatti namni ykn jiraattootni hangam wal dhabbii isaanii sirna aadaatiin xumurachaa jiru kan jedhu sakatta'uuf abbootii gadaa, jaarsolii biyyaa, ogeessotaa fi qorattoota aadaa fi hooggansa Mana Murtii fi Biiraa Aadaa fi Turizimii irraa odeeffannoo sassaabneerra. Odeeffannoo qaamoleen kunneen kennaniin bakkaa bakkatti sadarkaan itti fayyadama isaa garaagarummaa qabaatus Godina Boorana guutummaatti,

Godina Gujii bahaa guutummaatti, Godina Shawaa Bahaa keessaa Aanaa Fantaallee (uummata Karrayyuu) fi Aanaa Dugdaa, Godina Baalee keessaa Aanaa Sawweenaa fi Raayituu, Shawaa Lixaa keessaa aanaa Tokkee Kuttaayee (sirna moyee bokkuu) keessatti uummatni dhimma isaa sirna aadaatiin xumurataa kan jiruu dha.¹³⁶ Uummata Gujii biratti aadaan lafa qabatee jiraachuu isaatiin dhimmoota Mana Murtii Aanaa Libaniin ilaalaman keessaa dhimmi jiraattoota baadiyyaa 5%-10% qofaa yoo ta'u parsantaan hafe falmiidhuma jiraattoota magaalaa Nageellee Booranaa ta'uu hooggansi mana murtichaa ibsaniiru.¹³⁷ Godina Booranaa keessatti dhimmoota sadarkaa godinaatti ilaalaman keessaa dhimmi jiraattota baadiyyaa 10% kan hin caalle yoo ta'u¹³⁸ dhimmoota Mana Murtii Aanaa Yaabeelloo biratti dhiyaatan keessaa 70% - 80% ta'aan falmiidhuma jiraattoota magaalaa Yaabeelloo ta'ee kan jiraattoota baadiyyaa garuu 20% hin caalu.¹³⁹ Godina Shawaa bahaa keessaa aanaa Fantaallee irraa daataa funaanameen bifuma uummata Gujii fi Boranaatin wal fakkatuun manni murtii aanaa Fantaallee caalatti dhimmootuma jiraattota magaalaa kan ilaalu fi uummatni baadiyyaa dhimma isaa gara mana murtii idileetti fidachuun irra aadaadhuma naannootiin jaarsolii fi abbootii gadaatin xumurachaa jiraachuu isaa hooggansi mana murtii ibsaniiru.¹⁴⁰ Kanaan alatti akka Godina Baaleetti naannoo Gammoojjii Sawweenaa fi Raayituu fa'aa mana murtii idilee irra hawaasni sirna aadaatin wal dhabbii dhuunfaas tahe garee kan hiikkataa jiru tahuu ogeessotnii fi hooggansi Waajjira Aadaa fi Turizimii Godina Baalee ni kaasu.¹⁴¹ Sababni isaas naannoo gammoojjiitti (Sawweenaa fi Raayituu) aadaa gabbataa fi jaarsotni cimoo jiraachuudha jechuun kaasaniiru.¹⁴² Godina Shawaa

¹³⁶ Af-gaaffii Obbo Wandoosan Doonii, Perezidantii MMO Go/Booranaa, gaafa 02/07/12 taassifame, Af gaaffii obboo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS, MMO Go/Gujii, gaafa 17/06/12 taassifame, Afgaaffii Obbo Joonii Bantii PMMO G/Shawaa Bahaa waliin gaafa 08/07/2012 taasifame Marii : obboo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, addee Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Huseen Sulxaan(ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), Mag/Roobee, 24/06/12, Af gaaffii obboo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS, MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Af-gaaffii Obbo Kabbuu Mul'ataa Pirezedaantii Mana murtii Aanaa Amboo Waliin gaafa 19/06/2012 taasifame Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011, Cuunfaa Marii Garee Ogeessota W/A/T/G/Shawaa Bahaa waliin gaafa 08/07/2012 taasifame keessaa kan fudhatame,

¹³⁷ Af gaaffii Obbo Dhadacha Guuyyoo, Peresidantii MMA Liiban, waliin gaafa 17/06/12 taassifame

¹³⁸ Af gaaffii Obbo Wandoosan Doonii, Perezidantii MMO Go/Yaabeelloo, waliin gaafa 02/07/12 taassifame

¹³⁹ Afgaaffii Obbo Tokkummaa Caalaa, Perezidantii Mana Murtii Aanaa Yaabeelloo, waliin gaafa 02/07/12 taassifame

¹⁴⁰ Af gaaffii Obbo Mohaammad Sayiid, Perezidantii MMA Fantaallee, waliin gaafa 09/07/12 taassifame

¹⁴¹ Marii- Jeeylaan Kadir (Perezidantii M/M/Aanaa Sinaanaa) fi Obbo Getaahuun Baqqala (MMA Sinaanaatti gaggeessaa KTAS), gaafa 24/06/12 taassifame

¹⁴² Marii- Jeeylaan Kadir (Perezidantii M/M/Aanaa Sinaanaa) fi Obbo Getaahuun Baqqala (MMA Sinaanaatti gaggeessaa KTAS), gaafa 24/06/12 taassifame

Lixaa keessattis keessumaa Aanaalee kan akka Aanaa Tokkee Kuttaaye fi Aanaa Amboo keessatti hawaasni wal dhabdee isaanii sirna aadaa dhaddacha torbeetti yeroo tokko gaggeeffamuun Bookkuu Cittuu jedhamuun tajaajilaa haqaa sirna aadaa qofa irratti hundaa'ee kennu kan jiru tahuu ibsuun jiraattootni baadiyyaa baay'inaan wal dhabdee sirna kanatti gargaaramuun hiikachaa jiraachuu kaasaniiru.¹⁴³

Akka waliigalaattis odeeffannoon funaaname kan agarsiisu, Godinaalee qorannoo kanaan haguuggii argatan keessaa, Godina Booranaa guutummaatti, Godina Gujii guutummaatti, Godina Baalee keessaa Aanaaleen akka Sawweenaa fi Raayituu, Godina Shawaa Lixaa keessaa Aanaaleen Tokkee Kuttaayee fi Aanaa Amboo, Godina Shawaa Bahaa Keessaa Aanaa Fantaallee fi Aanaan Dugdaa keessatti sirnii fi hojimaatni aadaa idilaa'aa ta'ee fi wal dhabdee hawaasa gidduutti uumamu furuu danda'u lafa qabatee jiraachuu isaati. Bakkeewwan biroos yoo ilaalamu sirnaa fi hojimaata idilaa'aa ta'etu hin jirre malee aadaan jaarsummaadhaan wal dhabdee hiikuu ni jira. Godinaalee fi Aanaaleen armaan olitti caqasaman iddoo biraa irraa adda kan isaan taassisu sirna idilaa'aa ta'ee fi hawaasa keessatti lafa qabate qabaachuu isaaniiti. Sirni fi hojimaatni idilaa'aa ta'e kutaalee Oromiyaa kanneen keessatti jiraachuun isaa hundeeffama mana murtii aadaatiif haalawwaan mijatoo jiran keessaa jalqabattii kahuu kan danda'uu dha.

4.1.1.2. Mana Murtii Seera Aadaan Tajaajilamuuf Fedhiin Jiraachuu

Hanga ammaati hundeeffamuu dhabuu Mana Murtii Seera-aadaatiif wantoota sababa turan akkasumas yeroo ammaatti hundeeffamuu fedhii fi kaka'uumsa aadaatti dhimma bahuu hawaasa keessatti maal fakkaata kan jedhu adda baasuuf yaalameera. Hanga ammaatti manni murtii aadaa hundeeffamuu dhabuuf sababni maal kan jedhu adda baasuuf miseensa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi qindeessaa koree dhaabbii dhimma seeraa waliin af gaaffiin taassifameera. Isaanis yaada kennaniin yeroo darbeef qaamni hundeeffamuu mana murtii aadaatiif xiyyeeffannaa kennee kaka'uumsa isaa (initiation) fudhate dhabamuu isaatiin utuu hin hundeeffamiin ture jedhu.¹⁴⁴ Dabalataan Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa fi Mana Murtii Aadaa wal fakkeessanii ilaaluudhaan gahee manni murtii aadaa taphatu Manni Murtii

¹⁴³ Af-gaaffii Obbo Geetuu Tolasaa, Itti Aanaa Dura taa'aa Abbootii Gadaa Magaalaa Amboo waliin gaafa 20/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Injiguu Guutaa Abbaa Gadaa fi Abbaa Murtii Bokkuu Cittuu Aanaa Tokkee kutaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame

¹⁴⁴ Af-gaaffii obboo Isaa Boruu, Walitti Qabaa Koree Dhaabbii Bulchiinsaa fi Seeraa Caffee Oromiyaa, Waliin gaafa 16/08/12 taasifame

Hawaasummaa Gandaa bakka bu'ee jira jechuun hubannoon dogoggora jiraachuus kaaaniiru. Haa ta'u malee, yeroo kam caalatti fedhiin gara aadaa ofiitti deebi'uu qabatamaadhaan hawaasa keessa yeroo ammaatti waan jiruuf manni murtii aadaa hundeeffamuu qaba jedhaniiru.¹⁴⁵

Yaada ogeessotni fi qorattootni aadaa Biiroo Aada fi Turizimii Oromiyaa fi Giddu Gala Aadaa Oromoo kaasaniin yeroo ammaa kanatti uummanni gara aadaa duriitti deebi'aa kan jiru tahuu ibsuun hundeeffama mana murtii aadaatiif carraa jiru ibsaniiru.¹⁴⁶ Keessumaa Naannoo Gujii fi Booranaatti Uummatni jireenya hawaasummaa isaa lolaa fi tola hundumaa aadaa dhaan xumurataa jiraachuu kaasuun yeroo ammaatti mootummaa yoo ta'en alatti uummatni Seera idilee irra kan aadaa akka fedhu kaasaniiru.¹⁴⁷ Bu'aa seerri idilee gama diiggaa gaa'ilaatiin hordofsiisaa jiru, qisaasa'ina yeroo fi baasii mana murtiitti hawaasa mudachaa jiru, rakkoo ragaa sobaa fi miira haaloo bayiinsa wal falmitoota gidduu bal'achaa dhufe kaasuudhaan ogeessotni fi qorattootni aadaa qorannoo kanaan dubbifaman fedhii fi kaka'umsa hawaasa bira jirun irratti hundaa'uun sirnaa fi seera aadaa bifa idilaa'aa taheen sirna haqaa keessatti hammachiisuuf carraan mijataa jiraachuu kaasaniiru.¹⁴⁸ Hooggansi mana murtiis yaada kennaniin keessumaa Godina Gujii fi Booranatti yeroo dhiyeenyaa asitti abbootiin gadaa fi jaarsi biyyaa qajelfama baasanii dhimma naannoodhuma isaanitti xumuraa jiraachuu ibsaniiru.¹⁴⁹ Hoggantootni Waajjira Aadaa fi Turizimii Godina Baalee keessatti argaman, kan aanaa Diinshoo fi Aanaa Gobbaa gandoota Aanaa isaanii keessatti argaman mara keessatti marii hawaasa waliin taasifameen koree

¹⁴⁵ Akkuma Olitti lakk. 145

¹⁴⁶ Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011 taasifame, Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011, Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Af gaaffii Obboo Dirribaa Tarrafaa, Daayireektara Giddu Gala Aadaa Oromoo, Waliin gaafa 5/08/2012 taassifame, Afgaaffii Obbo Alamaayyoo Haayilee, Qorataa Aadaa fi Seenaa G/Gala Aadaa Oromoootti, waliin gaafa 5/08/2012 taassifame

¹⁴⁷ Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Mag/Nageellee Booranaatti, waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Marii: obboo Atilaabaachawu Aabbaabuu (perezidantii Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo) fi obboo Diiqqaa Abdii (Mana Murtii Aanaa O/Shaakisootti gageessaa KTAS), waliin gaafa 19/06/12 taassifame

¹⁴⁸ Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Mag/Nageellee Booranaatti, waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Marii Biraanuu Wayyoo (Qorataa Seenaa W/A/T/A/O/Shaakisoo) fi Faanayee Lammaa Ogeessa afaanii W/A/T/A/O/Shaakiso), waliin gaafa 19/06/11 taassifame.

¹⁴⁹ Afgaaffii Obbo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame

jaarsota biyyaa hundeessuun wal dhabdeen dhuunfaas tahe kan garee bu’uura aadaa naannootiin hiikamaa jiraachuu kaasaniiru.¹⁵⁰

Abbootiin gadaa fi jaarsoliin biyyaa qorannoo kanaan dubbifamaniis yaada kaasaniin ilaalchi ‘otuu aadaatti deebinee waaqatu nutti deebi’a’ jedhu uummata keessa jiraachuu kaasuudhaan hundeeffamni mana murtii aadaa fedhii fi gaaffii keenya jedhaniiru.¹⁵¹ Keessumaa diiggaa gaa’ilaan wal qabatee rakkoo hawaasa keessatti uumamaa jiruuf seerrii fi sirni aadaa kufuu isaati jechuun diriirfamuu sirnaa fi seeraa aadaatiif uummata bira fedhii gaabbii irraa maddeetu jira jedhu.¹⁵²

Akka waliigalaatti, bu’uura odeeffannoo sasaabameetiin sirnaa fi seera aadaa sirna haqaa keessatti bifa idilaa’aa ta’een hammachiisuuf yeroo ammaatti ilaalchii fi fedhiin itti fayyadama sirnaa fi seeraa aadaatiif jiru hundeeffama mana murtii aadaatiif carraa qabatamaadhaan jiruu dha.

4.1.1.3. Jaarsoliin Waldhabbii Hiikuuf Dandeettii fi Fudhatama Qaban Hawaasa Keessa Jiraachuu

Qorannoon kun waldhabdee hawaasa keessatti dhalatu furuun walqabatee jaarsooliin yookiin Abbootiin Gadaa dandeettii fi miira tajaajilummaa qaban hagam hawaasa keessa jiru kan jedhu adda baasuuf yaalameera. Dandeettii fi miira tajaajiltummaa abbootii seeraa Mana Murtii idilee leenjii fi barumsa garagaraa kennamuun kan dhufuu danda’u yoo ta’u jaarsoliin biyyaa ykn abbootiin gadaa wal dhabdee namoota gidduutti uumamu sirnaa fi seera aadaa irratti hundaa’anii

¹⁵⁰ Marii: Aaddee Maakiddaa Waaqoo (Dursituu Garee Aadaa), Wasanee Bajigaa (Ogeettii Misooma Aadaa), Haabtaamuu Asfawuu fi Massalachi Tafarraa (Ogeessota aadaa), aanaa Gobbaa, gaafa 27/06/12 taassifame, Awwal Amaan,(Ogeessa aadaa), aanaa Diinshoo, 28/06/12 taassifame

¹⁵¹ Marii : Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa (Walitti Qabaa Abbootii Gadaa Oromiyaa), Abbaa gadaa Warqinaa Tarreessaa (Abbaa Gadaa Maccaa fi miseensa Gumii abbootii gadaa Oromiyaa) fi jaarsa biyyaa obboo Kadir ABDii Nuur, magaalaa Finfinnee, gaafa 16/08/12 taassifame, Marii: Jaarsoo Boonaa (abbaa gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa aanaa Gooroo Doollaa), mag/Gooroo Dollaa, gaafa 18/06/12 taassifame, Marii : obboo Aloo Baalshoo,Miseensa gumii Odaa Roobaa fi Walitti Qabaa A/Gadaa fi Jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Addee Shukurii Kadir, Haadha Siinqee, Aanaa Sinaanaa, Magaalaa Roobee, Waliin gaafa 28/06/12 taassifame,

¹⁵²Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), Mag/Gooroo Dollaa, Waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Marii : Obbo Aloo Baalshoo,Miseensa Gumii Odaa Roobaa fi Walitti Qabaa A/Gadaa fi Jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Aaddee Shukurii Kadir, Haadha siinqee, Aanaa Sinaanaa, Magaalaa Roobee, Waliin gaafa 28/06/12 taassifame, Afgaaffii Abbaa Gadaa A/Diggaa Shuumee Tasammaa waliin gaafa 30/06/2012 taassifame, Cuunfaa Marii garee Jaarsoolee Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taassifame keessaa kan fudhatame

furuuf dandeettii fi miira tajaajiltummaa kan goonfatan duudhaa, safuu fi hojimaata hawaasa keessaatti gabbatee jiru irraa kan madde ta'a.

Daataan funaaname kan agarsiisu bakkeewwan tokko tokkotti falmii mana murtiitti dhiyaateef illee jaarsoliin biyyaa fi abbootiin gadaa dhimma nuttii kennaa nutu xumura jechuun mana murtii gaafachuun kan baratame tahuu, akkasumas ragoonnis jecha ragaa kennuuf dhaddachatti dhiyaatan jecha kennuun dura dhimma kana nutti kennaa jaarsummaan xumurra malee yeroon jedhan akka mul'atuu dha.¹⁵³ Hooggansi mana murtii Godinaalee fi aanaalee garagaraa yaada kennaniin abbootiin gadaa fi jaarsoliin biyyaa wal dhabdee namoota gidduutti uumamu furuuf dandeettii fi miira tajaajiltummaa akka qaban kaasuudhaan sirna haqaa keessatti otuu hammatamanii hojiitti galan gaarii jedhu.¹⁵⁴ Sirna jaarsummaa irra darbee seeraa fi sirna gadaa beekuun wal qabatee garuu hanqina jiraachuu hoggantootni kaasna jiru.¹⁵⁵

Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa dubbifamaniis wal dhabdee hawaasa keessatti dhalatu hiikuun wal qabatee ilaalchaa fi amantaa isaanii dubbii namaa jaarsummaadhaan ilaaluun daandii waaqaatti jechuun kaasuun akka dirqama rabbi irraa itti kennameetti ilaalu.¹⁵⁶ Dandeettii fi beekumsi jaarsolii ykn abbootii gadaa garuu bakkaa bakkatti garaagarummaa akka qabu ibsuun carraan seeraa fi duudhaa sirna gadaa wal barsiisuu akka jiru walitti qabaan abbaa gadaa Oromiaa kan duraanii ni kaasu.¹⁵⁷

Hooggantootni Biiroo Aadaa fi Turizimii fi ogeessootni fi qorattooni aadaa yaada kennaniin Abbootiin Gadaa bakka mara jiraachuu baataniis jaarsoliin biyyaa ciccimoo dandeeettii fi miira tajaajiltummaa qaban hawaasa keessa akka jiran ibsuun haala yeroo waliin deemuuf akkasumas

¹⁵³ Af gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS, MMO Go/Gujii, Waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Obbo Abdurroo Aloo, Perezidaantii MMA Diinshoo, waliin gaafa 26/06/12 taassifame

¹⁵⁴ Afgaaffii Obboo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Af gaaffii Obbo Maammoo Tusii, Peredaantii MMO G/Baalee, waliin gaafa 28/06/12 taassifame, Af gaaffii Obbo Wandoosan Doonii, Perezidantii MMO Go/Booranaa, waliin gaafa 02/07/12 taassifame, Af-gaaffii Obbo Maatiyoos Yiggazuu, KTAS Mana Murtii Olaanaa G/L/Shawaa waliin gaafa 19/06/2012 taassifame

¹⁵⁵ Af gaaffii obbo Dhadacha Guuyyoo, Peresidaantii MM A Liiban, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Marii Biraanuu Wayyoo (Qorataa Seenaa W/A/T/A/O/Shaakisoo) fi Faanayee Lammaa Ogeesa Afaanii W/A/T/A/O/Shaakkisoo), waliin gaafa 19/06/11 taassifame.

¹⁵⁶ Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa aanaa Gooroo Doollaa), mag/Gooroo Dollaa, gaafa 18/06/12 taassifame, Af gaaffii obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shaakkisoo, waliin gaafa 19/06/12 taassifame.

¹⁵⁷ Af-gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shaakkisoo, Waliin gaafa 19/06/12 taassifame.,

sodaa gama naamusaan dhalachuu malu hir'suuf sirni kan diriiruu yoo ta'e garuu hojii abbootiin kunneen hojjataniif kaffaltiin madaalawaa ta'e qopheessuun barbaachisaa dha jedhu.¹⁵⁸

Akka waliigalaatti, wal dhabdee hawaasa keessatti namoota gidduutti uumamu furuudhaaf Abbootiin Gadaa bakka mara jiraachuu baataniis jaarsoliin biyyaa dandeettii fi miira tajaajiltummaa qaban hawaasa keessatti argamuu fi wal dhabdee namootaa jaarsummaadhaan ilaaluu akka daandii rabbiitti ykn waan gaariitti ilaalamuun isaa hundeeffama mana murtii aadaatiif akka carraa gaariitti caqasamuu kan danda'uu dha.

4.1.1.4. Wal-dhabdee Namoota Furuuf Seerri Aadaa Sirnaan Jiraachuu

Qorannoon kun hundeeffama mana murtii aadaa giddugaleessa godhachuun kan gaggeeffame ta'uu isaatiin hawaasa keessatti seerri aadaa waldhabdee hawaasa keessatti uumamuu malu hundumaa bulchuu danda'u jiraachuu fi dhiisuu isaa qorannoo kanaan qulqulleessuuf yaalameera. Mirgi haqa argachuu mana murtii idilee ykn mana murtii biroo amalaa aadaa ykn bulchiinsaa qaban diriirsuudhaan mirkanaa'uu danda'a. Mirgi kun mirkanaa'uuf sadarkaa jalqabaatti dhaqqabamaa tahu qaba. Dhaqqabamummaan kan ittiin ibsamu keessaa tokko seerri dhimmicha bulchuu danda'u gahaa tahuu qaba. Hanga seerri dhimma hawaasummaa fi diinagdee bulchuu danda'u gahaa ta'e hin jirreetti mirgi haqa argachuu dhaqqabamaa tahuu hin danda'u. Hanga dhaqqabamummaan tajaajila haqaa hin mirkanooftneetti mirgi haqa argachuu mirkanaa'ee jechuun hin danda'amu.

Marii Abbootiin Gadaa fi jaarsolii biyyaa godina garagaraatti argaman waliin taassifame irratti wal dhabdee jireennya hawaasummaa keessatti namoota gidduutti dhalachuu danda'u bulchuuf ykn furuuf seerrii fi sirni aadaa gahaa tahe jiraachuu fi dhiisuu isaa ilaalchisee yaada yoo kennan “waan maraaf seerri jira: mukaaf, bineensaaf, margaaf fi maqaaf seerri jira. Wal dhabdee mara hiikuuf seerrii fi sirni gahaa ta'e hawaasa keessa ni jira jedhaniiru.”¹⁵⁹ Ogeessotni fi qorattootni

¹⁵⁸ Marii : Wuddee Indashawuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Dursituu Garee Sona Aadaa), Daani'eel Isheetuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti- Dursaa Garee Industirii Aadaa fi Aartii), Zawuddinash Baqqala (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessaa Aadaa) gaafa 16/08/12 taassifame, Af-gaaffii Obbo Abrahaam A/Macaa, Aadde Maari'am Abdo, Ogeessa Industirii Aadaa fi Aadde Ikiraam Ahmad Ogeessa Afaanii W/A/T/G/Jimmaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasaa Qorataa seenaa fi sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa waliin gaafa 27/06/2012 taasifame

¹⁵⁹ Af gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shaakkisoo, waliin gaafa 19/06/12 taasifame, Marii: Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Obbo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), waliin gaafa 18/06/12 taasifame, Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa

aadaa Biiroo Aadaa fi Turiziimii Oromiyaa sadarkaa Aanaa hanga Naannoo jiranis yaaduma Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaatiin kenname haala cimsuu danda'uun seerri aadaa gahaa fi gabbataa tahe wal dhabdee gosa kamiyyuu hiikuu danda'u hawaasa keessa kan jiru tahuu ibsaniiru.¹⁶⁰ Kanaan alattis jijjiirama hawaasa keessatti yeroo dhaa gara yerootti mul'atu duukaa hariiroon haaraa uumamee yeroo jiruuttiis seera haaraa tumuun akka danda'amu marii Abbootii Gadaa fi Yuubota Godina adda addaatti argaman waliin taassifameen ibsameera.¹⁶¹ Kunis kan agarsiisu seerri fi sirni aadaa gahaa tahe hawaasa keessatti jiraachuu isaa fi haaluma barbaachisummaa isaatti yeroo sochiin hawaasummaa haaraan dhalateetti seera aadaa haaraa tumuun danda'amu isaati. Kunis hundeeffama Mana Murtii Aadaa sirnaa fi seera aadaa irratti hundaa'uu danda'uuf akka carraa ykn haala mijataa hawaasa keessa jiruutti fudhachuun kan danda'aamuu dha.

4.1.1.5. Seerota Miidhaa Qaban Fooyyessuuf Haalli Mijataan Jiraachuu

Duudhaalee fi ilaalchi hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa yeroodhaa gara yerootti kan jijjiiramaa kan deeman yoo ta'u jijjiirama kana duukaa deemuuf seerrootni motummaa giddu galeessaa ykn mootummaa naannootin bahaan fooyya'uu ykn haqamuu danda'u. Seerri yeroo tokko barbaachisaa tahee hin mul'anne yeroo kan baay'ee barbaachisaa tahuu mala. Akkasuma seerri yeroo tokko ammayyaa'aa tahe yeroo kaanitti duubatti hafa tahuu danda'a. Seerri amala isaatiin haqamuu ykn fooyya'uu kan danda'u yoo ta'u fooyya'iinsa seeraa ykn haqamuu seeraa kunis seera mataa isaatiin kan hoogganamuu dha.

Seerrii fi sirni aadaa amala isaatiin qaama tokkoon tumameen kan labsamu otuu hin taanee turtii yeroo dheeraadhaan hawaasa keessatti lafa qabataa kan dhufu dha. Kanaaf, seerri aadaa haala

Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame.

¹⁶⁰ Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Mag/Nageellee Booranaa, waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Marii Biraanuu Wayyoo (Qorataa Seenaa W/A/T/A/O/Shaakisoo) fi Faanayee Lammaa Ogeessa afaanii W/A/T/A/O/Shaakkisoo), waliin gaafa taassifame, Af-gaaffii Obbo Abrahaam A/Macaa, Aadde Maari'am Abdo, Ogeessa Industriirii Aadaa fi Aadde Ikiraam Ahmad Ogeessa Afaanii W/A/T/G/Jimmaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasaa Qorataa seenaa fi sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa waliin gaafa 27/06/2012 taasifame

¹⁶¹ Af gaaffii obboo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Waliin gaafa 19/06/12 taassifame, Marii : Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Obboo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa aanaa Gooroo Doollaa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame.

salphaa taheen amala jijjiramuu qabaaachuu dhiisuu isaatiin sochii hawaasummaa yeroo dhaa yerootti jijjiiramaa dhufe faana of haaromsuu irratti hanqina qabaaachuu mala. Kanuma ka'uumsa gochuun seerri fi sirni aadaa wal dhabbbii hawaasa keessa jiru hangam sadarkaa qaroomina hawaasaa waliin jijjiiruun ykn foyyeessuun danda'ama kan jedhu qorannoo kanaan adda baasuun yaalameera.

Haaluma kanaan Abbootiin Gadaa fi Yubootni yaada kennaniin sirna Gadaa keessatti seera boodatti hafaa ta'e Gumii Gaayyootti ykn Me'ee Bokkuu irratti fooyyeessuu ykn haquudhaan seera haaraatiin bakka buusuun akka danda'amu ibsaniiru.¹⁶² Abbaa Gadaa Gujii fi walitti qabaa Abbootii Gadaa Oromiyaa kan turan Abbaa Gadaa Aagaa Xaanxanoo yaada kaasaniin 'aniyyuu bara aangoo kiyiyatti seera digdamaa ol fayyeessiseera. Yuubaa fi haayuu walitti qabeen akka fooyya'u taassise jira jedhaniiru.¹⁶³ Walitti qabaan Abbootii Gadaa Godina baalee illee yaada kennaniin dur gumaan horii dhaani kaffalamee bahaa. Amma garuu qarshii dhaan akka ta'u fooyya'e. Duudhaa ykn aadaa haala qabatamaa hawaasa keessa jiru waliin kan hin adeemne akkaataa haala yeroo waliin deemuu danda'uun ni fooyya'a jedhaniiru.¹⁶⁴

Akka waliigalaatti, seerrii fi sirni aadaa turtee yeroo keessatti hawaasa biratti lafa qabatee kan jiraatu ta'uus sirna gadaa keessatti seerota fi duudhaalee aadaa haala qabatamaa sochii hawaasummaa fi sadarkaa xinsammuu hawaasaa irratti hundaa'uun fooyyeessuuf ykn haquuf sirni aadaa dandeessisu jiraachuun qorannoo kanaan adda baheera. Kunis, hundeeffamaa Mana Murtii Aadaa fi itti fayyadama seera aadaatiif akka carraa ykn haala mijaawaatti ka'uu kan maluu dha.

4.1.1.6. Duudhaan Murtii Jaarsolii ykn Abbootii Gadaa Kabajuun Raawwachu Jiraachuu

Galmi tajaajila abbaa seerummaa murtii haqa qabeessa kennuu fi murtii kenname raawwachiisuu ta'uu isaatiin falmiin wal falmiitoota gidduu adeemsife murtii kennamuun ykn waliigaltee haraaraatiin xumura argachuu qaba. Mana murti idilee keessatti falmiin bitaa mirga waliigaltee

¹⁶²Af gaaffii Dr. Borbor Bulee, Haayyuu seenaa fi sirna gadaa Booranaa, Magaalaa Dubulluq, gaafa 02/07/12 taassifame, Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), Mag/Gooroo Dollaa, gaafa 18/06/12 taassifame, Cuunfaa marii garee Abbootii Gadaa fi Jaarsoolee biyyaa A/Tokkee Kuttaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame

¹⁶³ Akkuma Olitti lakk. 158

¹⁶⁴Marii : Obbo Aloo Baalshoo, Miseensa Gumii Odaa Roobaa fi Walitti Qabaa A/Gadaa fi jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Aaddee Shukurii Kadir, Haadha Siinqee, Aanaa Sinaanaa, waliin gaafa 28/06/12 taassifame.

araaraanis ta'e murtii kennameen kan xumurame yoo ta'e abbaan idaa bu'uura waliigaltee araaraa mana murtiitti galii tahee jiruun ykn bu'uura murtii kennameetiin murtii sana raawwachuuf dhibaa'ina hin malle kan agarsiisu yoo ta'e fedhii abbaa idaa eeguun otuu hin barbaachifne bakka inni hin jirreetti murtii raawwachiisuun ni danda'ama.¹⁶⁵ Kanaan alattis abbaa idaa sababa dhama qabeessa malee murtii kenname raawwachuuf fedhii dhabe haaluma barbaachisummaa isaatti tarkaanfiin to'annaa jala turuu irratti fudhatamuu akka danda'u seerri ni tuma.¹⁶⁶ Kunis kan agarsiisu murtii kenne raawwachiisuuf manni murtii aangoo uumamaa qabaachuu isaati.

Qorannoo harkaa qabnuun wal qabatee dhimma dandeetti raawwachiisummaa murtii Abbootii Gadaa ykn jaarsolii biyyaa sakatta'uuf yaalameera. Gama tokkoon Abbootiin Gadaa ykn jaarsoliin biyyaa murtii bu'uura seeraa fi sirna aadaatin kennan raawwachiisuuf hangam dandeetti qabu kan jedhu gama biraatiin murtii Abbootii Gadaatiin ykn jaarsolii biyyaatiin kenname kabajanii raawwachuu irratti duudhaan qabatamaadhaan hawaasa keessa jiru maal fakkaata kan jedhu adda baasuuf marii garee fi af gaaffii bal'a qorattootaa fi ogeessota aadaa, Jaarsolii biyyaa fi Aabbootii Gadaa, Hooggansa Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarkaa garagaraatti argaman waliin taassifneerra.

Abbootiin Gadaa Godina Gujii fi Booranaa yaada kennaniin namni biyyaan, namaa fi uummataan bula yaada jedhu kaasuudhaan dhalataan Gujii fi Booranaa murtii Abbaa Gadaa fi jaarsa Gujii ykn Booranaa fudhachuu fi raawwachuu didu hin jiru jedhu.¹⁶⁷ Duudhaa hawaasa bira jiruun nama murtii Abbaa Gadaa dide Abbaan Gadaa namni kun horiin yoo jalaa kufe akka hin kaafneef, yoo du'e akka hin awwaalle, ibidda qe'ee namaatii akka hin fudhanne, yoo iyye akka hin birmanneef jechun ni yakkisisa waan ta'eef uummata Gujii fi Boorana biratti murtiin abbaa gadaa kabaja guddaa qabdi jedhu.¹⁶⁸ Marii jaarsolii biyyaa Godina Jimmaa, Baalee fi Walagga Bahaa waliin taassifameenis hawaasni duudhaa fi aadaa isaatiif kabaja guddaa qabaachuu isaatiin namni dubbii jaarsatti erga kennatee murtiin gama jaarsoliitiin kennameen

¹⁶⁵ Seera Deemsa Falmii Haariiroo Hawaasaa Itiyooophiyaa, 1956, kw. 386(3)

¹⁶⁶ Kanuma

¹⁶⁷ Marii : Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi obbo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Marii : Yuuba Liiban Jaldeessaa, Yuuba Guyyoo Gobbaa, Doorii Guyyoo Boruu, Doorii Jaarsoo Bokkoo, Jaarsa biyyaa Kottool Gobbaa, magaalaa Areeroo(Godina Booranaa), waliin gaafa 03/07/12 taassifame

¹⁶⁸ Kanuma

booda murtii jaarsooleen kennan raawwachuun wal qabatee rakkoon akka hin jirree yaada kennaniiru.¹⁶⁹ Haaluma wal fakkaatuun jaarsolii fi abbootii gadaa Godina Shawaa Lixaa waliin taassifameen nama murtii jaarsoliin ykn Abbootiin Gadaa kennan raawwachuu dide isaan quunnamee akka hin jirre ibsu.¹⁷⁰

Jaarsolii biyyaa fi Abbootii Gadaan alatti, ogeessotnii fi qorattootni aadaa yaada kennaniin duudhaan hawaasa keessa jiru waliin jireenya irratti kan hundaa'e ta'uu isaatiin, waliin jireenya hawaasummaa keessatti immoo kabajni Abbootiin Gadaa fi jaarsolii biyyaatiif kennamu olaanaa ta'uu isaatiin murtiileen gama Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaatin kenname raawwachuutu qabatamaan hawaasa keessa jira jedhu.¹⁷¹ Dabalataanis, qaamoleen kunneenii fi hooggantootni Biiroo Aadaa fi Turizimiis yaada keennaniin murtii Abbootii Gadaa raawwachuu dhiisuun qoqqoobbii hawaasummaa waan hordofsiisuuf abbaan idaa qoqqoobbii isarratti darbuu maluu caalatti iidha waan ta'eef murtii kana raawwachuu filata jedhu.¹⁷²

Akka dimshaashaatti qorannoon kun kan agarsiisu, murtii Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaatin kenname ilaalchisee gama tokkoon Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa murtii ofii kennan raawwachiisuudhaaf sirna aadaa isaan dandeessisu, kan akka qoqqoobbii hawaasumma jiraachuu isaa; gama biraatiin duudhaan murtii Abbootii Gadaa kabajuu hawaasa keessa lafa qabatee jiraachuun isaa adda baheera. Kunis hundeeffama mana murtii aadaa fi itti fayyadama seera aadaatiif haala mijataa hawaasa keessa dursee jiru jedhamee kan fudhatamuu maluu dha.

4.1.1.7. Haqni Argamuu

Tajaajilli abbaa seerummaa Mana Murtii kamiinuu kennamu qabiyyeedhaanis ta'e adeemsaan haqa qabessummaan isaa kan mirkanaa'e ta'uu qaba. Murtiin dhumaas xiinxala ragaa fi seeraa

¹⁶⁹ Cuunfaa Marii Garee Jaarsoolee Magaalaa Jimmaa, Obbo Zaakir Abbaaboor, Obbo Nagaash Nagawoo, waliin gaafa 24/06/2012 taasifame keessaa kan fudhatame. Marii : obboo Aloo Baalshoo, Miseensa Gumii Odaa Roobaa fi Walitti qabaa A/Gadaa fi jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Aaddee Shukurii Kadir, Haadha Siinqee, Aanaa Sinaanaa, Waliin gaafa 28/06/12 taassifame,

¹⁷⁰ Af-gaaffii Obbo Injiguu Guutaa Abbaa Gadaa fi Abbaa Murtii Bokkuu Cittuu Aanaa Tokkee kutaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame, Afgaaffii Abbaa Gadaa A/Diggaa Shuume Tasammaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame

¹⁷¹ Afgaaffii Obbo Mallasa Masqalaatti (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee Mirkaneessa Dh/Turizimii), Amaan Nashaa (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee In/Aadaa fi Aartii), Shibbiruu Abdoo (W/A/T/Go/Baaleetti Og/Misooma Turizimii), Waliin gaafa 24/06/12 taassifame, Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), waliin gaafa 18/08/12 taassifam

¹⁷² Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), waliin gaafa 18/08/12 taassifame

qofa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Kanaaf, immoo dhugummaan jecha ragaa bitaa mirgaa murteessaa dha. Sadarkaa biyya keenyaatti ragootni dhaddachatti dhiyaatan hanga danda'aameetti jecha ragaa dhugaa ta'e qofa akka kennanii tumaaleen dhibbaa taassisaa seera deemsa falmii fi seera yakkaa keessatti hammatamaniiru. Tumaa seeraa kana keessaa tokko dhugummaa jecha ragaa cimsuudhaaf jecha ragaa kennuun dura ragootni dhaddachatti sirna kakuu akka raawwataniif kan taassisuu dha.¹⁷³ Bu'uura Seera Yakkaa Itiyoophiyaatinis namni ragaa ta'ee tokko jecha ragaa dhugaa tahe qofa kennuuf kakatee garuu qaama tokko fayyaduuf jecha ragaa sobaa kan kenne yoo ta'e itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiiisu ta'uu ifaan tumeera.¹⁷⁴ Haa ta'u malee, tumaaleen seeraa kunneenii fi kanneen biroo dhibbaa ragaa sobaa ittisuuf sadarkaa garagaraatti bocamaniis gabaasa raawwii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ragaan sobaa rakkoo sirna haqaa tahee kan jiru tahuun ni himama.¹⁷⁵ Ragaan sobaa murtiin haqa qabeessa tahe gama qaamolee haqaatin akka hin kennamne, kanarraan kan ka'ees amantaa uummatni sirna haqaa irratti qabu akka hir'atu kan taassisaa jiru dha.

Godinaalee Oromiyaa keessatti hanga isaa garaagarummaa qabaatuus bakka baay'eetti uummatni wal-dhabdee isaan gidduutti uumamu sirnaa fi seera aadaatiin xumurachaa kan jiruu tahuu armaan olitti kaafneerra. Wal-dhabbi sirnaa fi seera aadaatiin xumuramu keessatti dhiibbaan ragaan sobaa qabu maal fakkaata kan jedhu qorannoo kanaan ilaaluuf yaalameera. Haaluma kanaan marii jaarsolii biyyaa fi Abbootii Gadaa akkasumas hooggansa mana murtii fi biroo aadaa fi turizimii waliin taassisuudhan odeeffannoon sasaabameera. Yaada Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa kaasaniin aadaan keessatti dhugaan kan abbaa dhugaati, mana murtiitti garuu dhugaan kan abbaa ragaati. Uummatni kakaawu Abbootii Gadaa ykn jaarsolii biyyaatin taassifame baay'ee sodaata jechuun kaasaniiru.¹⁷⁶ Dabalataanis Abbootiin Gadaa yaada kennaniin waajjirri

¹⁷³ Akkuma olitti lakk. 166, kw. 261

¹⁷⁴ Seera Yakkaa DFRI Fooyya'ee bahe, 1996, kw. 453

¹⁷⁵ Gabaasawwan Koree Fooyya'iinsa Sirna Haqaa, Gabaasa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa

¹⁷⁶ Af gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, mag/shaakkisoo, waliin gaafa 19/06/12 taassifame, Marii garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Mag/Nageellee Booranaa, waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Cuunfaa Marii Garee Jaarsoolee Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taasifame keessaa kan fudhatame.

bulchiinsaas ta'e manni murtii dhimma nutti kennaniitu abbaa dhugaa qabu dhugaa kennineeti abbaa dhara qabu dhara kennineeti araarsaa jirra jedhaniiru.¹⁷⁷

Yaada hooggansi Mana Murtii fi Biiroo Aadaa fi Turizimii kaasaniin keessuma dhimma ragaa hin qabne gama Abbootii Gadaa fi jaarsoliitin xumurama akka jiruu¹⁷⁸ fi murtiin sobaan mana murtii idileetti murtaa'e jaarsoliin deebi'anii nannoo isaaniitti ilaalanii yoo murtii mana murtii idileettiin keenname diiguun dhugaa irratti hundaa'aanii abbaa mana murtii idileetti itti murtaa'eetti yoo murteessan akka jiru kaasaniiru.¹⁷⁹ Akkaataa hooggansi Mana Murtii kaasun, keessuma naannoo Booranaatti namni dhugaa qabu gara mana murtii dhufuu irra aadaa yoo filatu kan dharaan deemuutu mana murtii dogoggorsuuf ykn yeroo bitachuuf gara mana murtii idileetti dhufa ilaalcha jedhuutu hawaasa keessa jira jedhu.¹⁸⁰

Dimshaashatti haqa mirkaneessuun wal qabatee dhiibbaa ragaa sobaa yoo ilaalamu wal dhabdee sirnaa fi seera aadaatiin furamuuf ilaalamu keessatti ragaan sobaa sadarkaa hin jiru jedhamuurra kan jiru tahuu dha. Duudhaan kun haqa qabeessummaa tajaajila abbaa seerummaa sirnaa fi seera aadaa irratti kennamuuf wabii dha.

4.1.2. Hundeeffama Mana Murtii Aadaatin wal qabatee Sodaawwan Jiran

Carraawwan jiran armaan olitti akkuma kaafnee ilaalle sodaan jirus maal fakkaata kan jedhu Abbootii Gadaa, jaarsolii biyya, ogeessota fi qorattoota aadaa, abbootii seeraa, hooggansa mana murtii fi biiroo aadaa fi turizimii irraa daataa sassaabneerra. Odeeffannoon sassaabameef akka armaan gadiitti xiinxallee jirra.

4.1.2.1. Sadarkaan Itti Fayyadamaa fi Tamsa'inni Seera Aadaa Wal-fakkaaaa Tahuu Dhabuu

Sochiin duudhaa fi aadaa uummataa seeraa fi sirna seeraa biyyoota hambaatiin bakka buusuun mootummaa giddu galeessaatiin bal'inaan eegaluufti uummatni Oromoo akkuma saboota biroo

¹⁷⁷ Marii : Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi obbo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Cuunfaa Marii Garee Jaarsoolee Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taasifame keessaa kan fudhatame

¹⁷⁸ Marii Garee, Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), Waliin gaafa 18/08/12 taassifame

¹⁷⁹ Kanuma

¹⁸⁰ Akkuma Olitti lakk. 3

sirnaa fi seeraa Gadaatiin bulaa tureera. Mootummaan giddu galeessaa hanguma dabalaa deemu itti fayyadamni sirnaa fi seera aadaa sadarkaa garagaraatti bakkeewwan garagaraatti ni hir'ata jedhameeti tilmaamama. Akka waliigalaatti, bakka sirni gadaa hawaasa keessatti hanga ammaatti lafa qabatee jiruutti wal dhabdee sochii hawaasummaan wal qabatee namoota gidduutti uumamu aadaa fi duudhaa naannoo irratti hundaa'uun haala salphaa taheen furamuu mala. Bakka sirni gadaa qabatamaadhaan hawaasa keessatti hin jirreetti wal dhabdee hawaasa keessatti uumamu bifa idilaa'aa taheen aadaa fi duudhaa irratti hundaa'uun hiikuun carraa bal'aa qabaachuu dhiisuu mala.

Kanumaan wal qabatee qorannoon kun sirni fi seerri aadaa sirna gadaa irraa madde Naannoo Oromiyaa keessatti hagam sadarkaa wal fakkaataa ykn walitti dhiyaataa taheen faca'ee jira kan jedhu ilaaluuf yaalameera. Qorannoo taassifameenis Godinaalee Boorana, Gujii Lixaa, Shawaa Lixaa, Baalee, Walaggaa Bahaa, Jimma fi Shawaa Bahaa keessatti wanta qabatamaadhan jiru madaaluuf abbootii gadaa, jaarsolii biyyaa, ogeessootaa fi qorattoota aadaa sadarkaa gargaraatti argaman waliin bifa marii gareetiin odeeffannoon sassaabameera. Bifa af gaaffiitiinis hoggantoota Manneen Murtii fi Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarkaa Aanaa fi Godinaa jiranii waliin taassisuun odeeffannoon sassaabameera. Daataan qaamolee kana irraa sassaabame akka agarsiisuutti Godina Gujii fi Boorana keessatti sadarkaa Aanaalee Godinicha keessatti argaman mara keessatti sirni fi seerri aadaa sirna gadaa keessaa madde fi wal dhabdee hawaasa keessatti dhalatu furu danda'u hawaasa keessatti lafa qabatee kan jiru yoo tahu¹⁸¹, Godina Shawaa Bahaa keessatti Aanaa Fantaallee, Aanaa Adaamii Tulluu, Aanaa Dugdaa keessatti seerrii fi sirni Gadaa hawaasa keessatti lafa qabatee kan jiru tahee aanaalee biroo biratti garuu keessatti duudhaan jaarsummaan wal dhabdee hiikuu yoo jiraates sirnaa fi seera aadaa qabatamaa fi gabbataa taheen kan deeggarama miti.¹⁸² Godina Baalee keessatti aanaaleen kan akka

¹⁸¹ Af-gaaffii Jaarsa biyyaa Dok. Kabajaa Borbor Bulee, Godina Booranaa Magaalaa Dubulli waliin gaafa 02/07/12 taassifame, Marii : Yuuba Liiban Jaldeessaa, Yuuba Guuyyoo Gobbaa, Doorii Guyyoo Boruu, Doorii Jaarsoo Bokkoo, Jaarsa biyyaa Kottool Gobbaa, magaalaa Areeroo(Godina Booranaa), gaafa 03/07/12 taassifame, Marii : Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Obbo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Marii Biraanuu Wayyoo waliin taasifame, Af gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shakkisoo, Waliin gaafa 19/06/12 taassifame.

¹⁸² Marii : Wuddee Indashawuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Dursituu Garee Sona Aadaa), Daani'eel Isheetuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti- Dursaa Garee Industirii Aadaa fi aartii), Zawuddinash Baqqala (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessaa Aadaa), Shaambal Kaasuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessa Misooma Afaanii), Soofiyya Mohaammad (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeettii Haambaa Socho'anii) waliin taasifame

Sawweenaa fi Rayituu keessatti adeemsi wal dhabdee ittiin hiikame sirnaa fi seera Gadaa irraa maddee qabatamaadhaan hawaasa keessatti lafa qabatee kan jiru yoo tahuu aanaalee biroo keessatti duudhaan jaarsummaadhaan dubbii fixuu yoo jiraatees caalatti sirnaa fi seera aadaa sirna gadaa irraa madde otuu hin taane gosaan dubbii xumuruutu jira.¹⁸³ Godinaalee kan akka Jimmaa fi Walagga keessattis duudhaan jaarsummaadhaan falmii xumurachuu kan jiru yoo tahee sirnaa fi seera aadaa sirna Gadaa keessaa maddee caalatti dhibbaan amantii kan mul'atu tahuu himama.¹⁸⁴ Shawaa lixaa keessatti aanaaleen kan akka Tokkee Kuttaayee keessatti dhaddacha Bookkuu Cittuu jedhamu kan sirnaa Gadaa irraa madde hawaasa keessatti lafa qabachuun wal dhabdee wal falmitootaa bifa idilaa'aa taheen furaa kan jiru yoo tahu aanaalee biroo keessatti duudhaadhuma jaarsummaa sirnaa fi seeraa aadaa qabatamaa taheen hin deeggaramnee hawaasa keessa jiraachuu qaamoleen qorannoo kanaan dubbifaman ni ibsu.¹⁸⁵ Walitti qabaan Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa fi miseensi gumii duraanii fi ammaa tokko tokko yaada kennaniin itti fayyadmni fi tamsa'inni sirnaa fi seera aadaa sadarkaa wal fakkaataa irra akka hin jirre ibsuun yeroon kennamee irratti hojjatama taanaan hubannoo fi dammaqina walitti dhiyaataa tahe fiduudhaan dhiibbaa rakkoo kanaa hir'isuun ni danda'ama jedhu.¹⁸⁶

4.1.2.2. Bakka Muraasatti Seera-aadaatiin Tajaajilamuuf Fedhiin Gad-aanaa Ta'uu

Naannoo Oromiyaatti fedhiin hawaasa Godinaalee ykn magaalaa fi baadiyyaa gidduutti maal fakkaata kan jedhu ilaaluuf yaalameera. Kanaafis madda odeeffannoo kan godhannee ogeessota fi qorattoota aadaa Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarkaa aanaa hanga naannoo jiranii fi abbootii gadaa fi jaarsoolii biyyaa hawaasa keessa jiranii dha.

Qaamoleen kunneen yaada kennaniin garaagarummaa fedhii bakka sadiitti hiruun kaasaniiru. Innis sochii hawaasummaa magaalaa waliin dhufu, dhiibbaa amantaa fi fedhii dargaggoota sadarkaa barumsaa garagaraa keessa darbanii jechuun kaasu. Naannoo magaalatti hawaasa

¹⁸³Obbo Mallasa Masqalaatti (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee Mirkaneessa Dh/Turizimii), Amaan Nashaa (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee In/Aadaa fi Aartii), Shibbiruu Abdoo (W/A/T/Go/Baaleetti Og/Misooma Turizimii) fi hojjattoota biroo sadii Waajjiruma kana hojjatan, Magaalaa Roobee, waliin gaafa 24/06/12 taassifame.

¹⁸⁴ Cuunfaa Marii garee jaarsoolee Magaalaa Jimmaa Obbo Zaakir Abbaaboor, Obbo Nagaash Nagawoo, waliin gaafa 24/06/2012 taasifame keessaa kan fudhatame, Afaaffii Abbaa Gadaa A/Diggaa Shuumees Tasammaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame

¹⁸⁵ Afaaffii Obbo Geetuu Tolasa, Itti Aanaa Dura taa'aa Abbootii Gadaa Magaalaa Amboo waliin gaafa 20/06/2012 taasifame

¹⁸⁶ Marii : Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa (Walitti Qabaa Abbootii Gadaa Oromiyaa), Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa (Abbaa Gadaa Maccaa fi Miseensa Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa) fi jaarsa biyyaa Obbo Kadir Abdii Nuur, waliin Magaalaa Finfinneetti gaafa 16/08/12 taassifame, Afaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shaakkisoo, waliin gaafa 19/06/12 taassifame.

aadaa fi duudhaa garagaraa keessaatti dhalatee fi guuddateetu jiraata waan taheef wal falmii jiraattoota keessatti dhalatu aadaa irratti hundaa’uudhaan xumuruuf fedhiin jiru gadi aanaa dha.¹⁸⁷ Kanaan alattis, naannoo magaalatti ogeessootni seeraa illee waan jiraniif namootni wal dhabbii keessa jiran ogeessota seeraatiin kan mari’atan tahuu fi ogeessootni seeraas wal dhabbii kana gara mana murtii idileetiif furuuf fedhiin olaanaa jiraachuu isaatiin itti fayyadama sirnaa fi seera aadaatiif jiru gadi aanaa dha jedhaniiru.¹⁸⁸ Itti fayyadama sirnaa fi seera aadaatiin wal qabatee dhiibbaan amantaas salphaa kan hin jedhamne tahuu Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa ni kaasu. Goodinaalee Booranaa, Gujii, Shawaa bahaa keessaa aanaa fantaalee, Aanaa Adaamii Tulluu fi Aanaa Dugdaan alatti Godinaalee kan akka Baalee,¹⁸⁹ Jimmaa¹⁹⁰ fi Walagga Bahaa¹⁹¹ dhiibbaan amantiin aadaa irratti uumeen Abbootii Gadaa caalatti Abbootii Amantii hawaasa keessatti kan argaman tahuu kaasu. Dargaggoonnis wal dhabbii isaanii sirnaa fi seera aadaa irratti hundaa’uun xumurachuu irra gara qaama seeraatin xumurachuuf kan barbaadan tahuus qaamoleen dubbifne ni kaasu.¹⁹²

Abbootiin Gadaa fi ogeessotnii fi qorattootni aadaa rakkoon sirnaa fi seera aadaatti fayyadamuu kan gadi bu’ee ta’uu kaasuun sirna cimaa hojimaataa fi seera aadaa jajjeebeessuu danda’u diriirsuudhaan fedhiin hawaasaa dhimma isaa aadaadhaan xumurachuu yeroo gabaabaatti hubannoo uumuudhaan fooyyeessuun ni danda’ama jedhu.¹⁹³

¹⁸⁷ Afgaaffii Obbo Hajiib Abbaa Jabal, B/b Hoogganaa A/T/M/Jimmaa, Aadde Hindiyaa Abbaa Foggee Dursaa Garee Misooma Aadaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame

¹⁸⁸ Marii : Obbo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, addee Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Huseen Sulxaan(ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), Waliin gaafa 24/06/12 taasifame

¹⁸⁹ Marii : Obbo Mallasa Masqalaatti (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee Mirkaneessa Dh/Turizimii), Amaan Nashaa (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee In/Aadaa fi Aartii), Shibiruu Abdoo (W/A/T/Go/Baaleetti Og/Misooma Turizimii), waliin gaafa 24/06/12 taasifame, Marii : obboo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, addee Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Huseen Sulxaan(ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), waliin gaafa 24/06/12 taasifame

¹⁹⁰ Cuunfaa Marii garee jaarsoolee Magaalaa Jimmaa Obbo Zaakir Abbaaboor, Obbo Nagaash Nagawoo, waliin gaafa 24/06/2012 taasifame keessaa kan fudhatame.

¹⁹¹ Marii : Obbo Getaachoo Gurmuu (Dursaa Garee W/A/T aanaa), Birhaanuu Ayyalaa (Qorataa Seenaa fi Afaanii), Obbo Gammachuu Warquu (Dursaa Garee Misooma Aadaa), W/A/T/Aanaa Guutoo Giddaa, waliin gaafa 30/06/12 taasifame, Obboo Xilahuun Olaanii, jaarsa biyyaa aanaa G/Giddaaa, waliin gaafa 30/06/12 taasifame

¹⁹² Marii: Jaarsoo Boonaa (AbbaaGadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), Mag/Gooroo Dollaa, waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Obbo Alamaayyoo Haayilee, Qorataa Aadaa fi Seenaa, G/gala Aadaa Oromoo,waliin gaafa 5/08/12 taassifame, Obbo Dirribaa Tarrafaa, Daayireektara G/Aadaa Oromoo, waliin gaafa 05/08/12 taassifame.

¹⁹³ Af-gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo amatti Yuuba, Mag/Shaakkisoo, waliin gaafa 19/06/12 taassifame, Marii : Wuddee Indashawuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Dursituu Garee Sona Aadaa), Daani’eel Isheetuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti- Dursaa Garee Industirii Aadaa fi aartii), Zawuddinash Baqqala

4.1.2.3. Darbee Darbee Naamusni Jaarsolii/Abbootii Gadaa Gadi-aanaa Ta'uu

Akka waliigalaatti haalli kenniinsa haqaa naannoo keenyaa hanqina naamusaa irraa bilisa tahee kan jiru miti. Rakkoon naamusaa hangam adeemsa aadaa keessatti mul'achuu mala kan jedhu qorannoo kanaan addaa baasuuf yaalameera. Hooggansa mana murtii, Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaa akkasumas ogeessotaa fi qorattoota aadaa irraa bifa marii garee fi af gaaffiitin odeeffannoon sassaabame akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Ogeessotni aadaa fi hooggansi mana murtii yaada kaasaniin Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa naamusa gaarii qaban akkuma jiran darbee darbee Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa naamusa dhabuun gosaan, firoomaan, fayidaadhaan hojjachuun darbee darbee kan mul'atu ta'uu isaati.¹⁹⁴ Hooggantootni biroosa yaada kennaniin Abbootii Gadaa olaano biratti rakkoon naamusaa xiqqaa ta'uus jaarsolii biratti garuu bal'inaan ni mul'ata jedhaniiru.¹⁹⁵ Rakkoon naamusaa kun jiraachuu Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa illee ni kaasu.¹⁹⁶ Dur Abbaa Gadaatu uummata sodaata, amma uummatatu Abbaa Gadaa sodaata jechuun rakkoo naamusaa mul'atu jaarsoliin ni kaasu.¹⁹⁷

Ogeessotni fi qorattootni aadaa sadarkaa aanaa fi godinaa irratti argaman yaada kennaniinis dur dubbii gaaddisa jalati fixuutu jira amma garuu hoteelatti jaarsummaaf taa'ama.¹⁹⁸ Iddoo birootti Jaarsoliin waan gaaddisaa jedhanii abbootii dhimmaa irraa waa barbaaduun ni jira.¹⁹⁹ Baasiin

(Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessaa Aadaa), Shaambal Kaasuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessa Misooma Afaanii), Soofiyyaa Mohaammad (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeettii Haambaa Socho'anii) waliin taasifame.

¹⁹⁴ Afgaaffii Obbo Badriitamaan Umar, Perezidaantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taasifame, Af gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS, MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taasifame, Cuunfaa Marii Garee Waajjira Aadaa fi Turizimii G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Ismaa'eel Abbaa Boor B/b Prezidaantii MMO G/Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taasifame

¹⁹⁵ Af gaffii Obbo Dhadacha Guuyyoo, Peresidaantii MM A Liiban, waliin gaafa 17/06/12 taasifame, Marii : obbo Mallasa Masqalaatti (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee Mirkaneessa Dh/Turizimii), Amaan Nashaa (W/A/T/Go/Baaleetti Du/Garee In/Aadaa fi Aartii), Shibbiruu Abdo (W/A/T/Go/Baaleetti Og/Misooma Turizimii), waliin gaafa 24/06/12 taasifame

¹⁹⁶ Afgaaffii Abbaa Gadaa Naahim Hasan, Walitti Qabaa Abbaa Gadaa Magaalaa Jimmaa, waliin gaafa 26/06/2012 taasifame

¹⁹⁷ Af-gaaffii Jaarsa biyyaa Dok. Kabajaa Borbor Bulee, Magaalaa Dubulliq, waliin gaafa 02/07/12 taasifame

¹⁹⁸ Afgaaffii Obbo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, Aaddee Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Obbo Huseen Sulxaan(Ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), waliin gaafa 24/06/12 taasifame, Marii Biraanuu Wayyoo (Qorataa Seenaa W/A/T/A/O/Shaakisoo) fi Faanayee Lammaa Ogeessa afaanii W/A/T/A/O/Shaakkisoo), waliin gaafa 19/06/11 taasifame.

¹⁹⁹ Marii- Jeeylaan Kadir (Perezidantii M/M/Aanaa Sinaanaa) fi Obboo Getaahuun Baqqala (Gaggeessaa KTAS MMA Sinaanaa), waliin gaafa 24/06/12 taasifame, Marii : Obbo Aloo Baalshoo, Miseensa Gumii Odaa Roobaa fi Walitti Qabaa A/Gadaa fi jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Aaddee Shukurii Kadir, Haadha Siinqee, Aanaa Sinaanaa, Waliin gaafa 28/06/12 taasifame.

kun yeroo tokko tokko dhimma isaanii gara mana murtii idileetti otuu fidan kan baasanii ol ta'a jechuun rakkoo naamusaa jiru ibsaniiru.²⁰⁰ Rakkoon kun akka sodaatti adda bahuu isaatiin irratti hojjatamuu kan malu dha.

4.2. Mana Murtii Aadaa fi Hawaasa Magaalaa

Tajaajilli haqaa mana murtii aadaatin kennamu sirnaa fi seera aadaa qabatamaadhaan hawaasa keessa jiru irratti hundaa'uun tahuu mala. Bakka aadaan gabbataa fi qabatamaa tahe hawaasa keessa hin jirreetti mana murtii aadaa bu'a qabeessa hundeessuun hin danda'amu. Aadaan gabbataa fi qabatamaan uumamuu kan danda'u duudhaa fi hojimaata itti fufaa yeroo dheeraa fudhatu keessatti dha. Kunis tahuuf hawaasichi ilaalchaa, duudhaa, afaan wal fakkaataa tahe qabaachuu qaba. Qixa kanaan yoo ilaalame hawaasani baadiyyaa duudhaa fi afaan akkasumas xinsammuu ykn ilaalcha wal fakkaata tahe qaba. Uummatni magaalaa garuu jiraattota ilaalcha, aadaa fi afaan garagaraa fayyadaman irraa ijaaramuu danda'a. Bakka hawaasni waliigalaa namoota ilaalcha, duudhaan fi afaan garagaraa qaban irraa ijaaramee jiruutti hundeeffamni mana murtii aadaa haala kamiin tahuu qaba kan jedhu qaphxii qorannoon kanaan xiyyeeffannaan itti kennamee dha. Marii hoggansa mana murtii, hooggansa Biiroo Aadaa fi Turizimii sadarkaa aanaa dhaa hanga naannoo jiran, ogeessota fi qorattooa aadaa akkasumas Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaa waliin tureen ilaalchi sadii calaqqiseera.

Hooggansi mana murtii tokko tokko Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa caqasuudhaan manni murtii aadaa Heera Nannoon itti bulu keessatti beekamtii argatee kan jiruu dha. Heerri kun jiraataa magaalaa fi baadiyyaa jechuudhaan addatti qoodee hin jiru. Jiraataan magaalas ta'e baadiyyaa Heera kana kabajuuf ykn ittin buluu mirgaa fi dirqama wal fakkaataa fi tokko tahe qaba. Mana murtii aadaa akka hundeessuuf ykn beekamtii akka keennuf kan aanga'e Caffee mootummaa Naannoo Oromiyaa yoo tahu Caffeen kunis bakka bu'uu uummata magaalaa ykn baadiyyaa qooduun otuu hin taane guutummaa uummata Naannoo Oromiyaa keessa jiraatuuti. Manni murtii aadaa labsii Caffeen baasuun hundeeffame taanaa jiraattootni magaalas qixuma baadiyyaa ittiin buluufii kabajuu qabu kan jedhuu dha. Mana murtii aadaa kana fudhachuufii dhiisuun kallattiidhaan Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fudhachuufi dhiisuu kan jedhu

²⁰⁰ Akkuma olitti lakk. 3

waliin ilaalamuu qaba. Kanaaf addatti dhimma jiraattoota magaalaa ilaalamuu hin qabu ijannoo jedhuu dha.²⁰¹

Ijannoon inni biraa Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaa biratti kan calaqqisuu dha. Abbootiin Gadaa fi jaarsoliin biyyaa keessumaa Godina Gujii fi Booranatti argaman namni kamiyyuu iddoo barbaadee haa dhufu Boorana ykn Gujii keessa jiraata taanaan akka Booranaa ykn Gujiitti ilaalamee qixu dhalattootaatti mirgaa fi dirqama qaba. Jiraattootni magaalaa jiraniis iddoo biraatillee kan dhufan yoo tahe akkuma Booranaatti ykn Gujiitti ofi ilaalaniis dhimma isaanii nutti kennatanii ilaalaafii jirra. Kanaaf manni murtii aadaa haala adda taheen fedhii hawaasa magaalaa haalli itti keessummeessu hin jiraatu jedhu.²⁰²

Yaadni inni dhumaa kan calaqqisu hawaasni magaalaa namoota aadaa fi duudhaa akkasumas ilaalcha garagaraa qaban irraa kan ijaarame tahuu ibsuun tajaajila haqaa kennamuuf yaadame seeraa fi sirna aadaa kamiin kennamuu mala gaaffii jedhu kaasuu manni murtii aadaa fedhii jiraattoota magaalaa addatti hin keessummeessu taanaan jiraattootni magaalaa aadaa fi duudhaa kan isaanii hin taaneen tajaajila haqaa akka argan taassisuu taha. Kun immoo mirga gaaffii mirgaa kaasuu mala jedhu.²⁰³ Ogeessotni ijannoo kana mormaniis yaada kaasaniin uummatni magaalaa tahe baadiyyaa mana murtii idileetti tajaajila haqaa argataa kan jiru seera aadaa fi duudhaa isaa irraa madden waan hin taaneef fi kunimmoo hanga ammaatti komii tahee dhiyaatee kan hin jirre tahuu caqasuun mana murtii aadaa sirnaa fi seera aadaa uummata bal'aa keessaa madden tajaajila haqaa kennu hundeessuun komii fida jedhamee hin tilmaamamu jedhu.²⁰⁴

Abbootiin Gadaa sadarkaa naannootti yeroo ammaa tajaajilaa turanii fi yeroo tajaajila isaanii xumuran yaadota kan waliin madaaluun gaaffii dhiyaateefin yoo yaada kennan aadaan dhugaa qofa irratti hundaa'ee hojjata. Aadaa biratti sobni hin jiru. Namni immoo kan sodaatu haqni yoo dabee dha. Fedhiin uummata magaalaa fedhii dhugaa fi haqaati. Muuxannoo jiruunis falmii guddaa wal falmitoota saba Oromoo hin taane gidduutti uumamee dhimma isaanii ilaaltee hiikne qabna. Kanaaf uummatni magaalaa addatti fedhii qaba jedhamee ilaalamuu hin qabu

²⁰¹ Af-gaaffii Obbo Maammoo Tusii, Perezidaantii MMO G/Baalee, waliin gaafa 28/06/12 taassifame

²⁰² Akkuma olitti lakk. 198

²⁰³ Akkuma Olitti lakk. 138

²⁰⁴ Akkuma Olitti lakk. 202

jedhaniiru.²⁰⁵ Ogeessootni yaada kana cimsaniis jiru.²⁰⁶ Dabalataanis, ogeessootni biroo yaada kaasaniin magaalaa keessatti manni murtii aadaa bifa abbootiin murtii sabaaf sablamoota biroo hirmaachisaa taheen haala ijaaramu irratti hojjachuu dha malee haala adda taheen ilaaluun hin barbaachisu jedhu.²⁰⁷

Akka waliigalaatti, hawaasa magaalaa ilaalchisee uummatni ijaarsaa sab-daneessa ta'e kan qabu tahuun isaa qofti seeraa fi sirna aadaatiin wal dhabdee hiikachuu dhorkee kan hin jirre yoo ta'u, gurmaa'iimsi mana murtii aadaa bifa sabaa fi sablamoota magaalaa keessa jiran hirmaachisee fi haqummaa isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e caalatti komii ka'uu malu hambisuun amantaa uummataa kan dabaluu tahuu qorannoo kanaan adda bahuu danda'eera.

4.3. Mana Murtii Aadaa fi Mirga Dubartootaa

Seera aadaatin wal qabatee hanqinni barruuleen tokko tokko kaasaan wal qixxummaa koornayaatti ilaalchisee hanqina qaba kan jedhu dha. Kunis ibsamuu kan danda'u murtii kennamu keessatti dhiiraaf looguu fi kenniinsa murtii keessatti hirmaanna dubartootaa ti. Qaphxii kana qorannoo kanaan ilaaluuf yaalameera. Seerii fi sirni aadaa naannoo Oromiyaa keessatti qabatamaadhaan hawaasa bira ilaalchi wal qixxummaa korniyaa ilaalchisee jiru qixa murtii kennamuu fi hirmaannaa dubartootaatiin xiinxaluuf ogeessota fi qorattoota aadaa, Abbootii Gadaa, haadha siinqee, jaarsolii biyyaa waliin mariin taassifameera.

Ogeeyyiin fi qorattootni aadaa yaada kaasaniin dhimma koornayaa aadaa keessa jiru ilaalchaa fi aadaa dhuma sana irratti hundaa'uun safaramuu qaba malee dhimma aadaa qorachaa duudhaa fi hojimaata aadaa keessa jiru qixa aadaa ykn qaroomina biyyoota lixaatin safaramuu hin qabu. Dhimmi kornayaas qixuma kanaan ilaalamuu qaba. Sirna Gadaa keessatti falmii dhiiraa fi

²⁰⁵ Marii : Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa (Walitti Qabaa Abbootii Gadaa Oromiyaa), Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa (Abbaa Gadaa Maccaa fi Miseensa Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa) fi jaarsa biyyaa obboo Kadir Abdii Nuur, waliin magaalaa Finfinnee, gaafa 16/08/12 taassifame, Afgaaffii Nuur A/Fiixaa Abbaa Gadaa fi Jaarsa Biyyaa, Qaadii Abbaa Boor , Aanaa Deedoo waliin gaafa 25/06/2012 taasifame, Afgaaffii Abbaa GadaaNaahim Hasan, walitti Qabaa Abbaa Gadaa Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Xilahun Olaanii jaarsa biyyaa A/G/Giddaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame.

²⁰⁶ Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011 taasifame Marii garee ogeessota A/T/A/G/Giddaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame.

²⁰⁷ Marii: Obbo Atilaabaachawu Aabbaabbuu (perezidaantii Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo) fi Obbo Diiqqaa Abdii (Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo) Gaggeessaa KTAS), Waliin gaafa 19/06/12 taassifame.

dubartii gidduutti taassifamuus dubartiidhaaf yoo looge malee kan dubartii miidhu miti.²⁰⁸ Keenniinsa murtii keessattis dhimma hirmaannaa dubartootaa kan kaafnu yoo ta'e kabaja dubartiitiif yaa'ii hin dhaabatiin jedhamti. Dhiirri abbaa siinqee akkuma hin taane dubartiinis abbaa gadaa hin taatu. Kun immoo wal qixxummaa mulquu otuu hin taane safuudhuma aadaa keessa jiruu dha jedhu.²⁰⁹ Ogeessootni biroo garuu murtii kennuun hirmaannaan dubartootaa sirna gadaa keessatti argamuu dhiisuu isaa wal qixxummaa dubartootaatti kan hin amanne waan taheef mirga duabrtii miidha jechuun kaasanii jiru.²¹⁰

Yaada Abbootiin Gadaa kaasaniin falmiidhaan wal qabatee sirni gadaa dubartiif iddoo addaa kennee akka jiru eeru. Dhimma dubartiin keessa jirtuu hayyuu addaa cimina qabutu filatamee ilaala. Dubartiin yaa'ii dhaabuu dhiisuuf dhimma isaanii dursa ilaalama. Sirna mootummaa irra sirna gadaatu dubartiif caalatti kabaja qaba.²¹¹ Ragaa yoo taate dubbii dubartii dhugummaa qaba jedhameeti tilmaama. Yoo himatttees dhugaa qabdi jedhameeti jalqabuma tilmaamni fudhatama.²¹² Hirmaannaa dubartootaa ilaalchisee bakka abbaan gadaa yaa'iif yoo ta'e haati manaa biraa hin haftu. Akka murtiitti hin hirmaanne kan taassifameef garaa lafti kan jedhuuf malee miidhuuf miti jedhu. Dubartii kunuunsuuf malee miidhuu miti.²¹³ Haadhooliin siinqee yaada kaasaniin dubartii kan miidhu seeraa fi sirna gadaa otuu hin taane ilaalcha duubatti hafaa

²⁰⁸ Marii garee: Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Af-gaaffii Obbo Abrahaam A/Macaa, Aadde Maari'am Abdo, Ogeessa Induustirii Aadaa fi Aadde Ikiraam Ahmad Ogeessa Afaanii W/A/T/G/Jimmaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame

²⁰⁹ Marii garee: Dambii Turcee(Dursaa Garee So/Aadaa Go/Gujii), Baay'isaa Bayyana(Ogeessa Afaanii W/A/T/Go/Gujii), Samarroo Waaree(Qorataa fi Qindeessaa Sirna Gadaa Go/Gujii), Barrisoo Olaanaa(Dursaa Garee Aadaa fi Aartii Wa/A/T/Go/Gujii), waliin gaafa 18/08/12 taassifame, Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasaa Qorataa Seenaa fi Sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa, waliin gaafa 27/06/2012 taasifame

²¹⁰ Af-gaaffii Tashoomaa Egeree (PhD) Daarikteera Inistiitiyuutii Qorannoo Oromoo Yunivarsiitii Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taasifame

²¹¹ Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), waliin gaafa 18/06/12 taassifame, Cuunfaa marii garee Abbootii Gadaa fi Jaarsoolee biyyaa A/Tokkee Kuttaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame.

²¹² Afgaaffii Abbaa Gadaa Nuur A/Fiixaa fi Jaarsa Biyyaa Qaadii Abbaa Boor Aanaa Deedoo waliin gaafa 25/06/2012 taasifame, Marii garee jaarsoolee fi Abbootii Gadaa A/Fantaalee waliin gaafa 10/7/2012 taasifame

²¹³ Marii: Jaarsoo Boonaa (Abbaa gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Ejarsa Bulgee (Jaarsa biyyaa Aanaa Gooroo Doollaa), Waliin gaafa 18/06/12 taassifame.

gadaan hin beeknee dha jechuun yaa'iitti murtii kennuu dhiisuun qofti miiidha miti. Garuu, ilaalchi wal qixxummaatti amanuu dhiisuu baduu qaba jedhu.²¹⁴

Gama biraatin bu'uura sirna gadaatin seera haaraa tumuun ykn labsuun waan danda'aamuuf dubartiin keenniinsa murtii keessatti akka hirmaattu itti amannaan yaa'ii waliigalaatti bakka hayyuun, luubnii fi Abbaan Gadaa jiruutti labsamee hirmaachisummaa dubartootaa mirkaneessuun akka danda'amu abbootiin gadaa ni kaasu.²¹⁵ Kunis kan agarsiisu hirmaannaa fi wal qixxummaa dubartootaa ilaalchisee komii sirnaa fi seera aadaa irratti mul'atu hambisuun akka danda'amuudha.

4.4. Caaseffamaa fi Gurmaa'iinsa Mana Murtii Aadaa: Xiinxala Muuxannoo Biyyoota Ambaa fi Yaada Ogeeyyota Rogeeyyii

Manni murtii aadaa sirnaa fi seera aadaa giddu galeessa godhatee tajaajila abbaa seerummaa kennuuf gurmaa'iinsaa fi caaseeffama sirnaan deeggarama qabaachuu qaba. Gurmaa'iinsi fi caaseeffami mana murtii aadaa tajaajila kennamu bifa ifaa, salphaa fi dhaqqabamaa taassisuun qindaa'uu qaba. Gurmaa'iinsi fi caaseeffamni kunis duudhaa hawaasa keessaa madduu irratti hundaa'uu qaba. Kanuma giddu galeessa godhachuudhaan manni murtii aadaa Naannoo Oromiyaatti hundeeffamu gurmaa'iinsaa fi caaseeffama akkamii qabaachuu qaba kan jedhu duudhaa hawaasa keessa jiru adda baasuuf abbootii gadaa, jaarsolii biyyaa, ogeessotaa fi qorattoota aadaa kan quunnamne yoo ta'u qixa ogummaatiin yoo ilaalamus gurmaa'iinsaa fi caaseeffama akkamii qabaachuu qaba kan jedhu ilaaluuf hooggansa mana murtii fi abbootii seeraa quunnamneerra. Dabalataanis, biyyoota birootti manni murtii aadaa hundeeffamee jiru gurmaa'iinsa fi caaseeffama akkamii qaba kan jedhu qorannoo kanaan ilaalamaniiru. Odeeffannoon mala qorannoo af gaaffii, marii garee fi bargaaffiin sassaabaman kunneenii fi muuxannoon biyyoota adda addaa haala armaan gadiitiin mata duree garagaraa jalatti xiinxalameera.

²¹⁴ Af-gaaffii Addee Shukurii Kadri, Haadha Siinqee Aanaa Sinaanaa, gaafa 28/06/12 taassifamae, Aaddee Faaxumaa Maammaa Sheekaa, Aanaa Gobbaa, waliin gaafa 27/06/12 taassifame

²¹⁵ Af-gaaffii Jaarsa biyyaa Dok. Kabajaa Borbor Bulee, Magaalaa Dubulliqiitti gaafa 02/07/12 taassifame, Af gaaffii Obbo Aagaa Xiinxanoo, Abbaa Gadaa duraanii fi yeroo ammatti Yuuba, Mag/Shaakkisootti gaafa 19/06/12 taassifame.

i. Filaannoo Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa

Galma gahiinsa kaayyoo hundeeffama mana murtii aadaatiif shoorri abbootiin seeraa aadaa taphatan olaanaa dha. Kanaaf, filannoo isaaniitiif xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaa dha. Biyyoonnis garagaraa namoota mana murtii aadaatti abbaa seeraa ta'anii tajaajilan filachuuf haala qabatama naannoo isaanii giddugaleessa godhachuun ulaagaa garagaraa yeroo kaa'atan mul'ata. Akkuma boqonnaa sadi jalatti kaafneetti, biyyi Maalaawwii namni tokko abbaa seeraa mana murtii aadaa ta'ee tajaajiluuf yoo xiqqaate umriin isaa waggaa 35 fi isaa ol, waraqaa ragaa barnootaa mana barnootaa Maalaawwii kan qabu, beekumsa aadaa bakka manni murtii itti hundaa'ee jiru kan qabuu fi Afaan naannoo sanaa sirnaan beekuu akka qabu seera isaanii keessatti kaa'ataniiru. Manni murtii aadaa kun dhimma hariiroo hawaasaa irratti akka gorsaatti kan isaan gargaaru paanaalii ykn gumii qabu. Miseensoonni paanaalii kanaa ulaagaadhuma filannoo abbootii seeraa mana murtii aadaa ta'ee, ulaagaan sadarkaa barnootaa barbaachisuu dhiisuu fi namni filamu kun yoo xiqqaate umrii waggaa 50 ta'uu qaba kan jedhu ulaagaa filannoo abbootii seeraa mana murtii aadaa irraa adda isa taassisa.

Biyya Naayijeeriyaa yoo ilaallu walitti qabaa abbootii seeraa mana murtii aadaa ta'anii filamuuf ogummaa seeraan muuxannoo waggaa shanii kan gaafatuu yoo ta'u abbootiin seeraa hafan garuu miseensa hawaasaa ta'anii namoota barnoota hin qabne illee ta'uu akka danda'u dha. Biyyi Zimbaabuwee keessatti immoo namoota aadaa uummataatti sirriitti hidhata qabani fi hawaasa baadiyaa waliin hariiroo qaban akka ulaagaatti kaa'uun kan filachaa jirani dha. Muuxannoowwan biyyoota armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu ulaagaa dhaabbataan akka hin jirree fi haala qabatama naannoo isaanii giddugaleessa godhachuun abbootii seera manneen murtii aadaa filachaa akka jirani dha. Garuu kan isaan walfakkeessu abbaa seeraa aadaa ta'ee filatamuuf aadaa fi duudhaa naannoo sanaa beekuu akka qabu dha.

Naannoo keenyaa keessatti mala aadaatti gargaaramuun hawaasni keenya waldebbii isaan gidduutti uumameef furmaata kennaa akka jiru beekamaa dha. Garuu gareewwan kun haala isaan qaama dhimma isaanii ilaaluun murtii dabarsu itti filatan dhimmaa dhimmatti yookiin iddoodhaa iddootti garaa garummaa qaba. Fakkeenyaaf, G/Jimmaa fi G/Shawaa Lixaatti waldebbiye sasalphaa uumame yeroo qaamni miidhame jedhu fedhii fi kaka'uumsa isaatiin jaarsa biyyaatti dhimma keenya ilaalaa jechuun kan gaafatu ykn jaarsi biyyaa wal dhabdee wal falmitoota beekuu ykn arge jaarsolii biroo dabalachuun kaka'uumsa isaaniitiin dubbii keessan nutti

kennadhaa ni ilaalla yaada jedhu dhiyeessuudhaan kan ilaalana tahuu dha.²¹⁶ Godina kunneen keessatti caasseffamni ykn gurmaa'iinsi wal dhabdee hawaasaa hiikuuf hawaasa keessatti duudhaa fi sirnaan ijaaramee dhibuu isaatiin qaamni wal dhabdee qabu nama barbaade ofii filachuutu mul'ata.

Godina Booranaa fi G/Gujii keessatti ijaarsi aadaa fi hawaasummaa sirnaan lafa qabate hawaasa keessatti jiraachuu isaatiin filannoon jaarsolii wal dhabdee hiikani adda bahee beekamaa dha. Fakkeenyaaf Booranni gosa 17 (kudha torbaa) fi balbala 300 (dhibba sadii) kan qabu yoo ta'u balballi marti hayyuu qaba. Haayyuun kun balbalatu kennata. Wal dhabdee hawaasa keessatti dhalatu sadarkaa jalqabaatti kan ilaalu haayyuu kana dha.²¹⁷ Dhimmoota ciccimoo garuu Abbootii Gadaa bu'uura sirna gadaatiin filatamaniin ilaalama.²¹⁸ Gujii keessatti caasseffamni wal fakkaataa ta'e kan jiruu dha. Wal dhabdee hawaasa keessatti uumamu haayyuu sirna Gadaatiin filatameen ilaalamuu kan jalqabu yoo ta'u dhimmoota ciccimoo garuu Abbootii Gadaatiin kan ilaalamaa jiruu dha.²¹⁹ Aanaa Fantaalee keessatti immoo sadarkaa jalqabaatti dhimmoonni bulchaa gosaatiin kan ilaalaman fi filannoon bulchaa gosaatiifis sirni kan jiru ta'uu isaati.²²⁰ Kun kan agarsiisu Naannoo Ormiyaa keessatti wal dhabdee hiikuudhaan wal qabatee haalli qaamni wal dhabbee hiiku ittiin filataman walfakkaataa akka hin taanee dha. Dabalataanis bakka tokko tokkootti qaamni wal dhabdee hiiku sirnaan hawaasa keessatti ijaaramee kan jiru yoo tahu bakka birootti sirnuma jaarsummaa filannoo fi fedhii abbootii dhimmaa irratti hundaa'uun gaggeeffamaa kan jiru dha.

Mana murtii aadaa hundeeffamu keessatti abbootii seeraa tajaajilan filachuuf ulaagaa barbaachisan adda baafachuuf odeeffannoon abbootii gadaa, jaarsoolee biyyaa, qorattootaa fi hooggantoota manneen murtii irraa maloota adda addaatti gargaaramuun funaanamee jira. Bakkeewwan ijaarsi hawaasummaa wal dhabdee hiiku ijaaramee jiru keessatti filannoon abbootii seeraa mana murtii aadaa ijaarsa hawaasummaa fi aadaa dursa lafa qabatee jiru irratti hundaa'uu akka qabu abbootiin gadaa fi ogeessootni aadaa Godina Gujii bahaa, Godina Booranaa fi Aanaa

²¹⁶ Af-gaaffii Injiguu Guutaa Abbaa Gadaa fi Abbaa Murtii Bokkuu Cittuu Aanaa Tokkee kutaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame, Marii Jaarsoolee Magaalaa Jimmaa, Obbo Zaakir Abbaa Boor, Obbo Nagaash Nagawoo, Aadde Abbabech Amanee waliin gaafa 24/06/2012 taasifame

²¹⁷ Akkuma Olitti lakk. 181

²¹⁸ Kanuma

²¹⁹ Akkuma Olitti lakk. 158

²²⁰ Marii Garee: H/Hawaas Abboomsaa (Jaarsa biyyaa), Obbo Bulaa Diidoo (jaarsa biyyaa), Obbo Hawaas Fantaalee (jaarsa biyyaa fi Abbaa Gadaa) aanaa Fantaallee waliin gaafa 10/07/2012 taasifame

Fantaallee ni kaasu. Jaarsoliin biyyaa, ogeessootni fi qorattootni aadaa, hooggansi manneen murtii baay'inaan yaada kennaniin filannoon abbootii seeraa kallattiidhaan sadarkaa gandaatti jiraattoota gandaatiin ta'ee namoota aadaa fi safuu uummata Oromoo sirnaan beekan, abbootii amantaa walqixa hirmaachise, hirmaannaa dubartootaa keessattuu haadha siinqee kan qabu²²¹, umrii giddugaleessa kan godhate²²², namoota hawaasa keessatti fudhatama qaban, jiraataa gandaa, Abbootii Gadaa fi jaarsoolee biyyaa keessaa abbootiin seeraa aadaa filatamuu akka qabu kaasu.²²³

Hirmaannaa nama barnoota qabuu ilaalchisee barbaachisummaa fi hirmaannaa isaa hooggansi manneen murtii afgaaffiin taasifameef yeroo kaasan ni mul'ata. Yeroo seera aadaan hojjetamu mirgoota namoomaa kanneen heera mootummaa fi seerota idila addunyaatiin beekkamtiin kennamee fi biyyi keenya mallatteessitee jirtu sarbammuu danda'a. Qaamoleen tajaajila gorsa seeraa kennaan maamilli isaanii carraa xiqqaachuu waan jiraatuuf hanqina dandeettii abbootii seeraa aadaa kanatti gargaaramuun kaayyoon isaanii akka hin milkoofne gochuu danda'u.²²⁴ Kanaaf, abbootii seeraa aadaa filatama keessa namni barate jiraachuu akka qabu eeru. Abbaan seeraa barnoota qabu kunis murtii kennamu barreessuuf akka tajaajilu ibsu.²²⁵ Abbaan seeraa barnoota qabu kunis nama aadaa naannoo sanaa beeku ta'ee eegumsa mirga namoomaa heera keessatti taa'an akka kabajamaniif hubannoo barbaachisaa abbootii seeraa hafaniif kan kennu ta'uu akka qabu kaasu.²²⁶

Akka waliigalaatti filannoon abbootii seeraa mana murtii aadaa ulaagaa namoota aadaa fi safuu uummataa sirnaan beekan, abbootii amantaa walqixa hirmaachise, hirmaannaa dubartootaa keessattuu haadha siinqee kan qabu, umurii giddugaleessa kan godhate, namoota hawaasa

²²¹ Marii : Obbo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, Aadde Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa Garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Huseen Sulxaan (Ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), Waliin gaafa 24/06/12 taasifame

²²² Cuunfaa marii garee: Obbo Dajanee Kabbadaa, Obbo Alamuu Kumalaa, Aadde Ayyalech Maammoo Ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Ambuu waliin gaafa 19/06/2012 taasifame

²²³ Afgaaffii Obbo Rattaa Immaa B/b Waajjira A/T/A/deedoo, Aadde Natsannet Malaakuu, Ogeessa Misooma Aadaa fi Obbo Taaddasee Baatuu Ogeessa Misooma Turiizimii Aanaa Deedee waliin gaafa 25/06/2012 taasifame Afgaaffii Abbaa Gadaa Nuur A/Fiixaa fi Jaarsa Biyyaa Qaadii Abbaa Boor Aanaa Deedoo waliin gaafa 25/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Maatiyoos Yiggazuu, KTAS Mana Murtii Olaanaa G/L/Shawaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Dirribaa Oliy, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame

²²⁴ Afgaaffii Obbo Guyyoo Waariyoo I/A/P/MMWO, Waliin gaafa 16/08/2012 taasifame

²²⁵ Afgaaffii Obbo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii waliin gaafa 17/06/12 taasifame, Af gaaffii Obbo Dhadacha Guuyyoo, Peresidaantii MMA Liiban, waliin gaafa 17/06/12 taasifame

²²⁶ Af-gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taasifame

keessatti fudhatama qaban fi jiraataa ganda sanaa ta'e kan jedhu kaa'uudhaan kallattiidhaan hawaasni yoo filate gaarii dha. Bakka ijaarsi hawaasummaa sirna gadaa keessaa madde lafa qabatee jirruutti filannoon abbootii seeraa bu'uuruma ijaarsa lafa qabatee jiruun dabalatatti ulaagaalee kunneen bifa hammateen gaggeeffamuun isaa wal fakkeenya sirnaa mirkaneessuuf ni gargaara. Kanaan alatti bakka ijaarsi sirna gadaa lafa qabatee jiruuttis ta'e bakka kaanitti tuuta abbootii seeraa keessaa namni tokko ulaagaa sadarkaa barnootaa ykn barreessuu fi dubbisuu danda'uu giddu galeessa ta'e kaa'uudhaan filatamuu qaba.

4.4.2. Itti waamama Mana Murtii Aadaa

Manni Murtii Aadaa gahee hojii seeraan isaaniif kennamee qixa sirriin hojjechuu isaanii mirkaneessuuf qaamni yeroo yeroon madaaluun kallattii kaa'u jiraachuu qaba. Manni murtii aadaa qaama itti waamamuuf qabaachuu qaba jechuu dha. Akkuma boqonnaa sadaffaa keessatti ilaalletti biyyoonni adda addaa itti waamama manneen murtii aadaaf qaamolee garaa garaatiif kennanii jiru. Biyya Afrikaa Kibbaatti manneen murtii aadaa sadarkaa baadiyaatti hundeesanii kan jirani fi itti waamamni isaanii immoo hayyu duree ganda ykn bulchitoota ganda jedhamaniiniifi dha. Biyyoota akka Zaambiyaa fi Naayijeeriyaa keessatti immoo itti waamamni isaanii mana murtii waliigala biyyittiif.

Akka Naannoo Oromiyaattis manni murtii aadaa osoo hundaa'ee, itti waamamni isaanii qaama kamiif ta'uu akka qabu adda baafachuuf odeeffannoon Ogeessota fi qorattoota aadaa, Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaa, hooggansa amana murtii irraa funaanamee jira. Qaamoleen dataan irraa funaaname kunis itti waamama manneen murtii aadaatiif yaadota adda addaa kaasaniiiru.

Manni Murtii Aadaa yeroo hundeeffamu akkuma sekteroota mootummaa biroo of danda'ee ganda irraa hanga naannootti hundeeffamuu qaba jedhu.²²⁷ Ogeessonni yaada kana deeggaran

²²⁷ Cuunfaa Marii Garee: Obbo Abbabaa Fiixaa, Obbo Faanaa Qajeelaa fi Obbo Darajjee T/Maaram Ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa Waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Cuunfaa marii garee: Obbo Dajanee Kabbadaa, Obbo Alamu Kumalaa, Aadde Ayyalech Maammoo Ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Ambuu waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Biraanuu Alamu Misooma Sona Aadaa fi Aadde Baalayinesh Cammiruu Ogeessa Misooma Afaanii Waajjira A/T/A/Diggaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011 taasifame, Afgaaffii Obbo Hajiib Abbaa Jabal B/b Hoogganaa A/T/M/Jimmaa, Aadde Hindiyaa Abbaa Foggee Dursaa Garee Misooma Aadaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Afgaaffii Abbaa Gadaa A/Diggaa Shuumee Tasammaa waliin gaafa 30/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Injiguu Guutaa Abbaa Gadaa fi Abbaa Murtii Bokkuu Cittii Aanaa Tokkee kutaayee waliin gaafa 01/07/2012 taasifame Afgaaffii Abbaa Gadaa Nuur A/Fiixaa fi Jaarsa Biyyaa Qaadii Abbaa Boor Aanaa Deedoo waliin gaafa 25/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taasifame,

akka sababaatti kanneen kaasan uummanni Oromoo durii kaasee osoo dimokraasiin ammayyaa hin hundeeffamiin sirna gadaatiin of bulchaa waan tureef sirnuma kana of dandeessisuun gahaa dha jedhu. Manni Murtii Aadaa bu'uura sirna gadaatiin hundaa'uu akka qabu dha. Kunis dhiibbaa qaamolee adda addaa irraa itti dhiyaatu hambisuuf gargaara. Mana Murtii Aadaatiif beekkamtii kennuun aadaa uummata Oromootiif beekkamtii kennuu akka ta'eetti kaasu. Mana Murtii idilee jala galchuun kaayyoo kana akka galmaan hin geenye isa taasisa jedhu. Kanaaf, Manni Murtii Aadaa caasaa Sirna Gadaa jalatti hundaa'uu akka qabuu fi itti waamamni isaa immoo Gumii Abbootii Gadaatiif ta'uu akka qaba jedhu. Manni murtii aadaa mana murtii idilee irraa amala addaa waan qabuuf itti waamamni isaas mana murtii idilee jalatti ta'uu akka hin qabne eeru. Ejjennoon kunis irra caalaa Abbootii Gadaa, jaarsoolee biyyaa, Ogeessota Aadaa fi Turiizimii fi Qorattoota seenaa fi aadaa biratti kan calaqqisu dha.

Mana murtii aadaa of dandeessisuun bu'uura Sirna Gadaatiin hundeeffamu itti waamamni isaa immoo Gumii Abbootii Gadaatiif taasisuuf haala qabatama amma jiruun rakkooleen adda addaas akka jiru dha. Naannoo Oromiyaa hunda keessatti haala walfakkaataa ta'een waldhabbiin Sirna Gadaatiin hiikamaa akka hin jirre dha. Fakkeenyaaf, Godina Jimmaa keessatti sirni gadaatiin waldhabbiin hiikuun baay'ee baratamaa miti. Dhimmoonni jaarsummaa fi sirna amantaatiin kakuu raawwachuun furmaata argachaa akka jiran eeru.²²⁸ Akkasumas Godina Baalee, Godina Wallaga Bahaa fi G/Shawaa Lixaa Aanolee hedduu fudhachuun ni danda'ama. Kanaaf, bu'uura sirna Gadaatiin of dandeessisuun ammatti baay'ee bu'a qabeessa akka hin taane kaasu.

Qaamoleen biroo yaada kaasaniin, Manni Murtii Aadaa hundeeffamu itti waamamni isaa mana murtii idilee jalatti ta'uu akka qabu kaasu.²²⁹ Kanaafis akka sababaatti kan eeran Sirni Gadaa caaseffama ammayyaa Ganda, Aanaa, Godinaa fi Naannoo kan hin qabne dha. Akkasumas, qabatama amma jiruun Sirni Gadaa haala walfakkaataa ta'een naannoo Oromiyaa hunda keessatti lafa qabatee waan hin jirreef of dandeessisanii sirna gadaan hundeeffamu itti waamama

Afgaaffii Obbo Abdurroo Aloo, perezidaantii MMA Diinshoo, waliin gaafa 26/06/12 taassifame, Afgaaffii Obbo Tokkummaa Caalaa, Perezidantii Mana Murtii Aanaa Yaabelloo, waliin gaafa 02/07/12 taassifame

²²⁸Akkuma Olitti lakk. 191

²²⁹Cuunfaa Marii Garee: Aadde Wuddee Indaashawu, Aadde Soofiyaa Mohaammad, Obbo Daani'eel Isheetuu Ogeessota W/A/T/G/Shawaa Bahaa waliin gaafa 08/07/2012 taasifame keessaa kan fudhatame, Afgaaffii Abbaa Gadaa Naahim Hasan, Walitti Qabaa Abbaa Gadaa Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Dirribaa Olee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Taarikuu Abbaa PMM A/T/Kuttaayee fi Obbo Tsasfaayee Guddisaa Abbaa A/Dh/Yakkaa MMA T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Kennaa Daammanaa A/S MMA Deedoo fi Obbo Yohaannis Yifiruu A/S MMA Deedoo waliin gaafa 26/06/2012 taasifame.

isaanii immoo Gumii Abbootii Gadaatiif kennuun bu'a qabeessa akka hin taasifnee fi to'annoo fi hordoffii isaanii irratti illee rakkoo mataa isaa qabaachuu akka qabu kaasu. Kaayyoon Mana Murtii idilee fi mana murtii aadaa waldhabbi uumamee jiruuf furmaata kennuun haqa argamsiisuu dha. Dhimmoonni sirnaan mana murtii aadaatti keessummeffamuun murtii haqa qabeessi kennameera taanaan dhimmoonni mana murtii idileetti dhiyaatan ni xiqqaatu. Hanga kaayyoo fi galmi isaanii tokko ta'ee jirutti mana murtii aadaa hundeeffamu itti waamamni isaa mana murtii idileef ta'uu akka qabu kaasu. Ejjennoo kana irra caalaa hooggantootaa fi abbootii seeraa mana murtii ta'uu bargaaffii guutanii fi afgaaffii taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Itti waamama Mana Murtii Aadaa ilaalchisee yaadotni adda addaa eeramanii kanaa fi muuxannoo biyyoota Mana Murtii Aadaatiin bu'a qabeessa ta'anii walfaanaa ilaaluun barbaachisaa dha. Itti waamama Mana Murtii Aadaa ilaalchisee muuxannoo biyya Naayijeeriyaa ilaaluun gaarii dha. Biyyi kun mana murtii aadaa sadarkaa gadjallaatti kutaalee biyyittii hunda keessatti maqaa adda addaa kennuun kan hundeessee jirtu dha. Dabalataanis, Mana Murtii Aadaa hundeesuun biyya bu'a qabeessa taatee jirtu dha. Itti waamamni Mana Murtii Aadaa isaaniis seeraan Mana Murtii Waliigala biyyittiif taasisuunii jiru. Kun immoo hordoffii fi deeggarsa adda addaa kennuuf haala mijataa kan uume dha. Haala qabatama ammaa naannoo keenyaas yoo ilaalle Manni Murtii Aadaa sirna Gadaatiin of danda'ee hundaa'ee itti waamamni isaa Gumii Abbootii Gadaatiif haa ta'u yoo jedhame ammatti bu'a qabeessa ta'uu dhiisuu danda'a. Sirni gadaa kutaalee Oromiyaa mara keessatti haala walfakkaataa ta'een lafa qabatee kan jiru miti.

Kanaaf, itti waamama Mana Murtii Aadaa Gumii Abbootii Gadaatiif kennuun sirna cimaa ijaaruu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hanqinni ga'uumsaa mul'achuu danda'a waan ta'eef Mana Murtii Aanaatiif osoo ta'ee irra caalaa bu'a qabeessa ta'a.

4.4.3. Faayidaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa

Abbootii seeraa mana murtii aadaa yeroo fi humna isaanii aarsaa gochuun tajaajila ummataaf kennan faayidaa isaanii eeguun barbaachisaa dha. Muuxannoon biyya Zimbaabuwee fi Zaambiyaas kanuma agarsiisa. Kaffaltiiwwan adda addaa kanneen abbootii seeraa mana murtii aadaatiif kennamu akka qabu heerri biyya Zimbaabuwee ni dirqisiisa. Biyya Zaambiyaa keessattis abbootiin seeraa kun miindeeffamaa dhaabbataa yoo ta'uu baatanuu hanga hojjetaniin kaffalamuufii akka qabu seerri isaanii ni ibsa. Muuxannoowwan kun kan agarsiisu haalli

raawwatiinsa isaa garaagarummaa yoo qabaateyyuu kaffaltiin abbootii seeraa aadaatiif raawwatamu akka qabu dha.

Akka Naannoo Oromiyaattis abbootii seeraa Mana Murtii Aadaa ciccimoo horachuuf, miira tajaajiltummaa uumuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf Abbootii Seeraa Aadaatiif jajjabeessituun (incentive) osoo kennameefii caalaa bu'a qabeessa ta'uu danda'a.

4.4.4. Bara Hojii Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa

Bara hojii abbootii seeraa Mana Murtii aadaa haalota adda addaa irratti hundaa'uun yeroo daangessan mul'ata. Biyya Naayijeeriyaa keessatti yeroon turtii abbootii seeraa mana murtii aadaa waggaa shaniif yoo ta'u waggaa shan booda illee irra deebiin muudamuu ni danda'u. Biyyi Zimbaabuwees bara tajaajila abbootii seeraa Mana Murtii Aadaa seera isaaniitiin daangessanii kan jirani dha. Akka naannoo keenyaattis barri hojii abbootii seeraa mana murtii aadaa daangeffamuu akka qabu hooggantootni manneen murtii fi ogeessonni Waajjira Aadaa fi Turiizimii afgaaffiin taasifameef ni kaasu. Daanga'uun bara hojii isaanii namootni hojii isaanii sirnaan akka raawwataniif fi bara hojii isaaniiin boodatti maqaa badaa akka hin horanneef of eeggannoo akka taasasiisaniif isaan akka gargaaru eeru.²³⁰

Haa ta'u malee, namoota hawaasa biratti fudhatamummaa olaanaa qabanii fi tajaajila kennuuf fedhii qaban marsaa tokkoo ol haala tajaajiluu danda'aniis kaa'amuu akka qabu dha.²³¹ Abbootiin seeraa aadaa giddugaleessa godhachuun waan hojjetaniif hanguma tajaajilan beekumsaa fi dandeeettii gabbataa horachaa waan deemaniif haala addaatiin hanga umurii ykn dhibeedhaan ykn naamusaan gaggeeffamaniitti haalli isaan tajaajiluu danda'an osoo taa'ame yaadni jedhun kan jiru dha.²³² Barri tajaajilaa isaanii kunis haala ifaa ta'ee seeraan kaa'amuu akka qabu namoonni af-gaaffiin taasifameef tokko tokko ni kaasu.²³³

²³⁰ Marii : Obbo Musbahaa Abduwahaab (Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, Aaddee Abbabachi Wandimmaaganyi (Dursaa Garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee), Huseen Sulxaan (Ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee), waliin gaafa 24/06/12 taasifame, Af-gaaffii Obbo Kabbuu Mul'ataa Pirezidaantii Mana murtii Aanaa Amboo Waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Afgaaffi Obboo Badriitamaan Umar, Perezidaantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Af-gaaffii Obbo Dirribaa Olii, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame

²³¹ Akkuma Olitti lakk. 150

²³² Marii- Jeeylaan Kadir, Perezidaantii M/M/Aanaa Sinaanaa fi Obbo Getaahuun Baqqala, KTAS MMA Sinaanaa, waliin gaafa 24/06/12 taassifame

²³³ Afgaaffii Obbo Rattaa Immaa B/b Waajjira A/T/A/Deedoo, Aadde Natsannet Malaakuu, Ogeessa Misooma Aadaa fi Obbo Taaddasee Baatuu Ogeessa Misooma Turiizimii Aanaa Deedoo waliin gaafa 25/06/2012 taasifame

Muuxannoowwan biyyootaa fi odeeffannoowwan armaan olitti ibsaman irraa hubachuun kan danda'amu barri tajaajila abbootii seeraa seeraan daanga'uu akka qabu dha. Haala addaatin garuu, abbootiin seeraa miira tajaajiltummaa qaban, naamusa gaarii agarsiisan, umriin isaanii hojii sirnaan akka hojjatan isaan taasisu fi kanneen biroo tajaajila abbaa seerummaa kennisiisu danda'an guutan marsaa birooof illee irra deebiin filatamuu akka qabu dha.

4.4.5. Bilisummaa fi Itti gaafatamummaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa

Biyyoonni garaa garaa abbootiin seeraa Mana Murtii Aadaa aangoo seeraan isaaniif kennamee jiru qixa sirriin hojiirra yoo hin oolchine itti gaafatamummaa akka hordofsiisuu danda'u seera isaanii keessatti ibsanii jiru. Biyya Naayijeeriyaa keessatti abbootiin seera aadaa hojiirraa kan gaggeeffaman tajaajila abbaa seerummaa kennuuf sammuudhaan yoo dadhaban, dandeettii gadi aanaa yoo agarsiisan, yakkaan balleessaa yoo jedhamanii fi badii naamusaa yoo agarsiisani dha. Abbootiin seeraa mana murtii aadaa dirqama isaa bahuu keessatti hojii hojjateef ykn akka hojjatamu ajajeef aangoodhaan alattis miira fayyaalummaatiin aangoon qaba jechuun raawwateef ykn akka raawwatu ajajeef itti hin gaafatamu.

Biyya Zimbaabuwee keessatti immoo abbaan seeraa seera aadaa giddugaleessa godhachuun dhimmoota akka ilaalu dirqamni itti kennamee jiru yoo bahachuu baate hojiirraa gaggeeffama. Adeemsa itti hojii irraa gaggeeffamuu qaban heeraa fi seera isaanii keessatti kanneen tarreeffamanii jiran qofaan raawwatama. Dhimma isaanitti dhiyaate yeroo ilaalan seera aadaa dhimmichaaf roqummaa qabu sirnaan sakatta'uu akka qabani dha. Kana raawwachuufis dirqama qabu. Yeroo hojii isaanii raawwatan garee hundumaa walqixaa fi haala sirnaawaa ta'een ilaaluu akka qaban heerri abbootii seeraa aadaa isaanii irra dirqama kaa'ee jira. Abbootiin seeraa kun miseensa dhaaba siyaasaa kamuu ta'uu akka hin qabne seerri ibseera. Yeroo dhimma isaanitti dhiyaate ilaalan wantoota akka sanyii, bakka dhufaatii, gosaa, saala, ilaalcha yookiin siyaasa giddu galeessa godhachuun garee addaan baasuu hin qaban. Kan heerrii fi seerri jedheen ala bahuun looganii yoo argaman hojiirraa kan gaggeeffaman ta'u.

Naannoo keenya keessattis bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa mana murtii aadaa maal ta'uu akka qabu adda baafachuuf daataan funaanamee jira. Dhimmi muudama irraa gaggeessuu sirna aadaa keessaa madduu akka qabu hooggantootni manneen murtii afgaaffiin taasifameef ni kaasu. Gochaawwan akka aadaa naannoo sanaatti safuu hawaasaa tuqu dalagee

argameera taanaan hojiirra gaggeeffamuu akka qabu kaasu.²³⁴ Muudama isaanii irraa gaggeessuun seeraan adda bahee kaa'amuu akka qabus ogeessonni waajjira aadaa fi Turiizimii afgaaffiin taasifameef ni kaasu.²³⁵

Haaluma kanaan, gochaawwan abbootii seeraa aadaa muudama irraa kaasan bu'uura aadaatiin iddoo iddootti garaagarummaa yoo qabaateyyuu wantootni akka yakka raawwachuu, amanamummaa dhabuu, fedhii hojii dhabuu, ganda gadhiisee bahuu, sababa dhibeetiin hojii hojjachuu dadhabuu fi kanneen biroo seeraan ifatti kaa'amaniin osoo bara hojii isaanii hin xumuriin hojii isaanii irraa gaggeeffamuu qabu.

4.4.6. Caaseffama Sirna Oliyannoo Mana Murtii Aadaa

Hundeeffama Mana Murtii Aadaa keessatti dhimmoonni biroo xiyyeeffannoo barbaadan caaseffama oliyannoo isaati. Dhimma kana ilaalchisee Manni Murtii Aadaa akka naannoo keenyaatti hundeeffamu mana murtii aadaa oliyannoo dhagahu qabaachuu fi dhiisuu isaa irratti odeeffannoo Abbootii Gadaa, jaarsoolee biyyaa, ogeessota, qorattoota fi hooggantoota mana murtii idilee irraa funaanamee jiru haala armaan gadiitiin muuxannoo biyya hambaa waliin xiinxalamuu yaalameera. Kanaafis, yaadotni adda addaa akka jiru kaasaniiru.

Qorattoota seenaa, ogeessota aadaa fi Turiizimii akkasumas Abbootii Gadaatiif afgaaffiin taasifameen manni murtii aadaa akka naannoo keenyaatti hundeeffamuuf jiru caasaa oliyannoo sadarkaa aanaa irratti qabaachuu akka qabu eeru.²³⁶ Qaamni oliyyata dhaga'u of danda'ee mana murtii idilee irraa adda kan ta'e hundaa'uu akka qabu kaasu.²³⁷ Manni murtii idilee oliyyataan dhimmicha ilaala taanaan aadummaan isaa hafuu akka danda'u soda qaban kaasu.

²³⁴ Af-gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame. Marii: Obbo Atilaabaachawu Aabbaabuu , Perezidaantii Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo fi Obbo Diiqqaa Abdii, KTAS Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo, waliin gaafa 19/06/12 taassifame

²³⁵ Afgaaffii Obbo Rattaa Immaa B/b Waajjira A/T/A/Deedoo, Aadde Natsannet Malaakuu, Ogeessa Misooma Aadaa fi Obbo Taaddasee Baatuu Ogeessa Misooma Turiizimii Aanaa Deedoo, waliin gaafa 25/06/2012 taasifame

²³⁶ Afgaaffii Jaarsa biyyaa Dok. Kabajaa Borbor Bulee, Magaalaa Dubulliqiitti gaafa 02/07/12 taassifame, Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasa Qorataa Seenaa fi Sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa waliin gaafa 27/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obboo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame. Af gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, WALIIN gaafa 17/06/12 taassifame.

²³⁷ Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasa Qorataa Seenaa fi Sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa, waliin gaafa 27/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obboo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Af gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame

Qabatamaanis Godinoota tokko tokko keessatti murtiiwwan aadaan kennaman oliyyata mata isaanii qabachuun yeroo ilaalaman mul'ata. Fakkeenyaaf, Godina Baalee keessatti dhimmoonni bifa jaarsummaan kan xumuramanii fi namni murtii jaarsoolee irraa komii qabuuf caasaan oliyyannoo akka jiru kaasu. Dhimmoonni jalqaba irratti gara warraatti dhiyaatu. Dhimmoota warraan furmaata argachuu hin dandeenye gara gosaatti geeffamu. Murtii gosaa fudhachuu kan dide irratti qoqqobbiin hawaasummaa irratti akka dabarfamu kaasu.²³⁸ Dhimmi isaa gosatti kan ulfaatu yoo ta'e immoo gara waayyuutti dabarfama. Dhimmoonni baayyeen waayyuu biratti furmaata argatu. Tarii kanneen sadarkaa kanatti furmaata kan hin arganne yoo ta'e gara Abbaa Gadaatti dabarfamaa akka jiran eeru.²³⁹

Boorannis dhimma isaanii ofiif kan fixachaa jiranii fi sirna oliyyannoos kanneen qaban ta'uu ibsu. Jalqaba irratti dhimmi jaarsa ollaatiin ilaalama. Kan jaarsa olla irra darbe hayyuun ilaalama. Dhimmoonni hayyuudhaan furmaata hin arganne gara abbaa gadaatti dabarfamu. Hayyuun dhimmicha ilaalee murtii osoo hin kenniin garuu oliyyachuun hin danda'amu. Hayyuun yakka ciccimoo kanneen akka ajjeechaa yoo abbaan gadaa qajeelche malee ofii isaa hin ilaalu. Kallattiidhaan Abbaa Gadaatu ilaala.²⁴⁰ Abbaa Gadaa irraa gara Gumii Gaayyooti oliyyanni fudhatama. Murtiin dhumaa kan Gumii Gaayyooti.²⁴¹ Gumiin Gaayyoo waggaa saddeetitti kan raawwatu muudama dha. Kanaan ala yaa'ii yeroo garagaraatti waan ta'uuf dubbii ilaalee murtii kennuu danda'a.²⁴²

Karrayyuunis sirna oliyyannoo akka qaban kaasu. Dhimmoonni ciccimoon gosaan kanneen sasalphaa ta'an immoo jaarsaan ilaalamu. Waldhabbiin kamuu aadaan furmaata argachaa jira. Karrayyuun gosa qaba. Gosti immoo bulchaa ykn gaggeessaa qaba. Dhimmoonni sasalphaan jaarsaan araara argata. Dhimmoota sasalphaa ta'anii kanneen jaarsaan furmaata argachuu hin dandeenye gara bulchaatti ergamu. Bulchaan immoo yaa'ii gosaa walitti qabee mariisuu murtii dabarsa. Waldhabbiin namoota gosa adda addaa lama gidduutti yoo ta'e immoo bulchaan

²³⁸ Marii : Obbo Musbahaa Abduwahaab, Du/Garee Misooma Sona Aadaa, W/A/T/Go/Baalee, Aadde Abbabachi Wandimmaaganyi, Dursaa Garee M/Turizimii, W/A/T/Go/Baalee, Obbo Huseen Sulxaan, Ogeessaa Afaanii, W/A/T/Go/Baalee, waliin gaafa 24/06/12 taassifame

²³⁹ Marii : Obbo Aloo Baalshoo, Miseensa Gumii Odaa Roobaa fi Walitti Qabaa A/Gadaa fi jaarsa biyyaa Aanaa Sinaanaa fi Aaddee Shukurii Kadir, Haadha Siinqee, Aanaa Sinaanaa, waliin gaafa 28/06/12 taassifame, Marii Jaarsa Biyyaa H/Huseenii K/Husee fi Awwal Amaan, Magaalaa Diinshoo, waliin gaafa 27/06/12 taassifame.

²⁴⁰ Akkuma Olitti lakk. 216

²⁴¹ Akkuma olitti lakk. 198

²⁴² Kanuma

gosa isa miidhee yookiin himatamaa walitti qabuun mariisisee dhimmicha ilaalu. Jaarsa gosa sanaa hin taanes ni waamamu. Gosti dhimma sana ilaalanii waan irra gahan jaarsooleef ibsuun nuti gama keenyaan kana murteessinee isin immoo waan isinitti fakkaate murteessaa jedhama. Badiin jiraannaan badii raawwateera jedhamee itti murtaa'ee qaama waldhabe walitti araarfamaa kan jiru ta'uu isaa nuuf kaasaniiru.²⁴³

Gujjittis haalli dhimmoonni itti ilaalaman sadarkaa kan qabani dha. Dursa jaarsatu ilaala. Namni murtii jaarsoolee irraa komii qabu gara Abbaa Gadaa Hookkuutti dhimma isaa dabarfata. Namni Abbaa Gadaa Hokkuutti hin quufne abbaa gadaa maatiitti geeffata. Qaamni murtii Abbaa Gadaa Maatiitti walii hin galle Abbaa Gadaa Uraagaatti geeffata. Murtiin Abbaan Gadaa Uraagaa isaa dhumaati. Namni murtii Abbaa Gadaa kana dide irratti qoqqoobbiin hawaasummaa kan taasifamu dha.²⁴⁴ Gareen yaada kana deeggaran dhugaa hawaasa keessa jiru kana akka fakkeenyaatti kaasuun manni murtii aadaa hundeeffamuuf jiru caasaa oliyyannoo dhaga'u yoo xiqqaate sadarkaa aanaatti qabaachuu akka qabaatu kaasu.

Yaadni biroo manni murtii aadaa caaseffama oliyyannoo qabaachuu akka hin qabne kaasu. Yaadni kun irra caalaa hooggantoota mana murtii fi abbootii seeraatiin kan calaqqisaa jiru dha.²⁴⁵ Murtii mana murtii aadaatiin kennamee jiru irraa qaamni komii qabu oliyyataan gara mana murtii idileetti fudhachuu akka qabu kaasu.

Gama birootiin immoo Murtiin Mana Aurtii aadaatiin kennamee jiru bifa oliyyannoo osoo qabaachuu baatee yaadni jedhus kan jiru dha. Dhimmoonni erga sirna aadaatiin ilaalamani booda bifa oliyyannootiin mana murtii idileetti dhiyaachuu akka hin qabne dha. Qaamni murtii kennamee jiru irraa komii qabu bifa oliyyannootiin osoo hin taane kallattiidhumaan himannaa isaa mana murtii idileetti dhiyeeffachuu akka qabu kaasu. Haalli kunis dhamaatii kan hambisuu fi dhimmootni yeroon murtii barbaachisaa akka argatan taasisa jedhu.²⁴⁶ Sodaan gama kanaan

²⁴³ Akkuma Olitti lakk 221

²⁴⁴ Marii : Moonaa Godaanaa (Abbaa Gadaa Gujii duraanii fi yeroo ammaatti Yuuba) fi Obbo Saafee Dullachaa (Jaarsa biyyaa Aanaa Wadarraa), waliin gaafa 18/06/12 taassifame

²⁴⁵ Af-gaaffii Obbo Maatiyoos Yiggazuu, KTAS Mana Murtii Olaanaa G/L/Shawaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame Af-gaaffii Obbo Dirriibaa Olee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame Af-gaaffii Obbo Ismaa'eel Abbaa Boor B/b Prezidaantii MMO G/Jimmaa waliin gaafa 24/06/2012 taasifame Af-gaaffii Obbo Kabbuu Mul'ataa Pirezidaantii Mana murtii Aanaa Amboo Waliin gaafa 19/06/2012 taasifame Af-gaaffii Obbo Taarikuu Abbabaa PMM A/T/Kuttaayee fi Obbo Tasfaayee Guddisaa Abbaa A/Dh/Yakkaa MMA T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2012 taasifame.

²⁴⁶ Marii- Jeeylaan Kadir (Perezidantii M/M/Aanaa Sinaanaa) fi Obbo Getaahuun Baqqala (KTAS MMA Sinaanaa), waliin gaafa 24/06/12 taassifame

jiru immoo murtii mana murtii aadaa firii dhabsiisuu danda'a kan jedhu dha. Dabalataan gareenis murtii mana murtii aadaatiif iddoo kennuu dhiisuu danda'a. Kun immoo Manni Murtii Aadaa kaayyoo isaa galma akka hin geenya taasisuu danda'a.

Akka waliigalaatti Manni Murtii Aadaa caasaa oliyyannoo mataa isaa qabaachuu irratti garaagarummaan yoo jiraateyyuu muuxannoo biyya ambaa fi haala qabatama jiru ilaaluun barbaachisaa dha. Akkuma armaan olitti ibsamuun ilaalametti qabatamaan Godinoota tokko tokko keessa caasaan oliyyannoo dhimmoota mala aadaatiin xumuruu hawaasa keessa kan jiru dha. Muuxannoo biyya Maalaawwii yoo ilaalles murtii Mana Murtii Aadaatiin kennamee jiru irraa komii kan qabu oliyyata gara Mana Murtii Aadaa oliyyata dhaga'uutti fudhachuun akka danda'amu seera isaanii keessatti ibsanii jiru. Muuxannoo biyya ambaas ta'ee haalli qabatama hawaasa keenya keessa jiru Manni Murtii Aadaa hundeeffamuuf jedhu caasaa oliyyannoo qabaachuu akka qabu dha. Yaadotni keessattuu qorattoota seenaa fi aadaa, ogeessota aadaa fi Turiizimii fi Abbootii Gadaatiin kennamanis Manni Murtii Aadaa caasaa oliyyannoo qabaachuu akka qabu dha. Kanaaf, Manni Murtii Aadaa akka naannoo keenyaatti hundeeffamuuf deemu caasaa oliyyannoo of danda'e sadarkaa Aanaatti qabaachuu akka qabu dha.

4.5. [Mirga Murtii Mana Murtii Aadaatiin Kenname Gara Mana Murtii Idileetti Dhiyeeffachuu](#)

Hundeeffama Mana Murtii Aadaa ilaalchisee dhimmoota falmii kaasan keessaa tokko murtii isaanii manni murtii idilee irraa deebiin ilaalu danda'amoo hin danda'u kan jedhu dha. Dhimmoota kana ilaalchisees muuxannoowwan biyyootaa sakatta'amee jira. Akkasumas odeeffannoon ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii, Qorattoota aadaa fi seenaa, abbootii gadaa, jaarsoolee biyyaa fi hooggantoota manneen murtii irraa funaanamee jira. Biyya Zimbaabuwee keessatti murtiin mana murtii aadaatiin kennamee jiru irraa qaamni komii qabu gara mana murtii idileetti oliyyata kan fudhatu dha. Murtiin Mana Murtii Aadaatiin kennamee jirus akka murtii rikoordiitti hin ilaalamu. Kana jechuun qaamni murtii kana irraa komii qabu oliyyataan gara mana murtii idileetti yeroo fudhatu manni murtii oliyyata ilaalu dhimmichi akka waan dura murtiin kennamee jiruutti hin ilaalu jechuu dha. Dhimmicha akka haaraa mana murtii sanatti banameetti ilaala. Gabaabumatti murtii mana murtii aadaatiin kennamee jiru carraan itti manni murtii idilee ofitti fuudhee ilaalu jira jechuu dha.

Biyya Maalaawii keessatti immoo murtii mana murtii aadaatiin kennamee jiru irraa komii kan qabu oliyyata gara mana murtii aadaa oliyyata dhaga'uutti fudhachuun akka danda'amu seera isaanii keessatti ibsanii jiru. Garuu dhuma irratti manneen murtii aadaa kanaan mirgi dhala namaa fi haqummaan uumamaa akka hin miidhamneef haala itti mana murtii idileen irra deebi'amee ilaalamus sirna diriifatanii jiru. Biyya Zaambiyaa keessatti immoo gareen murtii kennamee jiru irraa komii qabu oliyyannoo isaa gara mana murtii idileetti fudhachuu ni danda'a. Manni murtii idilee garuu oliyyannoo kana ijoo seeraa qofaa akka ilaaluu qabu seerri isaanii daangessee jira. Biyya Afrikaa Kibbaattis gareen murtii kenname irraa qaamni komii qabu oliyyannoo gara mana murtii aanaa, mana murtii aanaa gara mana murtii olaanaattii fi dhuma irratti gara mana murtii waliigalaa oliyyannootti yookiin firiin dubbii dhimmicha gaaffii heeraa kan kaasu yoo ta'e gara mana murtii heeraatti fudhachuu ni danda'a

Muuxannoowwan biyyoota armaan olii kana irraa hubachuun kan danda'amu murtii mana aadaatiin kennaman dhimmoota ofitti fuudhee keessummeessu irratti garaagarummaa yoo qabaateyyuu akka waliigalaatti garuu carraa manni murtii idilee oliyyannoon ofitti fuudhee ilaalu jiraachuu isaati.

Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawwaa Rippabilika Itoophiyaa fi Heera naannoo Oromiyaa keessatti Manni Murtii Aadaa akka hundeeffamu yookiin immoo beekamtiin akka kennamuuf kaa'uun alatti hariiroon inni mana murtii idilee waliin qabaachuu qabu ibsamee hin jiru. Akkasumas, abbootiin dhimma hanga fedhii qabanitti waldhabdee dhimmoota seera maatii fi seera dhuunfaatiin furmaataa argachuu danda'an mana murtii aadaatiin furmaata argachuu akka qaban mana murtii idilee cinaatti filannoo kaa'ee jira. Murtii kana ilaalchisees qaamni komii qabu eessatti oliyyata fudhachuu akka qabu waan ibsame hin jiru. Kana ilaalchisee ogeessonni aadaa fi seenaa, Abbootiin Gadaa fi jaarsoolee biyyaa akkasumas hooggantootni manneen murtii yaadota adda addaa kennanii jiran haala armaan gadiitti xiinxalameera.

Murtii Mana Murtii Aadaatiin kennamee jiru mana murtii idileetiin oliyyannoon ilaalamuu hin qabu yaada jedhu dha. Kanaafis, akka sababaatti kan eeran kaayyoo hundeeffama mana murtii aadaa keessaa tokko hawaasni naannoodhuma jirutti haqa akka argatan gochuu dabalataan aadaa saba sanaa guddisuu dha. Hundeeffamni isaa ganda irraa ka'ee murtii kana irraa qaamni oliyyata dhaga'us walumaan hundeeffamuu akka qabu kaasu. Qaamni oliyyata dhaga'u of danda'ee mana

murtii idilee irraa adda kan ta'e hundaa'uu akka qabu dha.²⁴⁷ Manni murtii idilee oliyyataan dhimmicha ilaala taanaan aadummaan isaa hafuu danda'a jechuun sodaa jiru kaasu.²⁴⁸

Qaamoleen biroo yaada kennaniin Murtii manneen murtii aadaatiin kenname carraa manni murtii idilee oliyyannoon ilaaluu qabu jiraachuu akka qabu kaasu. Manni murtii idilee yeroo oliyyataan dhimmoota ilaalus akkuma dhimmoota biroo osoo hin taane haala addaan ilaaluu akka qabu kaasu. Oliyyannoon yeroo gara mana murtii idileetti dhiyaatus dogongora adeemsa kenniinsa murtii keessatti mul'ate qofaa irratti daanga'uu akka qabu eeru.²⁴⁹ Kanneen mirga namoomaa heeraa, seerota idila addunyaan biyyi keenya malletteessitee fi qajeeltoowwan bu'uura haqaa sarban qofaa ilaaluu akka qabu dha. Ulaagaan kunis qajeeltoo haqaa bu'uuraa (fundamental principle of justice) kan akka mirgi deebii dhiyeeffachuu, ragaa dhiyeeffachuu fi kkf qofaa kan mulqu yoo ta'e qofaa ilaaluu akka qabutti daanga'uu qaba jedhu.²⁵⁰ Kallattiin dhimmoota hunda irratti oliyyannoon gara mana murtii idileetti fudhatama taanaan bu'a qabeessummaa aadaa miidhuu danda'a.²⁵¹ Kanaaf, murtii manni murtii aadaa kennee jiru oliyyataan manni murtii idilee ilaaluu akka qabu kaasu. Kana ilaalchisee sodaan jiru garuu manni murtii idilee yeroo oliyyataan dhimmoota ilaalan aadaa dagachuun seera mootummaan baasu qofa giddugaleessa godhachuun murtii kennuu danda'u kan jedhu dha.

²⁴⁷ Af-gaaffii Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, Obbo Amsaaluu Tolasaa Qorataa Seenaa fi Sirna Gadaa, Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa waliin gaafa 27/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obboo Badriitamaan Umar, Perezidaantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame Af gaaffii obboo Sisaay Mul'ataa, Qindeessaa KTAS MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame

²⁴⁸ Cuunfaa marii garee: Obbo Dajanee Kabbadaa, Obbo Alamu Kumalaa, Aadde Ayyalech Maammoo Ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Amboo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii A/T/Kuttaayee fi Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee waliin gaafa 20/06/2011 taasifame, Af-gaaffii Tashoomaa Egeree (PhD), Daarikteera Inistiitiyuutii Qorannoo Oromoo Yunivarsiitii Jimmaa, waliin gaafa 24/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Hajiib Abbaa Jabal B/b hoogganaa A/T/M/Jimmaa, Aadde Hindiyaa Abbaa Foggee Dursaa Garee Misooma Aadaa, waliin gaafa 26/06/2012 taasifame, Afgaaffii Obbo Rattaa Immaa B/b Waajjira A/T/A/Deedoo, Aadde Natsannet Malaakuu, Ogeessa Misooma Aadaa fi Obbo Taaddasee Baatuu Ogeessa Misooma Turiizimii Aanaa Deedoo, waliin gaafa 25/06/2012 taasifame.

²⁴⁹ Afgaaffii Obbo Guyyoo Waariyoo, I/A/P/MMWO, Waliin gaafa 16/08/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Maatiyoos Yiggazuu, KTAS Mana Murtii Olaanaa G/L/Shawaa, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Dirribaa Olee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012 taasifame Af-gaaffii Obbo Ismaa'eel Abbaa Boor, B/b Prezidaantii MMO G/Jimmaa, waliin gaafa 24/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Kabbuu Mul'ataa, Pirezidaantii Mana murtii Aanaa Amboo, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame, Af-gaaffii Obbo Taarikuu Abbabaa, PMM A/T/Kuttaayee, fi Obbo Tasfaayee Guddisaa, Abbaa A/Dh/Yakkaa MMA T/Kuttaayee, waliin gaafa 20/06/2012 taasifame.

²⁵⁰ Afgaaffii Obboo Badriitamaan Umar, Perezidaantii MMO Go/Gujii, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Af gaaffii Obbo Dhadacha Guuyyoo, Peresidaantii MM A Liiban, waliin gaafa 17/06/12 taassifame, Marii: obboo Atilaabaachawu Aabbaabbuu (Perezidaantii Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo) fi Obbo Diiqqaa Abdii (Gaggeessaa KTAS Mana Murtii Aanaa O/Shaakisoo), waliin gaafa 19/06/12 taassifame.

²⁵¹ Akkuma Olitti lakk. 150

Akka waliigalaatti, muuxannoowwan biyyootaa armaan ol caqasaman akkuma agarsiisuutti sadarkaan itti mana murtii idileetti dhiyaatu garaa garummaa yoo qabaateyyuu murtii mana murtii aadaatiin kennamee jiru manni murtii idilee oliyyannoon ilaaluu akka qabu dha. Kanaaf, murtii mana murtii aadaatiin kennamee jiru kanneen dogongora adeemsa qabaniif fi qajeeltoo bu’uura haqaa faalleessan yoo ta’e qofa manni murtii idilee oliyyannoon ofitti fuudhee ilaaluu qaba. Qabiyyeen dogongora adeemsa seeraa fi qajeeltoo bu’uura seeraan addatti ibsamee kaa’amu qaba.

4.6. Aangoo Mana Murtii Aadaa

Akkuma boqonnaa jalqabaa jalatti kaafnee ilaalaa tureetti tumaan Heera RFDI Mana Murtii Aadaatiif ifatti haguugii kenneefii jiru kew. 34 fi 78 dha. Keewwatni 38(5) fi 78(5) kaayyoon isaa daangaa aangoo Mana Murtii Aadaa tarreessuudha moo dhimmoota falmiiwwaan dhimma maatii fi gaa’ilaan wal qabatan hiikuuf sirna deemsa falmii seeraa idileen alatti adeemsa filannoo biraa dhiyeessuu dha kan jedhu xiinxalamee adda bahuun isaa aangoo Mana Murtii Aadaa tarreessuuf ykn akeekuuf murteessaa dha. Bu’uuruma kanaan tumaan ijoo kew. 35 fi 78 akka itti aanuutti xiinxalameera.

Kutaa Heera RFDI kew. 34’f mata dureen ykn maqeessi kenname ‘*Mirga Gaa’ilaa, Dhuunfaa fi Maatii*’ jedha. Kaayyoo waliigalaa keewwata kanaa hubachuudhaaf dhimmoota keewwata kana jalatti haguuggiin kennameef tokko tokkoon kaasaniif ilaaluun barbaachisaa dha. Bu’uuruma kanaan yoo tokkoon tokkoon tumaa keewwata kanaa ilaallu dhiirrii fi dubartiin umurii gaa’ilaa seeraan kaa’ame irra gahaan garaagarummaa gosaa, sabaa fi amantaa tokko malee wal fuudhanii maatii hundeessuu akka danda’an,²⁵² gaa’illi fedhii wal fuutotaa qofa irratti hundaa’uun ijaaruu akka qabu, akkasumas gaa’illi bu’uura hawaasummaa fi uumamaa ta’uu isaatiin gama mootummaa fi hawaasaatiin eegumsi taasifamuufii akka qabu ni kaa’a.²⁵³ Kanaan alatti, gaa’ilatti yeroo galanis ta’e gaa’ila keessatti, akkasumas gaa’ila booddee yoo diiggaan gaa’ilaa kan jiru ta’e wal fuutootni mirga wal qixa ta’e akka qaban ni kaa’a.²⁵⁴ Dabalataanis, gaa’ila bu’uura amantaa ykn aadaatiin ijaaramaniif seerri beekamtii kennuuf akka tumamu danda’us

²⁵² Akkuma Olitti lakk. 4, kew. 34(1)

²⁵³ Kanuma kew. 34(3)

²⁵⁴ Kanuma kew. 34(1)

keewwatni kun ni kaa'a.²⁵⁵ Maqeeffamaa keewwatichaa fi tumaaawwaan keewwatacha jalatti (1)-(4) tahaan walitti hidhuudhaan kan ilaallu yoo ta'e mirgi gaa'ila hundeessuu nama kamiifuu kan kenname tahuu, wal fuutootni sadarkaa dhuunfaatti fedhii isaanii qofa irratti hundaa'uun gaa'ila kan hundeessan tahuu, diiggaa gaa'ilaa irratti fedhii fi dantaan daa'immanii eegamuu akka qabuu fi maatiin immoo akka dhaabbata hawaasummaatti (as an institution) gama hawaasaa fi mootummaatiin eegumsi taasifamuufii akka qabu kaa'a. Keewwata kana jalatti gaa'ilaaf akka duudhaa hawaasummaatti, maatiif akka dhaabbata hawaasummaatti, abbaa warraa, haadha warraa fi daa'immaniif immoo akka nama dhuunfaatti mirgii fi eegumsi kennameefii jira. Jecha biraatin, duudhaa fi dhaabbileen haawaasummaa akkasumas namoota dhuunfaa kunneeniin alatti dhaabbileen ykn duudhaan hawaasummaa akkasumas namootni dhuunfaa biroo daangaa xiyyeeffannaa keewwata kanaatin ala dha.

Tumaa keewwata xiqqaa (1)-(4) jiran akkataa armaan oliitin kan hubataman yoo ta'e itti aansuun kan ilaalamu tumaa keewwata xiqqaa (5) taha. Tumaan kew. 34(5) qorannoo kanaaf roqummaa kan qabu tahuu isaatiin jechii fi hafuurri (the word and the spirit of the provision) tumaa kanaa qixaan hubatamuun argannoo fi yaada furmaataa dhuma irratti kennamuuf baay'ee murteessaa dha. Keewwatni kun kan jedhu: 'wal dhabdeen sirna haqaa idilee keessatti bu'uura seera dhuunfaa fi seera maatiitin ilaalaman hanga fedhii wal falmitootaa ta'eetti bu'uura seera amantaatin ykn seera aadaatiin hiikamuu akka danda'anii fi kanas Heerri kun dhorkee hin jiru jechun ibsa.²⁵⁶ Tumaan kew. 34(5) jalatti hammatame ilaalamuu kan qabu qixa kaayyoo waliigalaa keewwata kanaa fi qixa dhaabbataa fi duudhaa hawaasummaa akkasumas namoota dhuunfaa keewwata xiqqaa (1)-(4) caqasamaniitin qofa tahuu qaba. Tokkoon tokkoo tumaalee keewwata kana keessatti hammataman irraa kan hubatamu kaayyoon jalqabaa keewwata kana duudhaa fi dhaabbata hawaasummaa kan ta'an gaa'ilaa fi maatiif akkasumas namoota dhuunfaa dhaabbata kana keessatti hammataman abbaa warraa, haadha warraa fi daa'immaniif beekamtii kennuu fi eegumsa gochuu dha. Yaadni keewwata kana keessatti hammatame inni biraa dhimma gaa'ilaa, maatii, wal fuutotaa fi daa'immaniin wal qabatee wal dhabbi uumamu furuuf adeemsa idilee fi seera idileetiin alatti sirna hiikkaa wal diddaa filannoo dhiyeessuu dha. Filannoon kunis amaluma wal dhabdee uumamu irraan kan ka'e seeraa fi sirna seeraa idileen caalatti seera aadaa

²⁵⁵ Kanuma kew. 34(4)

²⁵⁶ Akkuma Olitti lakk. 4, kew. 34(5)

ykn seera amantaatin yoo ilaalaman bu'a qabeessa taha amantaa jedhu irraa kan maddee dha. Dimshaashatti, tumaa Heera kanaa akka waliigalaattii fi sanada marii tumaa Heera (constitutional minute)²⁵⁷ irraa akka hubatamuutti keewwatni dhaabbataa fi duudhaa hawaasummaa akkasumas namoota dhuunfaa dhaabbata kana keessatti hammatamaniif eegumsa malu kaa'uu fi oggaa wal dhabdeen uumameef hojjiirra oolmaa seera aadaa fi seera amataa kaa'uu dhaan alatti daangaa raawwatiinsa seera aadaa ykn seera amantaa kaa'uu miti. Jecha biraatiin, ergaa keewwata kanaa falmiiwwan akkamiitu seera aadaa ykn seera amantaadhaan ilaalamuu qaba kan jedhu tarreessuu otuu hin taane falmiin gaa'ilaa fi maatiin wal qabatee jiru bu'uura seera aadaa ykn amantaatiin akka xumuramuu filannoo (alternative) biroo akeekuu dha.

Dhimma ijoo mata duree kanaa kan ta'e waa'ee aangoo Mana Murtii Aadaa kaasuu dura tumaan Heera RFDI ilaalamuu qabu inni biroo keewwata 78 dha. Keewwatni kun akka waliigalaatti waa'ee bilisummaa fi caasseeffama Manneen Murtii Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoo irratti kan xiyyeefatee dha. Qaamni abbaa seerummaa bilisaawaa ta'e Heera kanaan dhaabbachuu²⁵⁸, aangoon abbaa seerummaa inni olaanaan sadarkaa Mootummaa Federaalaatti Mana Murtii Waliigalaatiif kennamuu²⁵⁹, Mootummaan naannoolee Mana Murtii Waliigala, Olaanaa fi kan Sadarkaa Jalqabaa hundeessuu akka qaban akeekuu akkasumas Manni Murtii Addaa (special court) ykn kan Yeroo (ad hoc court) Manneen Murtii idilee ykn dhaabbilee biroo aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameef irraa kan aangoo abbaa seerummaa fudhatu fi adeemsa abbaa seerummaa seeraan tumame hin hordofne hundeeffamuu akka hin dandeenye tumee jira.²⁶⁰ Dhuma irrattis, keewwatni kun keewwata xiqqaa (5) jalatti akkaataa tumaa Heera kew. 34(5) tin Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa ykn Manni Maree Mootummaa Naannoo Mana Murtii Aadaa ykn Mana Murtii Amantaa hundeessuu ykn dursa hundaa'ee kan jiruuf beekamtii kennuu akka danda'u ibsa. Sanada marii tumaa Heera mootummaa irraa akka hubatamuutti yaadni ijoo kew. 78(5) jalatti kaa'ame wal dhabdee seera aadaa fi seera amantaatiin akka ilaalamaniif kew. 34(5) akeekaman kunneen gama Mana Murtii

²⁵⁷ Sanada Marii Tumaa Heera RFDI jildii 3ffaa, sadaasa 8-13/1987 ALI, fuula 000024-000038

²⁵⁸ Akkuma Olitti lakk. 4, kew. 78(1)

²⁵⁹ Kanuma kew. 78(2)

²⁶⁰ Kanuma kew. 78(4)

kamiin hojiirra ooluu ykn ilaalamuu qabu kan jedhu deebisuuf kan tumameedha.²⁶¹ Jecha biraatiin keewwatni kun waa'ee daangaa aangoo Mana Murtii Aadaa kan murteesse otuu hin taane, falmiilee seera dhuunfaa fi seera maatiin ilaalamuu danda'an bu'uura seera aadaatin akka ilaaluuf Mana Murtii Aadaa kan aangessee fi Manni Murtii kun immoo qaama kamiin hundeeffamuu akka qabu ifatti kan kaa'ee dha.

Akka waliigalaatti, tumaan Heeraa RFDI kew. 34(5) fi 78(5) yaada daangaa aangoo Mana Murtii Aadaa duguugee murteessuu kan hin qabnee fi kan hin murteessine tahuu xiinxala armaan olii irraa kan hubatame yoo ta'e Manni Murtii Aadaa dhimmoota akkamii ilaaluu danda'a kan jedhu bifa armaan gadiitiin bakka sadiitti qoodnee kan ilaallu ta'a.

Inni jalqabaa, gosa falmiiwwanii kallattiidhaan gama Mana Murtii Aadaatin akka ilaalamaniif gama Heeraan kew.34(5)tin eeramanii dha. Falmiiwwan kunneen gama Mana Murtii Aadaatiin akka ilaalamaniif ulaagaa dursaa (pre requisite) malee kan kennaman otuu hin taane ulaagaa ifa ta'e lama kan qabuu dha. Ulaagaan dursa wal falmiin kun kan Mana Murtii aadaatin ilaalamuu kan danda'u fedhii wal falmitootaa qofa irratti hundaa'uun ta'uu isaati. Ulaagaan biroo gosti falmiiwwan kunneenii falmiilee sirna seera idilee keessatti seera dhuunfaa fi seera maatii qofaan kan ilaalamuu danda'an yoo tahaanii dha. Ulaagaan dursaa iftoomina yoo qabatu ulaagaan lamataa 'seera dhuunfaa fi maatii' jedhu garuu xiinxalamuu kan barbaaduu dha. Falmiin sirna seeraa idilee keessatti seera dhuunfaa (personal law) fi maatiin (family law) hiikaman garuu fedhii wal falmitootaa irratti hundaa'uun bu'uura seera aadaatin akka ilaalamaniif akeekaman wal dhabdee ykn falmiiwwan akkamiiti kan jedhu gaaffii ifatti deebii argachuu qabuu dha.

Gaaffii kanaaf deebii jalqabaa kan argachuu dandeenyu yaadaa (spirit) fi jecha (word) tumaa Heera kew. 34 itti siqeenyaan ilaaluudhaani. Akkuma armaan olitti kaafne, maqeeffamni ykn mata duree kew. 34'f kenname '*mirga gaa'ila, dhuunfaa fi maatii*' jedha. Dhaabbatni ykn duudhaan hawaasummaa ykn namni dhuunfaa keewwata 34 keessatti haguuggii argate gaa'ila, maatii, abbaa warraa, haadha warraa fi daa'imman qofaa dha. Kunis kan agarsiisu, wal dhabdeen seera dhuunfaa fi maatiin hiikamuu malan jechuun kew. 34(5) jalatti eerame wal dhabdee kallattiidhaan dhaabbata ykn duudhaa hawaasummaa fi namoota dhuunfaa kunneen waliin kan wal qabatu dha. Jecha biraatiin, jechaa fi yaada kew. 34(5) irraa kan hubatamu

²⁶¹ Sanada Marii Tuma Heera RFDI jildii 5^{ffaa}, sadaasa 21-24/1987 ALI, Finfinnee, fuula 000043-000055

namoota dhuunfaa fi dhaabbilee ykn duudhaa hawaasummaa biroo kanneen keewwata kana keessatti maqaan isaanii hin caqasamneen wal qabate wal dhabdee ka'uu fi seera dhuunfaatiin ilaalaman kan ilaallatu miti.

Dabalataanis, wal dhabdeen seera dhuunfaatiin ykn seera maatiin ilaalamanii fi fedhii wal falmitootaa irratti hundaa'uun akkaataa seera aadaatiin hiikamuu malan maal fa'aa akka ta'e adda baasuuf hiikoo guuboo jechoota seeraa Black Law ilaaleerra. Bu'uura guuboo kanaatiin, seera maatii jechuun seerota dhimmoota gaa'ilaa, diiggaa, guddistummaa, falmii abbummaa, dhimma dhaalaa fi dhimmoota biroo kallattiidhaan maatii fi gaa'ila waliin kan wal qabatan jechuun kaa'ee jira.²⁶² Seera dhuunfaas ilaalchisee, hiikoo seera maatiif kenname waliin bifa walitti dhiyeenya qabuun seera falmii gaa'ilaa, diiggaa, guddistummaa, qallabaa, dhaalaa fi dhimmoota sadarkaa dhuunfaatti abbaa dhimma waliin hidhata qaban jechuun kaaseera.²⁶³ Hiikoon seera dhuunfaa fi seera maatiif guuboo jechoota kanaaf kenname kan agarsiisuus seerotni kunneen kallattiidhaan dhimma maatii fi gaa'ilaa waliin kan wal qabatan ta'uu agarsiisa.

Falmiiwwan sirna idilee keessatti seera dhuunfaa fi maatiin ilaalama jechuun kew. 34(5) jalatti ibsaman dhimmoota akkamii hammachuu akka danda'u adda baasuuf keewwaticha mataa isaa xiinxaluu fi hiikoo guuboo jechootaa ilaaluun dabalatatti Labsii Mana Murtii Shari'aa Federaalaa cimsuuf bahe sakattaaneerra. Labsiin kun bu'uura Heera FDRI kew. 34(5) tin tumamuu isaatin falmiiwwaan Heera kana keessatti eeraman adda baasuuf rogummaa kan qabuu dha. Bu'uura labsii kanaatin falmiin seera dhuunfaa fi maatiin sirna idilee keessatti ilaalamu garuu bu'uura seera amantaatin gama Manni Murtii Shari'aatiin akka ilaalamaniif eeraman: dhimmoota gaa'ilaa, diiggaa, qaallabaa, guddistuu daa'ima fi hariiroo maatummaa (family relationship), dhaaltummaa ykn dhaamoo, waakfaa fi kenna dhaan dhimmoota wal qabataniidha.²⁶⁴ Dhimmootni kun kallattidhaan dhimma gaa'ilaa, maatii fi wal fuutotaa waliin kan wal qabataniidha.

²⁶² Black Law Dictionary 7 ed, Fuula 1804

²⁶³ Kanuma, Fuula 3624

²⁶⁴ Labsiin Mana Murtii Shari'aa Federaalaa cimsuuf bahe lakk. 188/99 kew. 4

Dimshaashatti, xiinxala armaan olii irraa kan hubatamu falmiiwwan seera dhuunfaa fi maatiin sirna idilee keessatti ilaalaman garuu fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uun seera aadaa irratti hundaa’uun gama Mana Murtii Aadaatiin akka ilaalamiif kallattiidhaan kew. 34(5) jalatti eeraman falmii gaa’ila, qallabaa, guddistummaa, abbummaa fi dhaaltummaa kan ilaallatuu dha.

Kallattiin inni lamataa falmiiwwan Mana Murtii Aadaatiin ilaalamuu danda’an adda baasuuf gargaaramne kallattiidhaan tumaawwaan Heeraa kew. 34(5) fi 78(5) irraa kan madde otuu hin taane aangoo seera tumuu Mana Maree Bakka Bu’oota Uummataa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ykn Caffeedhaaf kenname irraa kan maddee dha. Akkuma armaan dura kaafne kaayyoon kew. 34 fi 78 aangoo Mana Murtii Aadaa duguuganii tarreessuu (exhaustively describe) otuu hin taane falmii gaa’ila fi maatii keessatti uumamu sirna seeraa idileen alatti akka ilaalamuuf deensa filannoo kaa’uu dha. Jecha biraatiin, tumaaleen kunneen falmii maatii fi gaa’ilaan wal qabatu fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uun Manni Murtii Aadaa haa ilaalu ergaa jedhu qaba malee Manni Murtii Aadaa falmii dhimma gaa’ila fi maatii waliin wal qabatu qofa ilaalu danda’a kan jedhu miti. Kanaaf, aangoon Mana Murtii Aadaa gama Heeraatiin duguugamnee kaa’amee hanga hin jirreetti Caffeen aangoo ofii qabu irratti hundaa’uun²⁶⁵ fedhii wal falmitootaa eeguu otuu hin barbaachifne Manni Murtii Aadaa falmiiwwan barbaachisoo ta’aan sadarkaa jalqabaatti akka ilaaluuf aangeessuu akka danda’u kan hubatamuu dha. Caffeen falmiiwwan gosa muraasni sadarkaa jalqabaatti (first jurisdiction) gama Mana Murtii Aadaatin akka ilaalamaniif kan aangeessuu danda’u yoo ta’e falmiiwwan dhimma akkamii waliin wal qabatan Manni Murtii Aadaa sadarkaa jalqabaatti akka ilaaluuf aangeessu qaba kan jedhu muuxannoo biyyota biroo fi daataa gama bargaaftiin sassaabame irratti hundaa’uun akka armaan gadiitti ilaalleera.

Biyya Zimbaabuwee keessatti Manni Murtii Aadaa dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen akka gaa’ila, diiggaa, kunuunsaa fi guddistummaa daa’imaa, falmii qallabaa fi dhaalaa ilaalu dabalatee falmii qabeenyaa fi qabiyyee lafaa ilaaluuf aangoo qabu. Naayijeeriyaa keessattis Manni Murtii Aadaa dhimma siiviilii ilaalchisee abbummaa qabeenyaa, abbummaa qabiyyee, lafa namaa qabachuu ilaalchisee beenyaan gaafatamu hanga niiraa 1000/kuma tokko/ hin dabarreetti, dhimma qabeenyaa dhaalaa fi qabeenya nama du’ee bulchuu ilaaluuf, falmii gaa’ila

²⁶⁵ Akkuma Olitti lakk. 3, kew. 49

bu'uura aadaatin hundeeffamee, guddisa daa'immanii bu'uura seera aadaatin ni ilaala. Muuxannoon Afrikaa Kibbaa fi Maalaawwiis kanuma kan agarsiisuu dha. Muuxannoon kun kan agarsiisu Manni Murtii Aadaa biyyoota kunneenii dhimma gaa'ila fi maatiin alatti dhimmi lafaa, abbummaa qabeenyaa fi kaffaltii beenyaa hangi isaa seeraan daanga'e ilaaluuf aangoo kan qabu ta'uu isaaniiti.

Qorannoo kanaan wal qabatee daataa gama bargaaffiitiin ogeessota seeraa fi ogeessota aadaa irraa funaanamees kan akeeku dhimmootni gama Mana Murtii Hawaasummaa gandaatiin ilaalamaa jiran guutummaatti gama Mana Murtii Aadaa akka ilaalamaniif kan eeranii dha. Dabalataanis, qorannoo mata duree 'Bu'a qabeessummaa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa' jedhun gama ILQSO'n bara 2012 ALI hojjatame Manni Murtii Hawaasummaa gandaa bu'a qabeessa tahuu dhiisuu isaatiin manni murtii kun Mana Murtii amalaa aadaa qabun akka bakka bu'amu kan eere ture. Yaadni furmaataa qorannoo kanaan eeramees ta'e yaadni ogeessootaa falmiileen gama Mana Murtii Hawaasummaa gandaatin ilaalamaa turaan guutamaadhaan gama Mana Murtii Aadaatiin akka ilaalamaniif kan eeramee dha.

Xiinxala muuxannoo biyyoota hambaa fi bargaaffii irraa ka'uun Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa fedhii wal falmitootaa mirkaneessuun otuu hin barbaachifne falmii qabeenya socho'uus ta'e hin sochoone tilmaamni isaa seeraan kaa'ame, falmii qabiyyee fi jeequmsaa lafa baadiyyaa, falmii hidda fi damee mukaa ollaatti darbuu, falmii dallaa fi mana haaromsuu, qabeenya bade lafa ormaa keessa seenanii ilaaluu, falmii daandii irra deeman argachuu, falmii mirga abbaa qabeenyummaa gar-malee fayyadamuu, falmii bishaan bokkaarratti ka'u fi falmii Bishaan lagaarratti ka'u akka ilaaluuf Mana Murtii Aadaa aangeessuu kan danda'u ta'uu isaati.

Sadarkaa sadaffaatti dhimmoota Yakkaa irratti Manni Murtii Aadaa aangoo akkamii qabaachuu danda'a qorannoo kanaan sakatta'aameera. Akkuma boqonnaa darbee keessatti kaafne biyyootni kan akka Zimbaabuwee, Afriikaa Kibbaa fi Maalawwii fa'aa yakkoota xixiqqoo tahan gama Mana Murtii Aadaa isaaniitin kan ilaalaa jiru. Muuxannoo kana qofa kaasuudhaan Manni Murtii Aadaa sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti hundeeffamuuf deemu dhimmoota yakkaa gosa akkanaa ykn akkasii ilaaluu danda'u jechuun dura sanadoota sirna haqa yakkaa biyya keenya bulchan sakatta'uun barbaachisaa dha.

Aangoo Mana Murtii Aadaa dhimmoota Yakkaa ilaalchisee qabaachuu malu xiinxaluuf sanadni sakatta'aamuuf jalqabatti rogummaa qabu sanada Imaammata Yakkaa Itiyoophiyaa yoo ta'u

Imaammata kun kutaa 4.6.2 jalatti raawwii Yakkaatiin wal qabatee hojiin itti gaafatamummaa mirkaneessuu adeemsa idilee qofaan otuu hin taane adeemsa idileetiin alatti filannoo biraa dhiyeessee jira. Kunis fayidaa uummataa fi mirga miidhamaa caalatti ni kabachiisa jedhamee yeroo amanameetti kan raawwatamuu dha.²⁶⁶ Dabalataanis, sababoota himannaan yakkaa akka hin hundeeffamen taassisani fi gaalee *'faayidaa uummataa'* jedhu hiikuuf akka ulaagaatti kanneen imaammata kanaan tarreeffaman keessaa tokko yakkichi hangam cimaa ta'uus wal dhabbiin miidhamaa fi himatamaa gidduutti uumame yakkichaaf ka'uumsa ta'e gama adeemsa *bulchiinsa haqaa idileen caalatti gama seeraa fi dhaabbilee aadaatiin furmaataa waarawaa kan agarsiisu yoo ta'e dha* jechuun tumeera.²⁶⁷ Tumaaleen Imaammata yakkaa kun kan agarsiisu bu'uura seera aadaa fi dhaabbilee aadaatiin falmiiwwan yakkaatiif furmaatni kennamuu akka qabu kan akeekuu dha. Haa ta'u malee, sanada kana irraa Yakkoota gosa kamtu gama sirna aadaatin hiikamu danda'u kan jedhu adda baasee kan hin jirree dha. Akka waliigalaatti, sanadni kun yaada sirna aadaa jajjabeessuu kan qabu yoo ta'ees humna dirqisiisuu (binding effect) kan hin qabne waan ta'eef sanada kan qofa irratti hundaa'uun Manni Murtii Aadaa dhimmoota yakkaa gosa akkanaa ykn akkasii ilaaluu danda'a jechuun kan danda'amu miti.

Seerri Yakkaa Mootummaa RFDI fi Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa yeroo ammaa hojiirra jiru sirna aadaatiif bakka ifa ta'e kennee hin jiru. Gama tokkoon seerota kunneen fooyyeessuun aangoo Mootummaa federaalaa tahuu isaatin²⁶⁸, gama biraatin immoo qorannoon kun hundeeffama Mana Murtii Aadaa Oromiyaa irratti kan daanga'e ta'uu isaatiin muuxannoo biyyootaa fi Immaammata Yakkaa qofa irratti hundaa'uun falmiiwwan yakkaa Mana Murtii Aadaatiin ilaalaman akeekuun dhama qabeessa hin ta'u.

Haa ta'u malee, daangaa dhuma Seera Yakkaa fi Seera Deemsa Falmii hojiirra jiru keessatti daanga'uudhaan carraawwan jiran xiinxaluuf yaaleerra. Bu'uura Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1954 ALI tumameen haalawwan jalqabbii deemsa haqa (setting justice in motion) bakka sadiitti qooduun kaa'a.²⁶⁹ Kunis yakka eeruu, iyyannoo dhuunfaa fi yakka harkaaf harkaati. Yakki harkaaf harkaa (flagrant offence) gosa yakkaa eeruudhaan ykn iyyannoo

²⁶⁶ Imaammata Yakkaa Mootummaa Federaalaa bara 2003 bahe kutaa 4.2.6.6(2)

²⁶⁷ Kanuma kutaa 3.12(c)

²⁶⁸ Akkuma Olitti lakk. 4, kew. 55(5)

²⁶⁹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, kew.11-21

dhuunfaadhaan dhiyaatan tahuu dandaa’u. Yakkootni iyyannoo dhuunfaadhaan akka dhiyaatan Seera Yakkaa kutaa addaa (special part) keessatti yeroo ibsamee jiruutti yakkoota kunneen ilaalchisee miidhamaa dhuunfaan ykn bakka bu’aan isaa iyyata komii dhiyeessu malee kan hin himachiifnee dha.²⁷⁰ Tumaa kana irraa kan hubatamu yakkoota kunneen ilaalchisee miidhamaa fi shakkamaan dhimma isaanii araaraan xumuran yeroo ta’eetti Abbaan Alangaa himannaa hundeessuu akka hin dandeenyee dha. Tumaa Seeraa kana irraa ka’uun fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uudhaan Manni Murtii Aadaa yakkoota iyyannoo dhuunfaadhaan dhiyaatan bifa jaarsummaa qofaan akka ilaaluuf aangeessuun kan danda’amuu dha.²⁷¹ Qabiyyee jaarsummaa kunis murtii balleessuu fi murtii adabbii kennuu otuu hin taane wal dhabbee wal falmitoota gidduutti uumame araaraan xumuruu qofatti kan daangahe tahuu qaba. Araarri kunis hanga wal falmitootni waliigalanitti kaffaltii beenyaa kan dabalate tahuu danda’a.

Dhimshaashatti, aangoo Mana Murtii Aadaa bu’uura sadii irratti hundaa’uu kan maluu dha. Inni jalqabaa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uun wal dhabdee gaa’ilaa fi maatii waliin wal qabatan kan akka falmii diiggaa gaa’ilaa, qallabaa, guddistummaa, abbummaa fi falmii dhaalaati. Inni lamataa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uu otuu hin barbaachisiin gama Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa kallattiidhaan kan aangeeffamu. Kunis dhimmoota falmii qabeenya socho’uus ta’e hin sochoone tilmaamni isaa seeraan kaa’ame, falmii qabiyyee fi jeequmsaa lafa baadiyyaa, falmii hidda fi damee mukaa ollaatti darbuu, falmii dallaa fi mana haaromsuu, qabeenya bade lafa ormaa keessa seenanii ilaalu, falmii daandii irra deeman argachuu, falmii mirga abbaa qabeenyummaa gar-malee fayyadamuu, falmii bishaan bokkaarratti ka’u fi falmii Bishaan lagaarratti ka’u dha. Inni Sadaffaa, falmiiwwan yakkaa iyyannoo dhuunfaa qofaan dhiyaatan. Kallatti jalqabaa fi lammataa ilaalchisee murtii dirqisiisaa kennuu kan danda’u yoo ta’u dhimma yakkaa iyyannoo dhuunfaadhaan dhiyaatu garuu aangoon isaa wal falmitoota walitti araarsuu qofa ta’a. Bakka wal falmitoota walitti araarsuu hin dandeenyeetti dhimmichi kallattiidhaan gama sirna idileetiin kan xumuramu taha.

²⁷⁰ Seera Yakkaa Mootummaa RFDI, kew. 212

²⁷¹ Wixineen Seera Deemsa Falmii Yakkaa Mootummaa RFDI Haaraan yakkoota iyyannoo dhuunfaadhaan dhiyaataniin alatti kanneen eeruudhaan dhiyaatan illee gama dhaabbilee aadaatin xumuramuu danda’aan ni kaa’a. Wixineen kun ragga’ee jiraachuu dhiisuu isaatiin yeroo ammaatti yakkootuma iyyannoo dhuunfaa dhiyaatan qofa Manni Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa ilaalu qaba.

Boqonnaa Shan

Yaada Guduunfaa fi Furmaataa

Bu'uura Heera DFRI fi Heera Naannoo Oromiyaatiin Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa ykn Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa Mana Murtii Aadaa hundeessuuf ykn beekamtii kennuuf akka danda'u ifatti tumameera. Haa ta'u malee, sadarkaa Naannoo Oromiyaatti Manni Murtii Aadaa sababa lamaaf hanga ammaatti otuu hin hundeeffamiin hafeera. Sababni inni jalqabaa qaamni ykn seektarri mootummaa barbaachisummaa Mana Murtii Aadaatti amanee yaada ka'uumsaa qorannoon deeggarama qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeesse dhabamuu isaa yoo ta'u inni lamaffaa qaamolee baay'ee biratti ilaalcha dogongoraa Manni Murtii Hawaasummaa Gandaa hojiilee Manni Murtii Aadaa hojjachuu malu hojjataa jira kan jedhuu dha.

Mana Murtii Aadaa yeroo ammaatti hundeessuuf carraalee fi sodaawwan jiran qorannoo kanaan adda bahaaniiru. Hojimaatni wal dhabdee namoota gidduutti dhalatu bu'uura aadaa naannootiin hiikuun qabatamaan hawaasa keessa jiraachuu, yeroo ammaatti aadaa ofiitti fayyadamuuf fedhii fi kaka'uumsi uummata bira jiraachuu, jaarsoliin ykn abbootiin gadaa wal dhabbii hiikuuf dandeettii fi miira tajaajiltummaa qaban jiraachuu, seerrii fi sirni aadaa gahaa tahe hawaasa keessa jiraachuun, seerootaa fi sirna aadaa duubatti hafoo ta'aan haquuf ykn fooyyeessuuf sirni aadaa dandeessisu jiraachuu, duudhaan murtii jaarsolii biyyaa ykn abbootii gadaa raawwachuu hawaasa keessa jiraachuunii fi tajaajila haqaa bu'uura aadaatiin kennamu biratti haqni argamuun hundeeffama Mana Murtii Aadaatiif akka carraatti adda baheera. Sadarkaan itti fayyadamnii fi faca'iinsi aadaa wal fakkaataa ta'uu dhabuu, darbee darbee jaarsolii biyyaa fi abbootii gadaa biratti rakkoon naamusa jiraachuu fi bakka tokko tokkoottii fi kutaa hawaasaa tokko tokko biratti itti fayyadama seera aadaa tiif fedhiin gadi aanaa tahuun akka sodaatti adda bahee jira.

Gama wal qixxummaa fi hirmaachisummaa dubartootaa ilaalchisee sirna gadaa keessatti duudhaan dubartii miidhu fi xiqqeessuu kan hin jirre tahee garuu hojimaatnii fi ilaalchi hawaasa keessatti mul'atu wal qixummaa koornayaa kan mirkaneesse hin jirre ta'uu qorannoo kanaan adda baheera. Haa ta'u malee, rakkoon kun adeemsaa fi sirna gadaatiin fooyyeessuun tajaajila abbaa seerummaa sirna aadaatiin kennamu keessatti wal qixxummaa fi hirmaachisummaa dubartootaa mirkaneessuun kan danda'amu tahuun hubatameera. Dabalataanis, amalli ykn uumamni sabdaneessummaa naannoo magaalatti mul'atuun (metropolitan society) wal qabatee

tajaajilli abbaa seerummaa aadaa irratti hundaa'ee kennamu hanga haqa qabeessaa fi hirmaachisaa ta'eetti ilaalchii sirnaa fi seera aadaatin tajaajilamuu jiraattoota magaalaa biratti komii kaasuu akka hin dandeenye qorannoo kanaan adda baheera.

Gurmaa'iinsaa fi caaseeffama Mana Murtii Aadaa ilaalchisee filannoon abbootii seeraa kallattiidhaan jiraattoota gandaatiin ta'uu akka qabu dha. Tuuta abbotii seeraa Mana Murtii Aadaa biratti namni tokko kan barreessuu fi dubbisuu danda'u dabalataan jiraachuu qaba. Gaheen nama kanaas hojiilee teeknikaa kan akka dhaddacha qindeessuu, oolmaa fi murtii dhaddachaa barreessuu fi kanneen biroo qofa irratti daanga'uu qaba.

Abbotiin seeraa Mana Murtii Aadaatiif kaffaltiin kan barbaachisu ta'ee barri hojii isaanii garuu daanga'uun isaa caalatti bu'a qabeessa ta'a. Daangaan yeroo tajaajilaa kaa'ame xumuramuun dura rakkoo naamusaa, rakkoo fayyaa fi umuriin akkasumas dandeettii fi gahuumsa barbaachisu dhabuun aangoo irraa gaggeeffamuuf akka sababaatti seeraan tumamuu akka qabu muuxannoon biyyoota garagaraa fi fedhiin qaamolee daataan irraa funaanamee ni agarsiisa.

Aangoo Mana Murtii Aadaa bu'uura sadii irratti hundaa'uu kan maluu dha. Inni jalqabaa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa'uun wal dhabdee gaa'ilaa fi maatii waliin wal qabatan kan akka falmii diiggaa gaa'ilaa, qallabaa, guddistummaa, abbummaa fi falmii dhaalaati. Inni lamataa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa'uu otuu hin barbaachisiin gama Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa kallattiidhaan kan aangeeffamu. Kunis dhimmoota falmii qabeenya socho'uus ta'e hin sochoone tilmaamni isaa seeraan kaa'ame, falmii qabiyyee fi jeequmsaa lafa baadiyyaa, falmii hidda fi damee mukaa ollaatti darbuu, falmii dallaa fi mana haaromsuu, qabeenya bade lafa ormaa keessa seenanii ilaaluu, falmii daandii irra deeman argachuu, falmii mirga abbaa qabeenyummaa gar-malee fayyadamuu, falmii bishaan bokkaarratti ka'u fi falmii Bishaan lagaarratti ka'u dha. Inni Sadaffaa, falmiiwwan yakkaa iyyannoo dhuunfaa qofaan dhiyaatan. Kallatti jalqabaa fi lammataa ilaalchisee murtii dirqisiisaa kennuu kan danda'u yoo ta'u dhimma yakkaa iyyannoo dhuunfaadhaan dhiyaatu garuu aangoon isaa wal falmitoota walitti araarsuu qofa ta.a Bakka wal falmitoota walitti araarsuu hin dandeenyeetti dhimmichi kallattiidhaan gama sirna idileetiin kan xumuramu taha.

Sirna oliyyannoo ilaalchisee Manni Murtii Aadaa caasaa oliyyannoo dhagahu kan mataa isaa qabaachuu akka qabu muuxannoon biyyootaa fi ijaarsi qabatamaa hawaasa keessa jiru kan agarsiisuu dha. Dabalataan, manni murtii idilee aadaa sirna oliyyannootiin dhimma wal

falmitootaa erga ilaaleen boodatti qaamni komii qabu gara mana murtii idileetti oliyyachuu akka qabu muuxannoon biyyoota biroo fi daataan funaaname kan agarsiisuu dha. Gama tokkoon tajaajilli abbaa seerummaa Mana Murtii Aadaatti kennamu aadaa qofa irratti hundaa'uu isaatiin, gama biraatin immoo manni murtii idilee aadaa irratti otuu hin taane seera qaama mootummaatiin tumamee labsame qofa irratti hundaa'uun tajaajila kan kennu ta'uu isaatiin oliyyannoon Mana Murtii Aadaa irraa gara mana murtii idileetti taassifamu sababoota seeraan ifatti kaa'aman qofa irratti hundaa'uu qaba.

Akka waliigalaatti carraawwani armaan olitti ibsaman caalatti dagaagsuunii fi rakkoolee adda bahaa irratti hojjachuun Mana Murtii Aadaa caasseeffama fi gurmaa'insa cimaa qabu hundeessuun aadaa sirna haqaa biyyattii ykn naannoo Oromiyaa keessatti hammachiisuuf yeroo ammaatti haalotni mijatoo tahaan kan jiru ta'uu qorannoo kanaan adda baheera.

Yaada Furmaataa

1. Carraawwaan hundeeffama Mana Murtii Aadaa jedhamuun adda baafaman cimani akka ittii fufaniif akkasumas sodaawwan adda bahaan hir'isuuf Gumiin Abbootii Gadaa sadarkaa mara irratti argamuu fi Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa miidiyaa fi maloota biroo gargaaramuun irratti hojjachuu qabu.
2. Gurmaa'insi Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa wal qixxummaa fi hirmaachisummaa saalaa fi amantaa bifa mirkaneesseen ulaagaa umrii, naamuusaa fi jiraataa ganda jedhu hammateen kallattiidhaan jiraattota gandaatiin gaggeeffamuu qaba. Koreen filannoo kana qindeessu miseensonni isaa Hooggansa Mana Murtii Aanaa, Bulchaa Ganda fi Af-yaa'ii Mana Maree Gandaatiin kan hammate ta'uu qaba. Manni Murtiis qindeessaa koree kanaa ta'uu qaba.
3. Abbootiin seeraa baay'inaan sadii ta'aanii dabalataan qindeessaa dhaddachaa nama barreessuu fi dubbisuu danda'uu fi jiraataa ganda kan ta'e dabalammu qaba. Namni kun murtii jaarsoliin ykn Abbootiin Gadaa kennan barreessuu, dhaddacha qindeessuu fi hojiilee teeknikaa biroo mijeessuun alatti murtii irratti hirmaachuu hin qabu.
4. Itti waamamni Mana Murtii Aadaa Mana Murtii Aanaatiif tahee hojiilee gabaasa dhaga'uu, gamaggama raawwii hojii gaggeessuu, rakkoo naamusaa qorachuu fi tarkaanfii fudhachuu gahee Mana Murtii Aanaa tahuun kennamuu qaba. Gostii naamusaa fi tarkaanfiin naamusaa seeraan kan bahu ta'a.
5. Ittii gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf abbootii seeraa Mana Murtii Aadaa irratti aangoon himannaa ykn iyyata komii dhiyeessuu Bulchaa Ganda ykn miidhamaa dhuunfaatiif kennamuu qaba. Haallii fi daangaan yeroo komiin itti dhiyaatu seeraan kan tarraa'u ta'a.
6. Dhiibbaa gama diinagdeetiin Abbootii Seeraa Aadaa irra gahu xiqqeessuu, itti gaafatamummaa mirkaneessuu, miira tajaajiltummaa akka horatan gochuu fi namoota ciccimoo horachuuf kaffaltiin Abbootii Seeraa Aadaatiif bifa jajjabeessituun kaffalamuu qaba.
7. Barri tajaajila abbootii seeraa waggaa 4'tti daanga'ee abbootiin seeraa miira tajaajiltummaa qaban, naamusa gaarii agarsiisan, umriin isaanii hojii sirnaan akka hojjatan dandeessisu irra deebiin filatamuu akka danda'aan bifa dandeessisuun sirni ijaaramuu qaba.

8. Abbootiin seeraa Mana Murtii Aadaa aadaa fi duudhaa naannoo irratti hundaa’uun murtii kennaniif itti gaafatamummaa siivilii fi yakkaa irraa bilisa bifa taasisuun seerri bilisummaa abbootii seeraaf eegumsa taasisu kan tumamu ta’a.
9. Aangoo Mana Murtii Aadaa bu’uura sadii irratti hundaa’uu kan maluu dha.
 - i. Inni jalqabaa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uun wal dhabdee gaa’ilaa fi maatii waliin wal qabatan kan akka falmii diiggaa gaa’ilaa, qooddaa qabeenya gaa’ilaa keessatti argame, qallabaa, guddistummaa, abbummaa fi falmii dhaalaati.
 - ii. Inni lamataa fedhii wal falmitootaa irratti hundaa’uu otuu hin barbaachisiin gama Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa kallattiidhaan kan aangeeffamu. Kunis dhimmoota falmii qabeenya socho’uus ta’e hin sochoone tilmaamni isaa seeraan kaa’ame, falmii qabiyyee fi jeequmsaa lafa baadiyyaa, falmii hidda fi damee mukaa ollaatti darbuu, falmii dallaa fi mana haaromsuu, qabeenya bade lafa ormaa keessa seenanii ilaaluu, falmii daandii irra deeman argachuu, falmii mirga abbaa qabeenyummaa gar-malee fayyadamuu, falmii bishaan bokkaarratti ka’u fi falmii Bishaan lagaarratti ka’u dha.
 - iii. Inni Sadaffaa, falmiiwwan yakkaa iyyannoo dhuunfaa qofaan dhiyaatan. Yakkaa iyyannoo dhuunfaadhaan dhiyaatu ilaalchisee aangoon Mana Murtii Aadaa wal falmitoota walitti araarsuu qofa ta.a Bakka wal falmitoota walitti araarsuu hin dandeenyeetti dhimmichi kallattiidhaan gama sirna idileetiin kan xumuramu taha. Qabiyyeen murtii araaraa beenyaa dabalachuu danda’a. Murtiin araaraa kan oliyyatamu hin ta’u.
10. Manni Murtii Aadaa akka naannoo keenyaatti hundeeffamuuf deemu caasaa oliyyannoo Mana Murtii Aadaa Oliyyannoo (appellate court) sadarkaa aanaatti qabaachuu qaba. Namni abbaa seeraa Mana Murtii Aadaa oliyyannoo dhaga’uu kan filatamu kallattiidhaan Yaa’ii Abbootii Seeraa Mana Murtii Aadaa sadarkaa gandaa tiin ta’uu qaba. Abbootiin seeraa kunneen yaa’ii kanaan eeranii kaadhimamaan harka caalmaan filatame abbaa seeraa Mana Murtii Aadaa oliyyannoo dhagahuu tahuun ramadama. Raawwiin isaa seeraan kan bahu ta’a.
11. Murtii Mana Murtii Aadaa Oliyyannoo dhagahuun kennamee jiru dogongora adeemsaa qabaniif fi kanneen qajeeltoo bu’uura haqaa faalleessan yoo ta’e qofa Manni Murtii

Olaanaa oliyyannoon ofitti fuudhee ilaalu qaba. Qabiyyeen dogongora adeemsa seeraa fi qajeeltoo bu'uura haqaa seeraan ifatti kan tarraa'ee ibsamu taha.

12. Manni Murtii Aadaa Murtii kenne kan ofii isaatii kan raawwachiisu ta'e kanaan wal qabatee tarkaanfilee fudhatamuu malu seeraan kan bahu ta'a.

Wabii

1. Ahren, M., 'Comparative study on indigenous peoples' customs, culture, traditions and customary law – Analysis from a legal perspective
2. Ayalew Getachew Assefa, Customary Laws In Ethiopia: A Need For Better Recognition , Danish Institute For Human Rights, 2012, Unpublished
3. Bekker, J.C., Seymour's Customary Law in Southern Africa, 5th edn, Cape Town, Juta & Co. Ltd, 1989, Centre for Conflict Management and Transformation, Cultures in Conflict Challenges of Marriage and Divorce under Zimbabwe's Dual Legal System
4. Chigozie Nwagbara, The Nature, Types And Jurisdiction Of Customary Courts In Thenigeria Legal System, Journal Of Law, Policy And Globalization , Vol.25, 2104,
5. Chigwata, Decentralization in Africa and the resilience of traditional authorities: evaluating Zimbabwe's track record (2015)
6. Christa Rautenbach, Legal Reform Of Traditional Courts In South Africa: Exploring The Links Between Ubuntu, Restorative Justice And Terapeutic Jurisprudence, Journal of International and Comparative Law, 2015
7. Customary Law In India: Jurisprudential And Legal Aspects
8. Customary Law: A Conceptual Framework
9. Desmond Mudala Kaunda, Human Rights, Expanding Access to Justice for the Poor Malawi's Search for Solution, A Comparative Analysis with Others Selected Informal Justice Systems (The Danish Institute for Human Rights),2011,
10. Global Journal of Politics and Law Research, THE JUDICIARY AND THE ROLE OF CUSTOMARY COURTS IN NIGERIA, Udosen Jacob Idem (Ph.D)Vol.5, No.6, November 2017,
11. Hanns Seidel Foundation, Customary Law in Namibia
12. HEAL ZIMBABWE TRUST (HZE) & ZIMBABWE CIVIC EDUCATION TRUST (ZIMCET), Policy Brief on Transitional Justice and Peace Building Mechanism in Zimbabwe, 2016
13. Megan Crouch, Improving Legal Access for Rural Malawi Villagers,
14. Muna Ndulo, African Customary Law, Customs, and Women ' s Rights, (2011), Cornell Law Faculty Publications,
15. Muradu Abdo & etals, Customary law : teaching material, 2009,

16. MURADU ABDO AND GEBREYESUS ABEGAZ, Defining Customary Law and Legal System (Abyssinia Law), 23 March 2012,
17. Musekiwa N, The role of local authorities in democratic transition in Masunungure and Sumba Democratic transition (2012),
18. Reassessing Customary Law Systems As A Vehicle For Providing Equitable Access To Justice For The Poor, M. Kane et al., conference paper, Arusha Conference, “New Frontiers of Social Policy” – December 12-15, 2005 by World Bank,
19. Redson Edward Kapindu, Malawi: Legal System and Research Resources, 2009,
20. Rule of Law in Malawi: The Road to Recovery, Report of the International Bar Association’s Human Rights Institute (IBAHRI) Funded by the Open Society Initiative for Southern Africa (OSISA), August 2012, 24
21. Social Sciences Journal, The Place of Customary and Religious Laws and Practices in Ethiopia: A Critical Review of the Four Modern Constitutions, Vol. 4, No. 4, 2015
22. South African Law Commission Act, Traditional Courts and the Judicial Function of Traditional Leaders, 1999, page. 1 Available at The African Charter For People’s And Human Right
23. Tinashe Chigwata Post-doctoral fellow, Dullah Omar Institute for Constitutional Law, Governance and Human Rights, Faculty of Law, University of the Western Cape
24. UNDP’s Access to Justice and Rule of Law Project, Manual for traditional authority on customary law in South Sudan, December 2013,
25. World Bank: Legal vice presidency, Ethiopia Legal and judicial assessment, 2004,

Seeroota

1. Waliigalteen Idila Addunyaa Mirga Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa
2. Seera Maatii Oromiyaa Fooyya’ee Bahe, labsii lakk. 83/1996, Kw. 19
3. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa
4. Chaartarii Mirga Namaa fi Uummata Afrikaa
5. Heera Mootummaa Rippabliika Federaalawaa Itiyoophiyaa
6. Seera Maatii Mootummaa RFD Itiyoophiyaa
7. Republic Of Zambia The Small Claims Courts Act,

8. The Lagos State Customary Courts Law 2011

Web-site

https://menneskeret.dk/files/media/dokumenter/udgivelser/ayalew_report_ok.pdf
<http://siteresources.worldbank.org/INTLAWJUSTINST/Resources/EthiopiaSA.pdf>.
http://www.justice.gov.za/salrc/ipapers/ip12_prj108_1998.pdf
<http://siteresources.worldbank.org/INTRANETSOCIALDEVELOPMENT/Resources>
<http://jurist.org/dateline/2011/08/megan-crouch-local-courts-malawi.php> .
https://www.lac.org.na/projects/grap/pdf/Law_5-cus.
www.humanrights.dk
http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf
http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf
http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf .
https://shodhganga.inflibnet.ac.in/bitstream/10603/74298/9/09_chapter%203.pdf
http://shodhganga.inflibnet.ac.in/jspui/bitstream/10603/14823/8/08_chapter%201.pdf

Miltoowwan

A. Tarree Maqaa Hooggansa Mana Murtii Qorannoo kanaan dubbifamanii

1. Obbo Gazaalii A/Simal, PMMWO
2. Obbo Guyyoo Waariyoo, I/A/P/MMWO
3. Obboo Tokkummaa Caalaa, Perezidantii MMA Yaabeloo
4. Obboo Wandoosan Doonii, Perezidantii MMO G/Booranaa
5. Obboo Badriitamaan Umar, Perezidantii MMO Go/Gujii
6. Obboo Dhaddacha Guyyoo, Perezidantii MMA Liiban
7. Obboo Sisaay Mul'ataa, KTAS, MMO Godina Gujii
8. Obboo Atilaabbachawu Abbaabbuu, Perezidantii MMA Shaakkisoo
9. Diiqqaa Abdii, KTAS, MMA Shaakkisoo
10. Obboo Jeeylaan Kadir, Perezidantii MMA Sinaanaa
11. Geetaahuun Baqqalaa, KTAS, MMA Sinaanaa
12. Obboo Maammoo Tusii, Perezidantii MMO Go/Baalee
13. Obboo Abdurroo Aloo, Perezidantii Aanaa Diinshoo
14. Obboo Asaffaa Raggaasaa, KTAS, MMO Sh/Bahaa
15. Mohaammad Sayiid, Perezidantii MMA Fantaallee

16. Obboo Tasfaayee Tarreessaa, BB Perezidnatii, Aanaa Ada'aa
17. Isaa Boruu, Koree Dhaabbii Bulchiisaa fi Seeraa Caffee Oromiyaa
18. Obbo Daawwit Tasfaayee, Gaggeessaa Dhimmaa HH Mana murtii A/Amboo
19. Obbo Obbo Mitikkuu Waaqgaarii B/b Pirezidaantii fi abbaa seera M/ Aanaa Diggaa
20. Aadde Ayyantuu Yaadatee A/Seeraa Mana murtii Aanaa Diggaa
21. Obbo Dajanee Wayyumaa B/B KTAS MMO G/Jimmaa
22. Obbo Dirribaa Olee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa G/Sh/Lixaa
23. Obbo Fayyeeraa Dhugaasaa Pirezidaantii MM Magaalaa Naqamtee
24. Obbo Ismaa'eel Abbaa Boor B/b Prezidaantii MMO G/Jimmaa
25. Obbo Joonii Bantii PMMO G/Shawaa Bahaa
26. Obbo Kabbuu Mul'ataa Pirezidaantii Mana murtii Aanaa Amboo
27. Obbo Kennaa Daammanaa A/S MMA Deedoo
28. Obbo Maatiyoos Yiggazuu, KTAS Mana Murtii Olaanaa G/L/Shawaa
29. Obbo Taarikuu Abbabaa PMM A/T/Kuttaayee
30. Obbo Tsasfaayee Guddisaa Abbaa A/Dh/Yakkaa MMA T/Kuttaayee
31. Obbo Yohaannis Yifiruu A/S MMA Deedoo

B. Tarree Abbootii Gadaa fi jaarsolii Biyyaa qorannoo kanaan dubbifamanii

1. Dr. Borboor Bulee, Godina Booranaa, Aanaa Dubulluq,
2. Abbaa Gadaa Liiban Jaldeessaa, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
3. Abbaa Gadaa Guyyoo Gobbaa, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
4. Doorii Guyyoo Booruu, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
5. Doorii Jaarsoo Bokkoo, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
6. Kottool Gobbaa, Jaarsa Biyyaa, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
7. Abbaa Gadaa Moonaa Godanaa, Godina Gujii Aanaa Waadaraa
8. Obboo Saafee Dullachaa, Jaarsa Biyyaa, Godina Gujii aanaa Waadaraa
9. Abbaa Gadaa jaarsoo Boonaa, Godina Gujii, Aanaa Gooroo Doolaa
10. Obboo Ejarsa Bulgee, Jaarsa Biyyaa, Godina Gujii, aanaa Gooroo Doolaa
11. Abbaa Gadaa Aagaa Xiinxanoo, Godina Gujii, aanaa shaakkisoo
12. Obboo Aloo Baashoo, Walitti qabaa Aabbootii gadaa fi jaarsa biyyaa, aanaa sinaanaa
13. Haadha Siinqe Shukurii KAdir, AANAa Sinaanaa
14. Haajii Ibraahim Ruufaa, Jaarsa biyyaa, aanaa Gobbaa

15. Haadha Siinqee Faaxumaa Maammaa, Aanaa Gobbaa
16. Guddatoo Yeeyyii, Jaarsa biyyaa, aanaa Diinshoo
17. H/Abdaa Aloo, Jaarsa biyyaa, aanaa diinshoo
18. Amaan Garuutee, Jaarsa biyyaa, Aanaa Diinshoo
19. Diriis Husee, Jaarsa biyyaa, Aanaa Diinshoo
20. Xilaayee Gurmuu, Jaarsa Biyyaa, aanaa diinshoo
21. H/Hasan K/Huseen, Jaarsa biyyaa Aanaa Diinshoo
22. Abbaa Goobanaa Hoolaa, Walitti qabaa, Gumii Abbootii Gadaa Oromiyaa
23. Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa, A/G/Maccaa fi Miseensa Gumii A/G Oromiyaa
24. Kadir Abdiinuur, jaarsa biyyaa,
25. Tolasaa Ejjetaa, Abbaa Gadaa Aanaa Diggaa
26. Zannabech Buxuree, Haadha Siinqee Aanaa Diggaa
27. Tamasgeen Kabbadaa, Abbaa Gadaa Aanaa Diggaa
28. Ayyansaa Jiruu, Abbaa Gadaa fi Jaarsa Biyyaa A/Tokkee Kuttaayee
29. Nadhasaa Hirkoo, Abbaa Gadaa A/Tokkee Kuttaayee
30. Tashaalech Margoo, Haadha Siinqee A/Tokkee Kuttaayee
31. Baqqalaa Shifarraa, Jaarsa Biyyaa A/Tokkee Kuttaayee
32. Warqinaa Dalasaa, Abbaa Gadaa Tokkee Kuttaayee
33. Obbo Tamasgeen Kabbadaa Abbaa Gadaa A/Diggaa
34. Shuumee Tasammaa Abbaa Gadaa A/Diggaa
35. Injiguu Guutaa Abbaa Gadaa fi Abbaa Murtii Bokkuu Cittii Aanaa Tokkee kutaayee
36. Nuur A/Fiixaa Abbaa Gadaa, Aanaa Deedoo
37. Qaadii Abbaa Boor Jaarsa Biyyaa Aanaa Deedoo
38. Aadde Xajjituu Birruu Haadha Siinqee Magaalaa Naqamtee
39. Naahim Hasan, walitti qabaa abbaa gadaa Magaalaa Jimmaa
40. Obbo Geetuu Tolasaa, Itti Aanaa Dura taa'aa Abbootii Gadaa Magaalaa Amboo
41. Obbo Xilahun Olaanii Jaarsa biyyaa A/G/Giddaa
42. Obbo Zaakir Abbaa Boor Jaarsa biyyaa Magaalaa Jimmaa

43. Obbo Nagaash Nagawoo Jaarsa biyyaa Magaalaa Jimmaa
44. Aadde Abbabech Amanee Jaarsa biyyaa Magaalaa Jimmaa
45. H/Hawaas Abboomsaa (Jaarsa biyyaa), aanaa Fantaallee
46. Obbo Bulaa Diidoo (jaarsa biyyaa), aanaa Fantaallee
47. Obbo Hawaas Fantaalee (jaarsa biyyaa fi abbaa gadaa) aanaa Fantaallee
48. Obboo Axnaafuu Barihee, Miseensa Jaarsa biyyaa, Fantaallee
49. Obboo Ifaa Farreessaa, Miseensa jaarsa biyyaa, Fantaallee
50. Daadhii Hirphoo, Miseensa jaarsa biyyaa, Fantaallee
51. Buttaa Goobanaa, Miseensa jaarsa biyyaa, Fantaallee

C. Hooggansa, ogeessotaa fi qorattooa Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa qorannoo

kanaan dubbifamanii

1. Jaatanii Kukii, Ogeessa Aadaa, Godina Booranaa, Aanaa Areeroo
2. Dambii Turcee, Dursaa garee Sona Aadaa, Godina Gujii
3. Baay'isaa Bayyanaa, Ogeessa Afaanii fi aadaa, Godina Gujii
4. Samarroo Waaree, QIndeessaa Ijaarsa Sirna Gadaa, Godina Gujii
5. Barrisoo Olaanaa, Dursaa garee Aadaa fi Aartii, Godina Gujii
6. Birhaanuu Waayyoo, Qorataa Aadaa fi Seenaa, Aanaa Shaakkisoo
7. Faanayee Lammaa, Qorataa Aadaa fi Afaanii, Aanaa Shaakkisoo
8. Mallasa Masqala, D/Garee Mirkaneessaa Dhaabbilee Turizii, Godina Baalee
9. Amaan Nashaa, Du/Ga/ Misooma Aadaa fi Aartii, Godina Baalee
10. Shibbiruu Abdoo, Ogeessa Misooma Babal'ina Aadaa, Godina Baalee
11. Mulugeetaa Margaa, Ogeessa Dhaabbilee Turizimii, Godina Baalee
12. Misraa Abdaa, Ogeessa Dhaabbilee Turizimii, Godina Baalee
13. Jamiilaa Abdurahamaan, Ogeessa Dhaabbilee Turizimi, Godian Baalee
14. Musbahaa Abdulmannaa, Ogeessa Aadaa, Aanaa Sinaanaa
15. Abbabachi Wandimaaganyi, Du/Ga/Misooma Turizimii, Aanaa Sinaanaa
16. Huseen Sulxaan, Ogeessa Afaanii, Aanaa Sinaanaa
17. Maahileet Mulugeetaa, Ogeessaa Dhaabbilee Turizimii, Aanaa Sinaanaa

18. Maakiddaa Waaqoo, Gu/Garee Aadaa, Aanaa Gobbaa
19. Wasanee Bajjigaa, Ogeessaa Misooma Afaanii
20. Habtaamuu Asfaawu, O/Aadaa, Aanaa Gobbaa
21. Massalachi Tafarraa, O/Hambaa Seenaa, Aanaa Gobbaa
22. Awwal Amaan, O/Babal'in Aadaa fi Turizimii, Aanaa Diinshoo
23. Wuddeee Indaashaawu, Du/Ga/Sona Aadaa, Shawaa bahaa
24. Shaambal Kaasuu, O/Mi/Afaanaa, Shawaa Bahaa
25. Daani'eel Isheetuu, Du/Aadaa fi Turizimii, SH/Bahaa
26. Zawudinash Baqqala, O/Indusirii Aadaa, Sh/Bahaa
27. Soofiyyaa Mohaammad, O/Hambaa Socho'anii. Sha/Bahaa
28. Roobaa Boruu, Ogeessa Aadaa, aanaa fantaallee
29. Aadde Baalayinesh Cammiruu Ogeessa Misooma Afaanii Waajjira A/T/A/Diggaa
30. Aadde Hindiyyaa Abbaa Foggee Dursaa Garee Misooma Aadaa A/T/M/Jimmaa
31. Aadde Ikiraam Ahmad Ogeessa Afaanii W/A/T/G/Jimmaa
32. Aadde Ikiraam Ahmad Ogeessa Afaanii W/A/T/G/Jimmaa
33. Aadde Maari'am Abdo, Ogeessa Induustririi Aadaa W/A/T/G/Jimmaa
34. Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa, A/T/G/W/Bahaa
35. Aadde Natsannet Malaakuu, Ogeessa Misooma Aadaa Aanaa Deedoo
36. Aadde Nagaasee Shifarraa Ogeessa Misooma Sona Aadaa A/T/G/W/Bahaa
37. Obbo Abrahaam A/Macaa W/A/T/G/Jimmaa
38. Obbo Abrahaam A/Macaa, W/A/T M/Jimmaa
39. Aadde Maari'am Abdo, Ogeessa Induustririi Aadaa W/A/T M/Jimmaa
40. Obbo Biraanuu Alamu Misooma Sona Aadaa Waajjira A/T/A/Diggaa
41. Obbo Hajiib Abbaa Jabal B/b hoogganaa A/T/M/Jimmaa
42. Obbo Rattaa Immaa B/b Waajjira A/T/A/deedoo, W/A Turiizimii Aanaa Deedoo
43. Obbo Sandaabaa Hordofaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii A/T/Kuttaayee

44. Tashoomaa Egeree (PhD) Daarikteera Inistiitiyuutii Qo/Oromoo Yunivarsiitii Jimmaa
45. Obbo Geetaachoo Gurmuu dursaa garee A/T A/G/Giddaa
46. Obbo Biraanuu Ayyalaa qorataa seenaa W/A/T A/G/Giddaa
47. Obbo Gammachuu Warquu dursaa garee W/A/T A/G/Giddaa
48. Aadde Wuddee Indashawuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Dursituu Garee Sona Aadaa
49. Obbo Daani'eel Isheetuu (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti- D/GIndustirii Aadaa fi aartii),
50. Aadde Zawuddinash Baqqala (Wa/Aad/Tu/Go/Sh/Bahaatti -Ogeessaa Aadaa)
51. Obbo Dajanee Kabbadaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Amboo
52. Obbo Alamu Kumalaa, Ogeessa Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Amboo
53. Aadde Ayyalech Maammoo Ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii M/Amboo
54. Obbo Abbabaa Fiixaa, ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
55. Obbo Faanaa Qajeelaa ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
56. Obbo Darajjee T/Maaram ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
57. Obbo Abbabaa Fiixaa ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
58. Obbo Faanaa Qajeelaa ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
59. Obbo Darajjee T/Maaram ogeessota Waajjira Aadaa fi Turiizimii G/Sh/Lixaa
60. Obbo Amsaaluu Tolasaa Qorataa seenaa fi sirna Gadaa A/T/G/W/Bahaa
61. Obbo Caalaa Fayisaa Dursaa Garee A/T/A/T/Kuttaayee
62. Obbo Taaddasee Baatuu Ogeessa Misooma Turiizimii Aanaa Deedee
63. Obbo Zarihun Baqqalaa Qindeessaa Garee Hojii Misoomaa A/T/G/W/Bahaa
64. Obbo Maatiyoos Hayiluu Abbaa Adeemsaa W/A/T B/M/Naqamtee
65. Obbo Gulummaa Bushoo, Ogeessaa W/A/T B/M/Naqamtee
66. Biraanuu Buuxee, Ogeessa Aadaa fi Turizimii, B/A/T/Oromiyaa

67. Hundee Kabbadaa, Ogeessaa Aadaa fi Turizimii, B/A/T/Oromiyaa
68. Dirribaa Tarrafaa, Daayirektara G/G/Oromoo
69. Alamaayyoo Haayilee, Ogeessa Seenaa G/G/Oromiyaa
70. Duulaa Kafanii, Barsiisaa Yunivarsiitii Amboo
71. Maammoo Olaanaa, Barsiisaa Yunivarsiitii Amboo

Af-gaaffitiin Hooggansa MM fi bargaaffii Abbootii Seeraatiif dhiyaate

1. Yeroo ammaatti hundeeffama MMA tiif carraawwan ni jiru jechuun yaaddu? Yoo jiraate maal fa'iiti jettu? Carraa kana haala kamiin gargaaramuun danda'ama?
2. Yeroo ammaatti hundeeffama MMA tiif akka sodaatti waan isinitti mul'atu jiraa? Yoo jiraate maal fa'iiti. Sodaa kana akkamitti hambisuun ykn hir'isuun danda'ama. (qixa dandeettii raawwachistummaa, naamusa, miira tajaajiltummaatiin)
3. Manni Murtii Aadaa amala akkamii bifa horateen gurmaa'uu qabaa? Namoota akkamiitu abbaa seeraa ta'uun muudamuu qaba jettu? Hirmaannaa namoota barataniin maal ta'uu qaba?
4. Hariiroon Mana Murtii Aadaa fi Mana Murtii Idilee maal ta'uu qaba jettanii yaaddu? Bulchiinsi MMA mana MMW jala ta'uu qabamoo of danda'ee dhaabbachuu qabaa?
5. Caasseeffamni Mana Murtii Aadaa maal ta'uu qaba jettanii yaaddu? MM aadaa caasaa MM oliyyata dhagahu kan mataa isaa qabaachuu qaba jettu?
6. Dhimmootni dhuunfaa Mana Murtii Aadaatiin ilaalamuu qaban maal fa'ii? kan ilaalamuu hin qabne jettan hoo maalii dha? Safartuun isaa maal ta'uu qaba jettuu? Tarii kanneen MMHG tiin ilaalaman guutummaadhaan MMA ilaalu mala jettuu?
7. Dhimmootni maatii Mana Murtii Aadaatiin ilaalamuu qaban maal fa'ii? Kan ilaalamuu hin qabne hoo kami fa'i jettanii yaadduu?

Gaaffilee Marii garee Abbootii Gadaa fi Jaarsolii Naannootiif dhiyaate

1. Mana Murtii Aadaa irratti hubannoon qabdan maal fakkaata? Wal dhabbi jiraattota gidduutti uumame haala kamiin hiikaa jiru? Bu'aan argamsiise hoo maaliidha?
2. Naannoo keesanitti jaarsummaadhaa fi aadaa irraatti hundaa'uudhaan dhimmoota akkamiitu furamaa jirtuu? Dhimmootni seera aadaa fi jaarsummaadhaan ilaalamuu hin qaban kan jettan jiraa? Maaliif?
3. Aadaan naannoo keessanii wal dhabbi abbootii dhimmaa hiikuuf hangam iftoominaa fi qabatamummaa qabaa?
4. Aadaan naannoo keessanii wal dhabbi abbootii dhimmaa hiikuuf hangam wal fakkaataa fi itti fufaa dha?
5. Aadaan naannoo keessanii wal dhabbi abbootii dhimmaa hiikuuf hangam sababaawaa dha? Jiraattootni gandaa sababawaa ta'uu isaatti ni amanuu.

6. Aadaa naannoo keessanii wal dhabbii abbootii dhimmaa hiikuuf oolan hangam Seera biyyaattii fi seera hamileetiin (safuu) walitti bu'aa?
7. Hundeeffama Mana Murtii Aadaatiin wal qabatee sodaan (naamusa, dandeettii, humna raawwachiisuu, baajata) isiin qabdan maalii dha?
8. Mana Murtii Aadaa hundeessuun wal qabatee carraan jiru maalii dha? (fedhii hawaasaa, dammaqiinana sirna gadaa,.....)
9. Dhimmoota maatii fi dhuunfaa MMA ilaaluu qabu maal fa'aa jettu? Dhimmootni seera aadaa fi jaarsummaadhaan ilaalamuu hin qaban kan jettan jiraa? Maaliif? Safartuun isaa maal ta'uu qaba?

Af gaaffii Qorattoota Giddu Gala Qorannoo Aadaa Oromoo fi Aadaa fi Turiizimoo, barsiisota Yunivarsiitii, Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa

1. Heerri Mootummaa FDRI ta'e kan MNO Mana Murtii Aadaa akka hundeeffamuuf ykn beekamtiin akka kennamuuf kan eeru yoo ta'ees hanga ammaatti garuu hojiitti hin galamne. Kun sababa maaliitiif jettu?
2. Aadaan naannoo Oromiyaa hangam iftoominaa fi qabatamummaa qabaa?
3. Aadaan naannoo Oromiyaa hangam wal fakkaataa fi itti fufaa dha?
4. Aadaan naannoo Oromiyaa iddoo garagaraatti argamu hangam sababaawaa dha?
5. Aadaa naannoo Oromiyaa iddoo garagaraatti argamu hangam Seera biyyaattii fi seera hamileetiin (safuu) walitti bu'aa?
6. Hundeeffama Mana Murtii Aadaatiin wal qabatee sodaan (naamusa, dandeettii, humna raawwachiisuu, baajata) isiin qabdan maalii dha?
7. Mana Murtii Aadaa hundeessuun wal qabatee carraan jiru maalii dha?
8. Dhiimmoota maatiif dhuunfaa kam ilaaluu qaba? Dhimmootni seera aadaa fi jaarsummaadhaan ilaalamuu hin qaban kan jettan jiraa? Maaliif? Safartuun isaa maal ta'uu qaba?
9. Caasseeffamni MMA maal ta'uu qaba? MM oliyyannoo dhagahu qabaachuu qaba jettuu? Hirmaannaan dubartootaa fi namoota barataniin maal ta'uu qaba? Hariiroon isaa MM idilee waliin maal ta'uu qaba?
10. Adeemsi murtii kennuu fi raawwii Mana Murtii Aadaa maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?